Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

EEGUMSA MIRGA NAMOOMAA SHAKKAMTOOTAA, HIMATAMTOOTAA FI SIRREEFFAMTOOTA SEERAA

MOOJULII LEENJII HOJII IRRAATIIF QOPHAA'E

Qopheessitootni: Abdii Tasfaa

Ganna Haamid

Gulaaltotni: Alamaayyoo Massalaa

Dhaabaa Dirribaa

Kadir Qeerrantii

Muddee, 2011

Adaamaa,ILQSO

Gabaajewwan

A/Alangaa	Abbaa alangaa
Ykn	yookiin
KPO	Komishinii Poolisii Oromiyaa
Kwt	keewata
FDRI	Federaalawa Dimkoraatawa Rippablika Itiyoophiyaa
Kkf	kanneen kana fakkaatan
JBAH	Jijjiirama Bu'uraa Adeemsa Hojii
M/murtii	Mana murtii
Lakk.	Lakkoofsa
S/yakkaa	seera yakkaa
SDFY	Seera Deemsa Falmii Yakkaa
M/sirreessaa	Mana sirreessaa
Fknf	Fakkeenyaaf

Baafata

Seensa Waliigalaa 1
Boqonnaa Tokko 4
Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Eegumsa Mirga Namoomaa Shakkamaa 4
Seensa 4
1.1. Jalqabbii Qorannoo Yakkaa 5
1.2. Mirgoota Shakkamaa Qorannaa Yakkaa Keessatti Hojiirra Ooluu Qaban 8
1.2.1. Mirga Wabii Shakkamaa 12
1.2.2. Shakkammaa Yeroo Beellamaatin Tursiisuu 14
1.3. Adeemsa Shakkamaa To'annaa Jala Oolchuu 17
1.3.1. Seerummaa/Legality/ 18
1.3.2. Barbaachisummaa/Necessity/ 20
1.3.3. Madaalawaa/Proportionality 20
1.3.4. Itti gaafatmummaa Mirkaneessuu/Accountability/ 22
1.4. Sakatta'iinsa Raawwachuu fi Qabiinsa Ragaalee 23
1.4.1. Seerawaa /legality/ 23
1.4.2. Barbaachisummaa / Necessity/ 24
1.4.3. Madaalawaa /proportionality/ 24
1.4.4. Itti gaafatamummaa /accountability/ 25
1.5. Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Fudhachuu Keessatti Of-eeggannoo Taassifamuu Qabu 27
1.5.2. Seerummaa/Legality 27
1.5.2. Barbaachisummaa/Necessity/ 28
1.5.3. Madaalawaa /Proportionality 29
1.5.4. Itti Gaafatamummaa /Accountability/ 30
1.6. Tarkaanfii Rasaasaan Rukutuu 32
1.6.1. Tarkaanfii Rasaasaa Gurmuu Namootaa keessatti fudhatamu 33
1.6.2. Tarkaanfii Rasaasaa Fudhachuun Duraa fi Booda Of eggannoo Godhamuu qabu 33
Boqonnaa Lama 35
Naamusa Poolisii fi Eegumsa Mirga Namoomaa 35
Seensa 35
2.1. Naamusa Qorataa Poolisii Fi Mirga Namoomaa Namoota Yakkaan Shakkamanii 36
2.1.1. Maalummaa Naamusaa 36
2.1.2. Naamusa Dhuunfaa 39
2.1.3. Naamusa Garee 40
2.1.4. Naamusa Ogummaa (professional Ethics) 41

2.1.4.1. Ejjennoo cimaa qabaachuu (Integrity) fi Amanamummaa (Honesty) 42
2.1.4.2. Mirgoota namoomaa kabajuu (respect and courtesy) 43
2.1.4.3. Walqixxummaa (Equality and diversity) 45
2.1.4.4. Iccitii Eeguu (Confidentiality) 46
2.1.4.5. Gochoota Seeraan alaa fi Al-naamusaa Miiltoolee Isaatin Raawwataman Mormuu fi Gabaasuu 47
2.2. Hariiroo Abbaa Alangaa fi Poolisii jidduu jiraachuu malu 49
2.2. Sirna Itti Gaafatamummaa Poolisii Mirkaneessuu 53
2.2.1. Dirqama Sadarkaa Idil-addunyaa/international Obligation/ 54
2.2.2. Itti Gaafatamummaa Seeraa (Legal Acountability) 56
2.2.3. Itti gaafatmummaa Keessoo /Internal Accountability/ 59
2.2.4. Itti Gaafatamummaa Raawwii Hojii /performance accountability/ 60
Boqonnaa Sadii 62
Mirga Sirreeffamtoota Seeraa Fi Itti Gaafatamummaa Manneen Sirreessaa 62
Seensa 62
3.1. Mirga Sirreeffamtoota Seeraa Akka Waliigalaatti 64
3.1.1. Mirga Gochaa farra namoomaa irraa walaba ta'uu 65
3.1.2. Mirga Tajaajila Fayyaa Argachuu 68
3.1.3. Mirga Maatiin wal Qunnamuu yookin Daawwatamuu 70
3.1.4. Mirga Abukaatoo Seeraatiin Wal Qunnamuu fi Waliin Mari'achuu 72
3.1.5. Mirga Nyaata Gahaa fi Bishaan dhugaatii Argachuu 73
3.2. Dirqamaa fi Itti Gaafatamummaa Dhuunfaa Miseensota Poolisii Mana Sirreessaa 74
3.3. Sirreeffamtoota Eegumsaa Fi Kunuunsaa Addaa Barbaadan 78
3.3.1. Mirga Dubartoota Ulfaa 78
3.3.2. Mirga Dubartoota Daa'ima Qabatanii Hidhamanii 79
3.3.3. Mirga Miidhamtoota Qaamaa /Disable's Rights/ 80
Madda 82

Seensa Waliigalaa

Beekamtii fi eegumsi mirga namoomaatiif taasifamu walakkeessa jaarraa 20ffaa irraa eegalee caalatti xiyyeeffannaa hawaasa addunyaa, beektoota siyaasaa fi bulchitoota biyyaa sadarkaa olaanaadhaan kan hawwatee dha. Mirgi namoomaa namni tokko nama ta'uu isaa qofaan kan kabajamuuf malee mootummaan yookin qaamni biroo kan namaaf kennu yookin haala salphaa ta'een kan namarraa mulqu miti. Eegumsi namni tokko sababa yakka raawwate qofaaf illee guutummaatti kan mulqamu otuu hin taane qixa seeraatin qofa kan daanga'u dha.[1]

Sadarkaa biyya keenyaattis beekamtiin ykn haguuggiin seeraa mirga namoomaatiif kenname xiqqaa kan jedhamu miti. Heerri mootummaa Federaalaa Dimookraataa Rippabliika Itiyoophiyaa (*kana booda Heera Mootummaa FDRI jechuun waamama*) mirgoota bu'uraa namoota yakkaan shakkamuun to'atamanii jiranii fi yakka raawwachuun himataman haala ifa ta'een kaa'eera.[2] Heerumti kun kw. 13/2/ jalatti mirga namoomaa ilaalchisee hiikoon Heera mootummaa FDRI dhaaf kennamu kamiyyuu Sanada Labsii Mirga Namoomaa Addunyaa /Universal Declaration of Human Rights/, Waliigalteewwan fi Sanadoota Mirga Namoomaa Idil-addunyaa biyyi keenya raggaasifte waliin haala wal sime ta'uu akka qabu ni kaa'a.[3] Seeri yakkaa Mootummaa FDRI bara 1997 bahee fi Seerri Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa bara 1961 bahe mirgii namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa seeraa kabajamuu akka qabanii fi haala kamiin daanga'uu akka daanda'aan illee ifatti kaa'aniiru.

Mirga namoomaa kabajuu fi kabachiisuu ilaalchisee mootummaan biyya tokkoo dirqama mirga namoomaa kabajuu, dirqama mirga namoomaa tiksuu yookiin kabachiisuu, mirgi namoomaa lammiilee akka kabajamu haala mijataa uumuu fi dirqama lammiileen hundi seera duratti wal

[1] United Nations, 'Human Rights and Prison' (Manual on Human Rights Trainig for Prison Officials, Professional Training Series No. 11, 2005) fuula 4.
[2].Heera Federaalaw Dimokraatawa Rippablika Itiyoophiyaa (FDRI) keewwatoota 19 fi 20 ilaalaa.
[3] Waliigalteewwan idil-addunyaa mirga namoomaa kabachiisan kanneen Itiyoophiyaan mirkaneessitee mallatteesite keessaa issaan ijoon: International Covenant on Civil and Political Rights (ICCPR), International Covenant on Economic, Social and Cultural Rights (ICESCR), Convention against Torture and Other Cruel, Inhuman or Degrading Treatment or Punishment (CAT), Convention on the Elimination of All Forms of Discrimination Against Women (CEDAW), Convention on the Rights of Persons with Disabilities (CRPD), Convention on the Rights of the Child (CRC) fi International Convention on the Elimination of All Forms of Racial Discrimination (CERD) dha.

qixa ta'uu mirkaneessuu akka ta'e barruuleen tokko tokko ni kaa'u. [4]. Dirqama kana galmaan gahuu keessatti qaamolee mootummaa keessaa gaheen Poolisiin akka dhaabbataattis ta'e akka dhuunfaatti qabu olaanaa dha. Itti gaafatamummaa isaa galmaan gahuuf aangoo poolisiin qabu keessaa isaan ijoon:[5] aangoo qorannaa yakkaa gaggeessuu, aangoo too'achuu fi tursiisuu, aangoo sakatta'iinsa raawwachuu ykn meeshaa sakatta'iinsaan argame qabachuu, aangoo humnaa fi meeshaa waraanaa fayyadamuu ti. Itti gaafatamummaa kana oggaa raawwatutti Poolisiin mirga namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa guutummaadhaan bifa kabajeen ta'uu qaba

Namni yakka raawwachuun shakkame, himatamee fi adabamee mana sirreessaa jirus eegumsaa fi kabaja mirga namoomaa irraa kan dhiibame /discriminate/ miti. Haa ta'u malee, namni yakka raawwachuun shakkame, himatamee fi sirreeffamaan seeraa mirga namoomaa yakka raawwachuu isaan dura qabu guutummaadhaan duguugee ni fayyadama jechuu miti. Namni tokko yakka raawwachuu isaa qofaan mirgi irraa mulqamu muraasni jiraachuu ni mala. Kan irraa mulqamu ykn daanga'u garuu bu'uura seeraatin kaayyoo seera qabeessa ta'e galmaan ga'uufi dha.

Moojuliin kun hariiroo Poolisii fi mirga namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa seeraa gidduu jiraachuu malu irratti hundaa'ee kan qophaa'ee dha. Haaluma kanaan boqonnaa jalqabaatti mata duree Adeemsa Qorannaa Yakkaa fi Eegumsa Mirga Namoomaa Shakkamaa jedhu jalatti qorannaan yakkaa haala gaggeeffamuu qabu, qabiinsi shakkamaa, sakatta'iinsii fi tarkaanfiin humnaa qajeeltoo mirga namoomaa haala kabajeen raawwatamuu akkatti qabu kan ilaaluu dha. Boqonnaa lamaffaan Naamusa Poolisii fi Eegumsa Mirga Namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa seeraa irratti kan xiyyeeffatuu dha. Haaluma kanaan namuusni dhuunfaa, naamusni garee fi naamusa ogummaa Poolisii, walitti dhufeenya Poolisii fi Abbaa alangaa, sirna bulchiinsaa fi to'annaa Pooliisii qixa mirga namoomaa shakkamaa fi himatamaatin ilaalameera. Boqonnaa sadaffaa jalatti mirga sirreeffamtoota seeraa fi dirqamni mana sirreessaa akka waliigalattii kan jedhu ilaalameera. Mirgi dubartoota ulfaa, mirgi daa'immanii fi mirgi qaama miidhamtootaa boqonnaa kana jalatti sakatta'ameera. Qabiyyeen barreeffamichaa dhimmoota qabatamaa manneen murtii, waajjira haqaa, waajjira Poolisii fi mana sirreessaatti

[4] International Committee of the Red Cross (ICRC), '*To Serve and to Protect: Human Rights and humanitarian Law for Police and Security Forces'* (2014), fuula 30-31.
[5] Akkuma olii, fuula 31.

ilaalaman xiinxaluudhaan kan dhiyaate yoo ta’u hubannoo Poolisii ykn qorattoota poolisii daran ni gabbisa jedhamee tilmaamama.

Dhuma leenjii irratti leenjifamtoonni:

- Eegumsa mirga namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa seeraa haala kabajuu fi kabachiisuun danda’amu irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Kabajamuu mirga shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa seeraa keessatti rogummaa naamusaa hubachuudhaan naamusa isaanii caalatti gabbifachuuf kaka’uumsa ni horatu.
- Mirga namoomaa shakkama, himatamaa fi sirreeffamaa seeraa mirkaneessuuf gahee sirna bulchiinsaa fi to’annaa Poolisii ilaalchisee hubannoo dabalataa ni argatu.
- Eegumsa mirga namoomaa sirreeffamtoota seeraa ilaalchisee itti gaafatamummaa Mana Sirreessaa fi Miseensa Poolisii dhuunfaa irratti hubannoo isaanii caalatti ni gabbifatu.

Boqonnaa Tokko

Adeemsa Qorannoo Yakkaa Fi Eegumsa Mirga Namoomaa Shakkamaa

Seensa

Mirgi namoomaa tokkoon tokkoo dhala namaa qoodinsa tokko malee sababa nama ta'e qofaaf eegumsa fi kabaja goonfatuu dha.[6] Eegumsi kun nama yakka raawwachuun shakkame, nama yakka dalaguun himatamee fi sirreeffamaa seeraa kan dabalatuu dha. Heerri Mootummaa FDRI fi Sanadootni mirga namoomaa Idila-addunyaa Itiyoophiyaan raggaasifte[7] mirgoota kanaaf beekamtii kennaniiru.

Sirna haqa yakkaa bulchuuf seerotni adeemsaas ta'e bu'uuraa bahan kabajamuu mirga namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa yakkaatiif haguuggii kennaniiru. Milkaa'ina kanaaf yeroo yakki dalagame irraa eegalee hariiroon poolisii fi shakkamaa gidduu jiru qajeeltoowwaan Heeraa fi seera biyyattii akkasumas sanadoota mirga namoomaa idila addunyaa kan bu'uureeffate ta'uu qaba. Adeemsa sirna dimookraasii cimaa ijaaruu keessattis kabajamuun mirgoota kunneenii sirna ijaarsa diimokraasii biyya tokko keessa jiruuf dirree milkaa'inaa ykn kufaatii ta'uuf carraa olaanaa waan qabuuf mirgi namoomaa lammilee kunneenii kabajamuun baay'ee barbaachisaa dha.

Adeemsi qorannoo yakkaa fi bu'aan isaa hariiroo kallattii /direct relation/ kan qabanii dha. Hojiin qorannoo yakkaa adeemsa seeraa bu'uura hin godhanne bu'aan isaa qixa seeraatin fudhatamummaa/admissibility/ hin qabaatu. Bu'aan qorannoo yakkaa seera qabeessa kan ta'u adeemsi qorannoo mirga namoomaa shakkamaa guutumaan guutuuttii kan kabaje yoo ta'ee qofaa dha. Kanarraan kan ka'e hojiin qorannaa yakkaa dandeettii gabbataa, hubannoo seeraa olaanaa fi naamusa cimaa kan gaafatuu dha.

Milkaa'ina qorannoo yakkaa fi kabajamuu mirga namoomaa shakkamaatiif kutaa kana jalatti hojiilee qorannoo yakkaa tokkoon tokkoo isaa kaasuun bifa mirga namoomaa shakkamaa kabajeen akkamitti raawwatamuu akka qaban ni ilaalla. Qajeeltoowwan idila addunyaa fi biyya

[6] Akkuma Olii, Fuula 27

[7] Ethiopia ratified the Convention on the Rights of the Child (CRC) on December 9, 1991 by virtue of Proclamation 10/1992, Ethiopia ratified the African Charter on the Rights and Welfare of the Child (ACRWC) on October 2, 2002 by virtue of Proclamation 283/2002, ICCPR and ICESCR are also ratified 1993 by Ethiopia.

keenyaa hojii qorannoo yakkaa bulchan akkasumas kallattiidhaan qajeeltoowwan qabiinsa shakkamaa, sakatta'iinsaa fi tarkaanfii humnaa fi rasaasaa bulchan ykn hoogganan kan ilaallu ta'a. Qajeeltoowwan kunneen raawwii isaanii keessatti haala akkamiin harcaatiin umamuu akka danda'u dhimmoota qabatamaa kaasuu dhaan kan xiinxallu ta'a.

Xumura leenjii kanaa irratti leenjifamtootni:

- Hariiroo fi bu'aa kallattii hojii qorannaa yakkaa fi kabajamuu mirga namoomaa shakkamaa gidduu jiru irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Qajeeltoowwan qabiinsa shakkamaa bulchan fi kabajamuu isaaniitiif of egggannoowwan taasifamuu qaban ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Qajeeltoowwan sakatta'iinsa shakkamaa bulchanii fi kabajamuu isaaniitiif of eeggannoowwan taassifamuu qaban ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Olaantummaa seeraa mirkaneessuuf tarkaanfiiwwan shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa irratti uummata keessattii fi buufata poolisiitti fudhataman ilaalchisee qajeeltowwan ittin hoogganamuu qaban irratti hubannoo ni gabbifatu.
- Shakkamaan to'annaa jala erga ooleen boodatti eegumsa mirga wabii buufata poolisiitti raawwatamuu fi yeroo beellamaa gaafachuun wal qabatee hanqinaalee mul'atan ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.

1.1. Jalqabbii Qorannoo Yakkaa

Poolisiin qaama mootummaa olaantummaa seeraa fi nageenya lammilee mirkaneessuuf aangoo fi itti gaafatamummaan bal'aan kennameefii dha.[8] Itti gaafatamummaan Poolisii jalqabatti yakka ittisuu yoo ta'u erga yakki dalagameen booda qorannoo gaggeessuun shakkamaa seeratti dhiyeessuun dirqama itti aanuu dha. Raawwii hojii kanaa keessatti qulqullinni qorannaa yakkaa fi mirga namoomaa shakkamaa hariiroo kallattii qabu. Hanqinni qulqullina qorannootiin wal qabatee uumamu bu'aan isaa sarbamuu mirga shakkamaa ta'uuf carraa olaanaa qaba.

Akka biyya keenyaatti yakki raawwatamuundhaan wal qabatee adeemsi yakkaa kan jalqabu ykn hundeeffamu eeruu ykn komii dhiyaateenii fi qabiinsa yakka harkaaf harkatiini. Namni kamuu yakki yeroo dalagamutti ijaan arguus arguu baatuus yakki dalagamuu isaa gabaasuuf mirga ni

[8] Police Misconduct: Accountability Of Internal Investigations,Terry Lamboo, International Journal Of Public Sector Management, Vol. 23 No. 7, 2010, Fuula 613

qaba.[9] Qaamni eeruu ykn komiin itti dhiyaate eeruu ykn komii dhiyaate erga galmeesseen booda sochii qorannaa yakkaa ni eegala.[10] Yakka harkaa fi harkatti qabame ilaalchisee yeroo shakkamaan yakka osoo raawwatu argame sana irraa eegalee sochiin haqa yakkaa ni hundeeffama.[11] Ajaja mana murtiin alattis tasuma sanatti shakkamaan to'annaa jala ooluu akka danda'u seerri deemsa falmii yakkaa Itiyoophiyaa ni kaa'a.[12] Kanaan alatti, Poolisiin yakki dalagamuu yeroo shakkii qabaateetti qorannoo yakkaa ni jalqaba. Dhugummaan eeruu ykn komii dhiyaatee qorannoo yakkaa jalqabuuf mirkanaa'uun haal duree miti. Gaheen qorataa Poolisiis odeeffannoo sassaabuun, ragaa qabatamaa /physical evidence/ fi ragaa namaa qindeessuun yakka dalagamee fi shakkamaa gidduu shakkii dhama qabeessa ta'e hundeessuu dha.[13]

Qulqullinni eeruu ykn komii fuudhamuu fi dhugummaan jecha ragootaan kennamu shakkamaa seeratti dhiyeessuuf ykn dhiisuuf murteessaa dha. Yakki dalagamuu isaa irratti hundaa'uun qorataan poolisii ragoota waa'ee yakka dalagamee fi nama yakka dalagee hubachiisuu danda'aan waamicha taassisuun gaaffii barbaachisu gaafachuu ni danda'a.[14] Namni bifa kanaan gaafii gaafatamu jecha dhugaa ta'e qofa kennuuf seeraan ni dirqama.[15] Qorataan poolisii jecha qorannoon wal qabatee ragoota irraa fuudhu dhiibbaa, doorsisaa ykn gowwoomsuu irraa bilisa ta'uu akka qabu SDFY kw.31 jalatti ni kaa'a. Haaluma wal fakkaatuun yakki dalagamuun wal qabatee nama jecha ragaa kennuu barbaadu jecha akka hin kennineef Poolisiin dhorkuu ykn hamilee cabsuun akka hin qabne SDFY kw. 31/2/ ni kaa'a. Namni jecha ragaa kennu yakka dalagame waliin hariiroo ni qaba yoo ta'e akka ofirratti jecha kennuuf ykn of saaxiluuf dirqamamuu hin qabu.[16]

Murtiin xumura qorannoo yakkaa booda fudhatamu kallattiidhaan mirga namoomaa shakkamaa waliin kan hidhata qabuu dha. Dogoggora qorannoo irratti uumamuun namni yakka raawwate otuu hin himatamiin namni yakka hin raawwanne himatamuu fi adabamuu waan danda'uuf qorannoon yakkaa kutannoo fi itti gaafatamummaa olaanaadhaan gaggeeffamuu qaba.

---

[9] Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Kw. 11/1/
[10] Akkuma Olii, kw. 14/1/
[11] Akkuma Olii, kw. 21/1/
[12] Akkuma Olii, kw. 22/2/
[13] Rod Gehl and Darryl Plecas, Introduction to criminal investigation process,practice and thinking, University of Freezer Vaalley,2018 Fuula 22
[14] Akkuma miil-jalee 9ffaa, kw. 30/1/
[15] Akkuma Olii, kw. 30/2/
[16] Akkuma Olii kw.30/2/ fi ICCPR Article 14(3)(g)).

Himata ykn komii haala kanaan dhiyaateen wal qabatee ragaan dhiyaachuu danda'u kessaa ragaan gosa lamatti qoodamee ilaalama: ragaa qabatamaa /material evidence or silent evidence/ fi ragaa namootaati /statements by witness/.[17] Qorataan poolisii hanga danda'aameetti gosa ragootaa kan duguugee gargaaramuun qulqullina qorannoo sadarkaa barbaachisutti mirkaneessuu danda'a. Harcaatiin sadarkaa qorannoo irratti uumamu mirga namoomaa lammiilee gaaffii keessaa galchuu qofa otuu hin taane amantaa uummatni sirna haqaa irratti qabu illee diiguu danda'a.

Qaphxii marii

1. Chaartariin Mirga Namoomaa fi Uummataa Afrikaa kw. 7 jalatti mirga akka nama qulqulluutti tilmaamamuun /presumption of innocent/ mirga nama kamiyyuu jechuun yoo kaa'u Heerri Mootummaa FDRI kw. 20 jalatti mirga nama yakkaan himatameeti jechuun kaa'eera. Garaaragummaa seerota kanneen gidduu jiru akkamitti ilaaltu?
2. Namni tokko yakkaan shakkamuu dhiisuuf mirga qabaa? Bakka ragaan ykn odeeffannoon hin jirreetti qorannoo ykn hordoffi gochuuf Poolisiin aangoo qabaa?
3. Shakkamaa ilaalchisee ibsi ykn odeeffannoon dhaabbilee sab-quunnamtii/media/ irratti qaama mootummaatin gaggeeffamu qixa mirga akka nama qulqulluutti tilmaamuutiin akkamitti ilaaltu?
4. Beekumti hoogganaatin alatti qorataan Poolisii namoota dhuunfaa irratti hordoffii taassisuu danda'aa? Gochaa kana mirga namoomaa kam waliin qunnamsiistu?

Dhimma 1ffaa

Galmee mana murtii tokkotti ilaalame keessatti himannaa abbaan alangaa SY kw. 32/1/ fi 690/1/b/ jalatti hundeesseen himatamtoonni biqiltuu baargamoo mancaasuun himatamaniiru.[18] Ragoonni abbaa alangaa himannaa kana mirkaneessuu isaaniitin himatamaan akka ofirraa ittisu ajajameera. Manni murtii ragaa ittisaa erga dhaga'een booda ragaa dabalataaf bulchiinsa gandaatti ajaja kenneen bulchiinsi gandaa jaarsolii naannoo waliin ta'uun bakka yakki dalagametti argamuun baargamoon himannaa keessatti caqasame manca'ee akka hin jirre mirkaneesseera.

[17] Akka miil-jalee 4ffaa,fuula 161
[18] AA vs Abdoo Hasan fa'a (N-2), MMA Jimmaa, Lakk. Galmee 36975, 30/04/10.

Dhimma qabatamaa kan biraa tokko keessattis himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduutiin SY kwt 620/2/ jalatti Mana Murtii aanaa Mag/Bishooftuutti kan himatame yoo ta'u, miidhamtuun dhuunfaa jecha ragaa mana murtiitti kenniteen himatamaan hiriyaa ishee fedhii guutuun walquunnamtii saalaa raawwatan ta'uu fi sababa himatamaan bilbila ishee jalaa kaasuu dideef aariidhaan waajjira poolisiitti eeruu dhiyeessuu ishee dhadachatti ibsiteerti.[19]

Qaphxii Marii

Hanqinaalee qulqullina qorannoo dhimmoota armaan olii keessatti mul'atan qixa mirga namoomaa shakkamaatin xiinxalaa.

1.2. Mirgoota Shakkamaa Qorannaa Yakkaa Keessatti Hojiirra Ooluu Qaban

Shakkamaa irratti qorannoo gaggeessuuf shakkamaa ilaalchisee komiin ykn eeruun ykn yakki harkaaf harkatti qabame ykn odeeffannoon shakkamaa ilaalchisee bifa al-idilee ta'een argame jiraachuu qaba. Namni tokko shakkamuu dhiisuuf mirga akka hin qabne Poolisiinis otuu yakka hin dalagamuu isaa shakkii ykn odeeffannoon hin qabaatiin sababa tokko malee nama qabuu fi qorannoo irratti gaggeessuuf aangoo hin qabu.

Bu'uura SDFY Itiyoophiyaatin qorataan poolisii namni tokko yakka raawwachuu isaa yeroo shakkeetti nama sanatti waraqaa waamichaa erguun ofitti waamuu ni danda'a.[20] Namni yakkaan shakkame sun to'annaa jala kan hin oollee fi bu'uura waamicha Qorataan Poolisii taassiseen kan hin dhiyaanne yoo ta'e nama shakkame kana to'annaa jala oolchuuf Qorataan Poolisii tarkaanfilee barbaachisoo fudhachuu akka qabu SDFY kw. 26 jalatti ni akeeka. Tarkaanfilee kunneen keessaa qabiinsa raawwachuu yoo ta'u hojiin qabiinsa shakkamaa ajaja mana murtiitin ala kan raawwatamu yoo ta'uu baate Qorataan poolisii ajaja qabiinsaa mana murtii gaafachuuf bu'uura SDFY kw. 53 tin iyyachuu qaba.

Hariiroo shakkamaa fi poolisiitti gidduu jiraatuuf mirgi bu'uuraa shakkamaan qabu mirga akka nama qulqulluutti tilmaamamuuti/ presumption of innocent/. Mirgi kun yakka dalagame ilaalchisee dirqama hubachiisuu /burden of proof/ qaama himatuutti kan dabarsuu fi shakkamaa

[19] AA Vs Alamaayyoo Arfaasaa, MM Aanaa Mag/Bishooftuu, lakk. Galmee 02065, 01/06/10
[20] Akkuma miil-jalee 9^{ffaa}, kw.25

yeroo hundumaa shakkii jiru irraa fayyadamaa/ beneficiary of doubt/ kan taasisuu dha[21]. Dabalataanis, mirgi kun shakkamaa irratti hanga murtiin balleessummaa kennamutti adeemsa jiru hunda keessatti akka nama yakka hin dalagneetti tilmaamamee eegumsi akka godhamuuf kan taassisuu dha. Kanaaf qaamni mootummaa kamiyyuu shakkamaa ilaalchisee wantoota dhagahaa irratti dhiibbaa gochuu danda'aan irraa of qusachuu qaba.[22]

Shakkamaan buufata Poolisii erga dhiyaaten booda qorannoon shakkamaa irratti raawwatamu kan jalqabuu qabu mirga shakkamaan qabu Shakkamaa kanatti himamuudhaan qofa otuu hin taane shakkamaaa kana hubachiisuudhaan. Eegumsi kun mirga akka nama yakka hin dalagamneetti tilmaamamuuf shakkamaan qabu irraa kan maddu yoo ta'u dandeettii ogummaa qorataa Poolisii kan itti madaalamuu dha. Mirgi Shakkamaan akka qabu yeroo kanatti itti hubachiifamuu qabu biyyaa biyyatti garagara yoo ta'u, akka fakkeenyaatti biyya Ameerikaa /USA/ mirgi kunneen[23]: afaan isaaf galuun yakka ittiin shakkame, mirga callisuu qabaachuu fi deebii kennuuf kan hin dirqamane ta'uu isaa, yoo deebii kennuuf eeyyamaa ta'etti deebiin inni kennu ragaa ta'ee kan irratti dhiyaatu ta'uu isaa, yoo abukaatoo qabaate jecha kennuun duras ta'e yeroo jecha kennutti abukaatoo isaan mari'achuu akka danda'u itti himuu, yoo abukaatoo dhuunfaa qacarachuu dadhabe abuukaatoon mootummaa isaaf ramadamuu akka danda'u itti himamuu qaba

Bu'uura Heera Mootummaa FDRI kw. 19 fi SDFY kw. 27 mirgi shakkamaan qabuu fi jalqabatti itti himamuu qaban kanneen armaan olitti kaa'aman keessaa isaan jalqabaa sadanii dha. Mirgootni kun gama Qorataa Poolisiin akka itti himaman kan barbaadameef namni buufata poolisii jiru kamiyyuu, kan baratees ta'e kan hin baranne, sooreessas ta'e hiyyeessa, beekaas ta'e wallaalaa, mirga heerri isaaniif kenne wal qixatti akka itti fayyadamanu gochuudhaafi.[24]

Namni qorannoon irratti gaggeeffamu kun mirga inni qabu erga itti himameen boodatti jechi inni kennu barreeffamatti jijjiramee barra'uu qaba. Jecha isaa erga xumureen boodatti jechi barraa'e

[21] Anneke Osse, Understanding Policing :A resource for human rights activists, Drukkerij Bariet, 2012, fuula 166
[22] Human Right Commission, General Comments No. 13, para.7.
[23] Fred E. Inbau, etal, Criminal Interrogation and Confessions, 4th ed, Aspen Publisher, 2004 fuula 490
[24] Akkuma Oliitti

kun isaaf dubbifamuu qaba. Afaan hojii qorannoon itti gaggeefamaa jiru yoo hin beeku ta'ees turjumaana ramadamuufii qaba.[25]

Shakkamaan jecha isaa dirqisiisuun, dorsiisuun, gowwumsuun ykn abdii hin mallee galuufii dhaan otuu hin taane bilisaan kennuu akka qabu Heerri Mootummaa FDRI fi Seera Deemsa Falmii Yakkaa kew. 19 fi 31 wal duraa duubaan ni kaa'u. Kanaaf qorataan poolisii gochoota kanaa fi kannneen kana fakkaatan irraa of qusachuu qaba. Bakkii fi haalli qorannoon itti gaggeeffamu Shakkamaa miira dhiphuu keessa galchuu hin qabu. Bifa al kallattii ta'een qorannoon yakkaa yeroo dheeraaf qorattoota baay'ee ta'uun shakkamaa miira dhiphuu keessa galchuun gaggeeffamuu hin qabu. Shakkamaan nyaataa fi dhugaatii gahaa erga argateen booda qorannaan gaggeeffamuu akka qabu ogeessotni ni eeru.[26]

Jechi amantaa waadaa kan akka' mirgi wabii akka siif eegamu ni goona ykn yeroo beellamaa sirratti hin gaafannu ykn keewwata xiqqaa jalatti si himannaa ykn miltoon kee amaneera 'misrepresented statement' jechuun fuudhamuu hin qabu.

Qaphxii Marii

1. Qorannoon yakkaa Buufata Poolisiin alatti gaggeeffamuu danda'aa? Qorannnoon buufata poolisiin alatti gaggeeffamu bu'aan isaa maal ta'a? Shakkamaan Buufata Poolisiin alatti mirga heeraa inni qabu hundumti erga itti himameen boodatti jechi inni kennu ragaa ta'ee irratti dhiyaachuu danda'aa?
2. Yeroo dheeraa fudhachuun, ogeessota lakkofsaan baay'ee ta'aaniin, bishaan fi nyaata gahaa shakkamaa dhorkachuun, mana fincaanii shakkamaan akka hin deemneef yeroo dheeraa tursiisuu qorannoon shakkamaa irratti gaggeeffamu bu'aa akkamii qabaata? Nama araada sigaaraa ykn jimaa qabu jecha kennuun dura kunuunsa maaliitu barbaachisa?
3. Qixa eegumsa mirga namoomaatin shakkamaan jecha isaa kennuun dura mirga callisuu qabaachuu isaa itti himuuun maaliif barbaachise? Otuu shakkamaatti mirga callisuu qabaachuu isaa itti hin hubachiisiin jechi fuudhame bu'aa akkamii qabaata? Shakkamaan mirgi callisuu isaa itti himamee jecha kennuu yoo baate tarkaanfiin itti aanu maal ta'uu qaba?
4. Mirgoota shakkamaan qabu 'warning right' keessaa tokko itti himuun dhiisuun bu'aa akkamii hordoofsiisa. Mirga isa kamtu baay'e barbaachisa jettanii yaaddu?

[25] Seera deemsa falmii yakkaa kw. 27/3/
[26] Akka miil-jalee 23ffaa, Fuula 80

5. Shakkamaan jecha kennuun dura Poolisii ykn qaama biraatiin reebichi irra gahee jiruuf yeroo qorannoo yakkaatti jecha isaa bilisaa fi fedhii guutuun akka kennu maal gochuu dandeessuu?
6. Shakkamaan otuu qorannoo gaggeessitanuu '*yoon amane maal naaf goota yoo isiniin jedhe'* deebiin keessan maal ta'a? Odeeffannoo shakkamaa galmeessuu keessatti 'sabummaa' fi 'amantaa' isaa ykn ishee gaafachuun barbaachisaa dhaa? Maaliif?

Dhimma 2ffaa

Shakkamaan mirgi inni qabu erga itti himameen booda jechi inni kennu ragaa ta'ee mana murtiitti irratti dhiyaachuu akka danda'u seerri ni kaa'a. Dhimma kanaan wal qabatee dhimmi ka'uu danda'u Shakkamaan kara seeraan alaatin erga qabameen booda jechi inni kennu ragaa ta'ee irratti dhiyaachuu danda'aa moo miti kan jedhuu dha.

Falmii qabatamaa kana ilaalchisee Mana Murtii Waliigalaa Ameerikaatti dhimma 'Dunaway Vs Newyork' irratti qabiinsi shakkamaa jalqabatti seeraan ala '***unlawful pick-up'*** waan raawwatameef jechi shakkamaan kenne erga mirgi inni qabu itti himameen booda yoo ta'ellee jalqabatti seeraan ala waan qabameef jechuun Manni Murtii Waliigalaa jecha ragaa kana kufaa taassissera. Abbootiin seeraa lama firii dubbii kana irratti ijjannoo addaa qabataniin shakkamaan yakkaan shakkamuun isaa erga itti himameen booda dirqama tokko malee jecha kennuuf fedhii qabdaa jedhamee gaafatamee jecha kan kenne waan ta'eef jecha isaas kennuun duratti mirgi Heeraa inni qabu sababa itti himamee jiruuf jechi isaa akka ragaatti dhiyaachuu danda'a jechuun ijjannoo qabataniiru[27]

Haayyuun dhimma kanaan wal qabatee xiinxala isaa barreesse tokko Poolisiin nama tokko ilaalchisee qabiinsa raawwachuuf sababa gahaa yoo hin argatiin garuu shakkamaa kana gaaffii gaafachuuf yoo barbaada ta'e shakkamaa sana quunnamuun, hiidhamuufis ta'e gara buufata poolisiitti deemuuf dirqama akka hin qabne erga hubachiiseeniin booda shakkamaan gara buufata poolisiitti deemuun fedhii isaatiin jecha isaa yoo kenna ta'e jechi shakkamaan kennu ragaa ta'ee irratti dhiyaachuu ni danda'a jedha.[28]

Qaphxii maarii

[27] Akkuma Olii, Fuula 477-478
[28] Akkuma Olii, Fuula 478

- Leenjifamtootni dhimma armaan ol kana ilaalchisee ijjannoon keessan maalii dha? Bal'inaan irratti mari'adhaa.

1.2.1. Mirga Wabii Shakkamaa

Shakkamaan tokko buufata poolisii erga qaqqabeen booda daangaa yeroo sa'aatii 48 keessatti Mana Murtii dhiyeessuun dura qorataan Poolisii firii dubbii qorannaa isaa keessatti mirkaneeffate irratti hundaa'uun tarkaanfilee garagaraa fudhachuuf aangoo qaba. Tarkaanfiin kunis yakka dalagame irratti hundaa'ee shakkamaa mana murtiitti dhiyeessuu otuun hin barbaachisiim Wabiidhaan gadi lakkisuu ykn mana murtiitti shakkamaa dhiyeessuudhaan Yeroo beellamaa gaafachuu ta'a.

Bu'uura SDFY kew. 28 tin Qorataan Poolisii shakkamaa waraqaa waamichaatin ykn to'annaa jala oolee dhiyaate dirqama wabii galchisiisuun gadi lakkisuu akka danda'u ni kaa'a. Qorataan Poolisii shakkamaa gadi lakkisuun dura haaldureewwaan seerri kaa'u guutuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Haal dureewwan kunis yakki dalagameera jedhame adabbii cimaa akka filannootti illee kan hin adabsiisne ta'uu isaa, yakki jedhame dalagamuun isaa shakkisiisaa yoo ta'e ykn namni to'annaa jala oolee dhiyaate ykn waraqaa waamichaan buufata poolisiitti dhiyaate yakka ittiin komatame sana dalaguun isaa yoo shakkisiisaa ta'e dha.

Haaldureewwan kunneen keessaa tokko guutamee yeroo argameetti nama buufata poolisiitti dhiyaate kana wabii dirqama qarshii qabuun ykn hin qabnee galchisiisuun bakka, guyyaa fi sa'aatii irratti argamuu qabu itti himuun gadi lakkisuu ni danda'a.[29] Yeroo kun raawwatamee hin jirreetti shakkamaan ykn namni buufata poolisii waraqaa waamichaa poolisiitin ykn ajaja qabiinsaatin to'annaa jala olee buufata poolisii jiru mirgi wabii isaa akka eegamuuf bu'uura SDFY kw. 64 tin mana murtiitti iyyachuu akka danda'u SDFY kw. 28/2/ jalatti kaa'eera. Haaluma Kanaan shakkamaan iyyachuu ni danda'a.

Namni to'atamee buufata poolisii jiru kamiyyuu mirgi namoomaa kabajamuufii akka qabu Heerri Mootummaa FDRI kw. 21/1/ jaltti ni ibsa. Dabalataanis namootni akkana maatii isaanii, firaa isaanii, hiriyootaa isaanii, ogeessaa fayyaa, abbootii amantaa fi ogeessa seeraa isaanii

[29] Akka miil-jalee 9ffaa, kw. 28/1/

waliin carraa wal quunnamuu akka qaban Heerumti kun ni ibsa.[30] Iddoo yookin kutaan namoota kana itti argatan shakkamtootaaf qophaa'uufii qaba. Bakki ykn kutaa shakkamtootni abukaatoo isaanii itti argatan icitiidhaan dubbachuuf bakka isaan dandeessisu ta'uu qaba.[31]

Kutaa shakkamtootni to'atamanii jiranitti Poolisiin baajii mul'ataa ta'ee fi eenyuummaa isaa ibsu yeroo hundumaa keewwatee argamuu qaba. Kutaa kana keessa Poolisiin meeshaa waraanaa qabachuun seenuu hin qabu.[32] To'annoo fi sakatta'iinsi dubartoota irratti taassifamu Poolisii dubartootaan qofa ta'uu qaba. [33] Balaan tasaa yoo jiraateen alatti /emergency/ Poolisiin saalaan faallaa ta'aan kutaa dubartootaa seenuu hin qabu.[34] Namootni to'annaa jala jiran rakkoo fayyaa isaan mudatuuf tajaajila waldhaansaa, nyaata gahaa, mana qulqullinaa argachuu qabu.[35]

Qaphxii Marii-

1. Haaldureewwan seerri kaa'e guutee yeroo argameetti Poolisii shakkamaa mirga wabiin lakkisuuf dirqama ni qabaa? Gadi lakkisuu dhiisuun isaa itti gaafatamummaa naamusaa ykn seeraa ni qabaataa? Maaliif
2. Shakkamaa bu'uura SDFY kw. 28 tin gadi lakkisuuf Qorataan Poolisii Abbaa alangaatiin ajajamuu danda'aa? Ajaja kana fudhatee shakkamaa gadi lakkisuu diduuf Qorataan Poolisii deeggarsa seeraa qabaa?
3. Poolisiin Shakkamaa tokko hanga sa'aatii 48 to'annaa jala tursiisuuf aangoo bal'aa /discretion/ or mirga qaba jettanii yaadduu? Shakkamaa sa'aatii 48 Keessatti mana murtiitti otuu hin dhiyeessiin bu'aan qorannoo daangaa yeroo sa'aatii 48 booda taassifamuu maal ta'a?
4. Qabatamaadhaan naannoo hojii keessanitti Qorataan Polisii shakkamaan bu'uura SDFY kw. 28 moo SDFY kw. 64 tin akka gadi lakkifamu barbaada? Maaliif?
5. Shakkamaan bu'uura SDFY kw. 28 tin akka gadi lakkifamuuf waajjira Poolisiitti iyyataan gaafachuuf mirga qabaa?

[30] Akkuma Miil-jalee 2ffaa, kw. 21/2/
[31] Office Of The United Nations High Commissioner For Human Rights, Professional Training Series No. 5/Add.3 Human Rights Standards And Practice For The Police, NewYork and Geneva, 2004, Fuula 21
[32] Akkuma Oliitti, Fuula 19
[33] Akkuma Oliitti, Fuula 21
[34] Akkuma Oliitti
[35] Akkuma Oliitti, Fuula 18

6. Mirga wabiitin Manni murtii erga gadi lakkiseen booda shakkamaa deebisanii qabuun ykn hidhuun wal qabatee rakkoon qabatamaa naannoo mana hojii keessanitti mul'atu maal fakkaata?

1.2.2. Shakkammaa Yeroo Beellamaatin Tursiisuu

Qorataan poolisii shakkamaa poolisiidhaan ykn nama dhuunfaadhaan to'atamee waajjira Poolisiitti dabarfamee kenname daangaa yeroo sa'aa 48 keessatti mana murtiitti dhiyeessuu qaba.[36] Bu'uura SDFY kw. 29 tin daangaan yeroo sa'aatii 48 tii yeroo shakkamaa buufata Poolisiitti geessuuf ykn buufata Poolisii irraa Mana Murtii qaqqabsiisuuf yeroo daandii irratti gubate hin dabalatu. Shakkamaan mana murtiitti haala kanaan dhiyaate carraa lama ni qabaata. Inni jalqabaa mirgi wabii eegameefii gadi lakkifamuu yoo ta'u inni biraa yeroon beellamaa irratti kennamuu dha. Ajajoota kana lamaan akka barbaachisummaa isaanitti akka kennuuf manni murtii aangoo kennameefiira.[37] Qorannoon yakkaa kan hin xumuramne yoo ta'e qorataan Poolisii shakkamaa irratti yeroo qorannaa yakkaa gahaa ta'e akka kennamuuf mana murtii gaafachuu ni danda'a. Manni murtiis yeroo qorannaa yakkaaf barbaachisu guyyaa kudha afur hin caalle ni kenna. Qorataan Poolisii marsaa meeqa qofa yeroo beellamaa mana murtii gaafachuu akka qabu SDFY kan hin keenye yoo ta'u marsaa gaafatame kamiifuu manni murtii guyyaa kudha afurii olitti kennuu garuu akka hin dandeenye SDFY kw. 59/3/ jalatti ibseera.

Qaphxii Marii-

Daangaa Yeroo beellamaa ilaalchisee Heerri Mootummaa FDRI kw. 19 /4/ "*a time strictly required to carry out the necessary investigation*" qorannoo barbaachisu qofa gaggeessuuf yeroo barbaachisaa ta'e jechuun yoo kaa'u, Seerri deemsa falmii Yakkaa kw. 59/2/ immoo "*a sufficient time to enable the investigation to be completed*" yeroo gahaa qorannoo xumuruuf barbaachisu jedha.

1. Garaagarummaa Heeraa Mootummaa FDRI fi SDFY gidduu yeroo beellamaa ilaalchisee jiru akkamitti ilaaltu?
2. Qorannaa Yakkaa hin xumuramne kan jedhamu yeroo maal hafee dha? Bakka shakkamaan hin dhiyaannetti yeroo qorannoo dabalataa gaafachuun danda'amaa?

[36] Akka miil-jalee 9^{ffaa} kw. 29/1/
[37] Akka miil-jalee 9^{ffaa} kw.29/2/ fi 59/1/

3. Qorataan Polisii Shakkamaa daangaa yeroo sa'aatii 48 keessatti mana murtii fuldura hin dhiyeessine Shakkamaan mirga wabii isaa bu'uura SDFY kw. 28/2/tin Mana Murtiitti iyyatee bahuu ni danda'a ture jechuun itti gaafatamummaa jalaa bahuu ni danda'aa?
4. Yeroo beellamaa kennameen dura qorataan qorannoo isaa yoo xumure itti aansuun maal gochuu qaba? Yeroon qorannaa kenname xumuramee guyyaa beellamaatti poolisiinis ta'e shakkamaa dhadachatti yoo dhiyaachuu baatan manni murtii galmee cufuun dura maal raawwachuu qaba? Qixa mirga shakkamaatiin xiinxalaa

Dhimma 3ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Aanaa Adaamaatti kan ilaalame yoo ta'u Poolisiin Aanaa Adaamaa shakkamaan yakka hannaatin shakkamuu ibsuun hanga qorannaa keenya xumuruutti shakkamaan to'annaa jala akka turuuf yeroon beellamaa guyyaa 14/kudha afur/ nuuf haa kennamu jechuun Mana Murtii bu'uura SDFY kw. 59/2/tin gaafataniiru. Manni murtiin yeroo beellamaa gaafatame keessaa ajaja gaafa 27/02/11 kenneen shakkamaan mana sirreessaa Go/Sh/Bahaa akka turu ajajuuun yeroo qorannaa guyyaa kudhan kenneera. Guyyaan qorannaa kun erga xumurameen boodatti Poolisiin iyyata gaafa 06/03/11 barraa'een hojii qorannaa guyyaa kudhan keessatti hojjatame tokkollee otuu hin ibsiin ragaa namaa qindeeffachuuf jecha yeroon qorannaa dabalataa guyyaa 14 /kudha afur/ yeroo lamataaf gaafataniiru. Guyyaa beellamaa kanatti Manni Sireessaa Go/Shawaa Bahaa shakkamaa dhiyeessee hin jiru ture. Manni murtiis shakkamaan akka hin dhiyaanne ibsuun garuu yaadni poolisiin dhiyeesse sababa gahaa dha jechuun yeroo qorannaa guyyaa shan kenneera. Beellama guyyaa shan boodaa irratti Manni sireessaa Go/Shawaaa Bahaa shakkamaa dhiyeessuu baatuus manni murtii qorannaan xumuramuu Poolisiin illee waan hubachiiseef shakkamaan iyyata mirga wabii dhiyeeffachuu ni danda'a jechuun galmee cufeera. [38]

Dhimma 4 ffaa:

Dhimmi Kun mana Murtii Go/Addaa Adaamaatti kan ilaalame yoo ta'u Poolisiin Federaalaa giddu gala Baha Adaamaa shakkamtootni yakka gowwoomsuutin shakkamuu isaanii ibsuun galmee qorannee xumuruun dura shakkamtootni yoo gadi lakkifaman ragaa balleessuu waan danda'aaniif akkasumas baduu illee waan danda'aaniif yeroon beellamaa guyyaa kudha afur nuuf haa kennamu jechuun gaafa 05/07/2009 gaafataniiru. Manni murtiis guyyuma kanatti yeroo

[38] Wa/Poolisii aanaa Adaamaa vs Tashooma Malkaa, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, 107204

qorannaa guyyaa kudha afur kennuun galmee gaafa 18/07/2009 beellameera. Guyyaa beellamaatti Poolisiin Federaalaa iyyata barreesseen yakkicha qorannee dhimmichi Poolisii Magaalaa Adaamaa waan ilaallatuuf gaafa 07/07/09 gara Waajjira Poolisii Adaamaatti dabarsinee jirra jechuun mana murtii beeksisaniiru.Waajjirri Poolisii Aanaa Adaamaa 1ffaan iyyata gaafa 18/07/09 barreesseen galmee nu qaqqabee jiru kana keessa isaa ilaallee qorannaa xumuruuf jedhanii yeroo beellamaa guyyaa kudha afur gaafataniiru.[39]

Dhimma 5 ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaatti kan ilaalame yoo ta'u Poolisiin Federalaa shakkamaan yakka Kotirobaandiitiin shakkamuu isaa ibsuun qorannoo keenya abbaa alangaatiif erguuf ragaan namaa fi qaraxaa ykn taksii waan nu haafuuf jechuun yeroo qorannoo guyyaa kudha afur gaafataniiru. Manni murtiis iyyata dhiyaatee fi yaada shakkamaa illee erga dhagayeen booda yakka dalagameef ragootni miseensa poolisii waan ta'aaniif akkasumas ragaan barruu nagahee waajjira mootummaatti argamu waan ta'eef miseensi poolisiis jecha raga kennuuf yaada isaa ni jijjiira jedhamee waan hin tilmaamamneef akkasumas nagaheen waajjira mootummaa keessaa ni miliqa ykn miliqfama waan jedhamee hin amanamneef yeroo qorannoo kennuun hin barbaachisu jechuun iyyata dhiyaate kufaa godhee mirga wabii akka dhiyeeffatuuf shakkamaa hubachiisuun galmee cufeera.[40]

Dhimma 6 ffaa

Dhimmi kun mana murtii Aanaa magaalaa Adaamaatti kan ilaalame yoo ta'u Waajjirri Poolisii mag/Adaamaa kutaa magaalaa A/gadaa iyyata gaafa 18/10/10 lakk. WPA2/114/12-22/10 barreesseen shakkamaan yakka ragaa sobaatin shakkamee waan jiruuf dhimma isaanii hanga qulqulleessinuutti yeroo beellama guyyaa 14 /kudha afur/ nuuf haa keenamu jechuun gaafataniiru. Manni murtiis yeroo qorannoo guyyaa 7 /torba/ kennuu dhaan bu'aa gaafa 25/10/2010 ttii eeguuf beellameera. Gaafa 25/10/2010 tti dhadachatti dhiyaachuun yakka kana ilaalachisee shakkamaa irratti himannaan banamee waan jiruuf galmeen yeroo beellamaa nurraa

[39] Poolisii federaalaa Buufa Baha Adaamaa vs Antaneh Getaachoo/n2/, Mana Murtii Olaanaa Go/Addaa/Adaamaa, 25981
[40] Poolisii federaalaa Buufa Baha Adaamaa vs Gaaddisaa Magarsaa, Mana Murtii Olaanaa Go/Addaa/Adaamaa, 26055

haa cufamu jedhaniiru. Manni murtiis galmicha cufeera.[41] Galmee himannaan irratti hundeeffame yoo qulqullaa'u abbaan alangaa gaafa 21/10/10 lakk. G.A.A. 09939 irratti shakkamaa irratti himannaa hundeessuun gaafuma kana mana murtii dhiyeesseera.[42]

Qaphxii Marii

1. Dhimma 3ffaa irratti yeroon qorannaa gaafatame madaalawaa jettanii yaadduu? Yeroo beellamaa marsaa lamataa gaafachuun dura Poolisiin mana murtiif raawwii qorannoo dhiyeessuu dhiisuu isaa akkamitti ilaaltu? Yeroo beellamaa bakka shakkamaan hin jirreetti marsaa lammataaf kennamuun qixa mirga shakkamaatin akkamitti ilaaltu? Ajajni dhumaa yoo qaqqabuu baate carraa shakkamaan seeraan ala to'atamee akka hin turreef Manni sirreessaa maal gochuu qaba?
2. Dhimma 4ffaa keessatti Poolisiin Federaalaa dhimmicha irratti aangoo qabaachuu isaa otuu hin mirkaneeffataniin yeroo qorannaa gaafachuun isaa akkamitti ilaaltan? Yeroo beellamaa gaafachuuf sababa dhiyaate hoo? Dhimma harkaa qabaaniifii yeroon beellamaa irratti kennameef beekamtii mana murtiin yeroo qorannoo isaaniif kenneen alatti shakkamaa gara Waajjira Poolisii Aanaa Adaamaatti dabarsuu isaaniihoo akkamitti ilaaltan? Yeroo beellama dabalataa gaafachuuf sababa Waj/Poolsii Adaamaa dhiyeesse hoo akkamitti madaalatan? Sochii galmee guutummaa keessatti mirga namoomaa shakkamaa akkamitti ilaaltan?
3. Dhimma 5ffaa keessatti barbaachisummaa/necessity/ iyyata yeroo qorannaa dhiyaatee fi madaalamummaa /proportionality/ ajaja mana murtiin keennamee akkamitti ilaaltan?
4. Dhimma 6ffaa keessatti himannaa gaafa 21/10/10 dhiyaachuu danda'eef guyyaa sadii dura gaafa 18/10/10 sababa 'dhimmicha qulqulleessuuf' jedhuun Poolisiin yeroo beellamaa guyyaa 14 /kudha afur/ gaafachuu isaa akkamitti ilaaltan?
5. Yakka shororkeessummaa fi Malaammaltummaa irratti daangaa yeroo beellamaa SDFY keessatti kaa'ameen addatti kaa'amuun maaliif barbaachise?

1.3. Adeemsa Shakkamaa To'annaa Jala Oolchuu

Ergamni olaantummaa seeraa mirkaneessuu hojiilee garagaraa kan hammatu yoo ta'u hojiilee kunneen keessaa tokko qabiinsa shakkamaa raawwachuu dha. Hojiin qabiinsa shakkamaa mirga

[41] W/P/Kutaa Mag/Daabee Vs Abdii Amaan, Mana murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa, lakk. Galmee 11956
[42] A/Alangaa Vs Abdii Amaan, Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa, lakk. Galmee 11994

namoomaa Heera Mootummaa FDRI kw. 17 jalatti ibsame karaa seerawaa ta'een daangeessuun kan raawwatamuu dha. Mirgi namoomaa kun namni tokko sababaa fi akkaataa seerri kaa'een alatti bilisummaan qaamaa isaa sarbamuu akka hin dandeenya ni kaa'a. Dabalataanis namni kamiyyuu sababa malee tasa qabamuu ykn to'atamuu akka hin qabnee fi himannaa fi murtii balleessummaa malee to'atamee turuu akka hin qabne ifatti kaa'eera.[43] Keewwatni kun namni bifa kamiinuu to'annaa jala ooluu akka hin dndeenye kan kaa'e ykn eere miti. Namni qabamuu ykn to'annaa jala ooluu kan qabu qixa seerri kaa'een qofa ta'uu akka qabu kan akeekee dha.

Qajeeltoon heeraa kun ergama olaantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti eegumsa mirga namoomaatiif qaama kamiinuu xiyyeeffannaan keennamuu akka qabu kan kaa'ee dha. Kanaaf qabiinsi raawwatamu kamiyyuu qajeeltoowwaan armaan gadiitti tarreeffaman kan giddu galeessa godhate ta'uu qaba.

1.3.1. Seerummaa/Legality/

Heerri Mootummaa FDR Itiyoophiyaa kew. 17 jalatti :

> *No one shall be deprived of his or her liberty except on such grounds and in accordance with such procedure as are established by law. No person may be subjected to arbitrary arrest, and no person may be detained without a charge or conviction against him.* " Namni kamiyyuu sababawwan seerri kaa'ee fi adeemsa seerri kaa'een bifa hordofeen alatti bilisummaan qaamaa isaa sarbamuu hin qabu. Namni kamiyyuu qabiinsa tasaatiif saaxilamuu hin qabu. Yoo himatame ykn mana murtiin balleessaa jedhameen alatti to'annaa jala turuu hin qabu."

Eegumsi kun Waliigaltee Mirgoota Siiviilii fi Siyaasaa Mootummoota Gamtoomanii kan keewwata 9/1/ jalatti kan ibsame waliin walfakaataa dha. Bu'uura qajeeltoo kanaatiin Poolisiin qabiinsa raawwatu wantoota lama mirkaneeffachuu qaba. Ulaagaleen kunneen bakka kabajamanii hin jirreetti qabiinsi raawwatamu qajeeltoo seerummaa qabiinsaa kan faallessee dha.[44]

1. Sababni qabiinsi akka raawwatamuuf ka'uumsa ta'e bu'uura seeraa qabaachuu
2. Adeemsi qabiinsi itti raawwatamaa jiru bu'uura seeraatiin gaggeefamuu isaati

[43] Akka miil-jalee 2[ffaa], kw. 17/2/
[44] Akka miil-jalee 4[ffaa], Fuula 269

Nama tokko to'annaa jala oolchuuf balleessaa ta'uun isaa mirkaneeffachuun barbaachisaa yoo ta'uu baatees shakkamaan yakka raawwachuu isaa kan agarsiisu sababni gahaa ta'e garuu jiraachuu isaa poolisiin mirkaneeffachuu qaba. Sababni kuniis tilmaama miira dhuunfaa irraa kan madde otuu hin taane ragaan ykn ijoo dubbii /fact/ qabatamaa irratti hundaa'uu qaba.[45]

Bu'uura SDFY kw. 50 fi 51 tin qabiinsi shakkamaa ajaja mana murtii fi ajaja mana murtiin alatti raawwatamuu danda'a. Ajaja mana murtiin ala qabiinsi kan raawwatamu yakkichi harkaa fi harkatti kan qabamee fi yakki dalagame adabbii ji'a sadii gadi hin adabsiifne yoo ta'ee dha. Yakka harkaaf harkaatiin alatti Poolisiin shakkamaa ajaja qabiinsaatin alatti to'annaa jala oolchuu kan danda'u[46]: Namni tokko yakka hidhaa waggaa tokkoo gadi hin adabsiifne dalaguu isaa ykn dalaguuf jiraachuu isaa yoo shake, nama nagaa booressuuf jiru, nama poolisii dirqama hojii irra jiru guufachiise, nama to'annaa seera qabeessa ta'e jalaa miliqee ykn miliquuf jiru, nama miseensa raayyaa ittisa biyyaa ykn poolisii keessaa badaa jiru, nama meeshaa waraanaa ykn meeshaa mana ittiin cabsan seeraan ala qabatee jiru, nama seeraan ala qabeenya hatame ykn bu'aa yakkaa ta'e qabatee jiru, nama bu'uura SY kw. 477 tin balaafamaa jedhamee shakkamee dha.

Ajajni qabiinsa qaamaan gaafachuun yeroo hin danda'amneetti bilbilaan gaafachuun akka danda'amu SDFY kw. 55 jalatti ni kaa'a. Ajaja bilbilaan gaafatameef daangaa yeroo sa'aatii 24 keessatti barreeffamaan mana murtiitti dhiyaachuu qaba. Ajaja bilbilaan gaafatamuun wal qabatee of eeggannoon taassifamuu qabu ajajni bilbilaan gaafatamu yeroo fi haala ariifachiisaa ta'e qofa keessattii dha. Shakkamaa gara fuulduraatti to'annaa jala oolchuuf ajajni qabiinsaa bilbilaan gaafatamuu hin qabu. Shakkamaa ajaja mana murtiin ala to'annaa jala oolchuuf seerri kan hin heeyyamni yoo ta'ee fi ajaja qabiinsa sirna idileetiin gaafachuun shakkamaan akka badu ykn miliqu kan taassisu yoo ta'ee dha. Dhibaa'ina hojii irratti mul'atuun Poolisiin heeyyama qabiinsaa bilbilaan gaafachuu hin qabu. Ajajni qabiinsaa kunis daangaa yeroo otuu hin barbaachifne yeroo kamittuu gaafatmuu ni danda'a.[47] Ajaja mana murtii tokkotti kennameen kutaa biyyattii kamittuu qabiinsa shakkamaa raawwachuun ni danda'ama.[48]

[45] Akkuma Olii, fuula 270
[46] Akka miil-jalee 9ffaa, kw.51
[47] Akka miil-jalee 9ffaa, kw 53/2/
[48] Akka miil-jalee 9ffaa, 53/3/

1.3.2. Barbaachisummaa/Necessity/

Bu'uura SDFY kw.54 tin ajajni qabiinsaa kan gaafatamu shakkamaa mana murtii dhiyeessuun barbaachisaa ta'ee yoo argamee qofaa fi bifa biraatin shakkamma dhiyeessuun kan hin danda'amne yoo ta'ee dha. Tilmaama waliigalaa ykn hawaasaa irraa wanti hubatamu yakki tokko dalagamuun tasa beekameetti namni yakka raawwachuun shakkame to'annaa jala ooluu akka qabuu dha. Tilmaamni kun garuu qaama seera raawwachiisu biratti raawwatamummaa hin qabaatu.Qabiinsa raawwachuuf ykn dhiisuuf taateewwan xiyyeeffannaa keessa galan jiraachuu ni malu. Taateewwan kana xiinxalanii tarkaanfii fudhachuu irratti muuxannoon hojii fi dandeettiin qorattoonni qaban bu'aa garagaraa mul'isuu danda'a.

Barbaachisummaa qabiinsa raawwachuu qixa lamaan xiinxaluun ni danda'a. Inni jalqabaa shakkamaan ragaa miliqsuu ykn balleessuu danda'a jedhamee yoo shakkame, haqa jalaa baduu /escaping justice/ ykn ragoota irratti dhiibbaa ni qaqqabsiisa yoo jedhame dha. Sodaa kana ragaa jiru yeroo si'aawaa ta'e keessatti sassaabuun ykn jecha ragootaa fuudhuun akkasumas Passport fa'aa shakkamaa irraa fuudhuun hambisuun ni danda'ama. Amalli shakkamaan agarsisuu fi gosti yakka dalagamees barbaachisummaa shakkamaa to'annaa jala oolchuuf taassifamu irratti xiyyeffannaa kennamuufii qaba. Shakkamaan yakka dalagame ofii isaatiin waajjiratti dhiyaatee kan gabaaase yoo ta'ee fi sadarkaan yakka dalagamee qarshii fa'aa kan adabsiisu yoo ta'e to'annaa jala oolchuun barbaachisaa ta'uu dhiisuu danda'a.

Barbaachisummaa qabiinsa raawwachuu yeroo fi bakka qabiinsii itti raawwatamu waliin xiinxaluu kan hammateedha. Namni to'annaa jala ooluuf deemu yakka ittiin shakkame irraa illee bilisa ta'uu waan danda'uuf qabiinsi karaa hamilee shakkamaa fi maqaa /reputation/ isaa hin miineen yoo raawwatame filatamaa dha. Fkn shakkamaa halkan mana isaatti fi ijoollee isaa biraa qabuu irra ganama ykn guyyaa qabuun ni filatama. Dabalataan shakkamaa lafa hojii hojjatutti mana hojii isaatti seenanii qabiinsa raawwachuun maqaa iddoo hojiitti qabuu fi hamilee isaa miidhuu danda'a. Dabalataan shakkamaan illee hojiirraa gaggeeffamuuf ka'uumsa ta'uu waan danda'uuf of eeggannoo gochuun ni jajjabeeffama. Mirgi akka nama yakka hin raawwanneetti tilmamuu yeroo qabiinsi raawwatutti wantoota hamilee fi maqaa shakkamaa irratti dhiibbaa uumuu danda'aan irraa shakkamaa oolchuuf xiyyeeffannoon kennamuu qaba.

1.3.3. Madaalawaa/Proportionality

Kaayyoon qabiinsi raawwatamu yakka dalagame waliin kan wal madaalu ta'uu qaba. Fkn yakka salphaa dalagameef haadha daa'ima hoosiiftu to'annaa jala oolchuun tarkaanfii madaalawaa ta'uu hin danda'u. Nama yakka biraa ni raawwata jedhamee shakkame to'annaa jala tursiisuun barbaachisaa ta'uu danda'a. Garuu shakkamaa mana dhugaatiitti machaa'ee nama arrabse guyyaa itti aanu illee yakka biraa raawwachuu danda'a jedhamee to'annaa jala oolchuun ykn tursiisuun tarkaanfii madaalawaa hin jechisiisuu.

Poolisiin shakkamaa to'annaa jala oolchuu jedhutti shakkamaa irraa mormiin mul'achuu ni danda'a. Oggaa kanatti Poolisiin tarkaanfii fudhachuu ykn dhiisuuf, yoo fudhatee tarkaanfii hanga kamii fudhachuu qaba kan jedhu dhimma murteessaa dha.[49] Taateen kun oggaa mudateetti sadarkaa duraatti wal diddaa jiru karaa nagaadhaan hiikuuf miira jiru tasgabbeessuun shakkamaa harka isaa akka kennatuuf amansiisuu qaba. Carraan wal diddaa uumamu kara nagaatin xumuruuf filannoo jiru erga xumureen booda Poolisiin tarkaafii humnaa fudhachuutti deema. Seera biyya keenyaattis oggaa mormiin ykn diddaan uumameetti shakkamaa kana to'achuuf tarkaanfii madaalawaa barbaachisu hundumaa akka fudhachuu danda'uuf SDFY kw. 56/2/ jalatti poolisii ni aangessa.

Shakkamaa to'annaa jala oolchuuf adeemsa deemamutti ilaalchi ykn miirri Poolisii irraa mul'atu shakkamaan fedhii isaatin harka isaa akka kennatuuf ykn dhiisuuf shoora olaanaa taphata. Miirri Poolisii irraa mul'atu shakkamaa bifa kabajee fi itti gaafatamummaa qabuun yoo ta'e shakkamaan carraan inni harka isaa wal diddaa tokko malee kennatu bal'aa dha. Gama biraatiin Poolisiin miira sodaachisaa fi kabaja hin qabneen shakkamaatti kan dhiyaatu yoo ta'e shakkamaa keessatti shakkiin miidhaan narra gaha jedhu waan uumamuuf harka isaa laachuuf fedhii dhabuu ykn sodaachuuun ni uumama. Kanaaf miirri Poolisiin yeroo sana mul'isu baay'ee murteessaa dha.[50] Bu'uura SDFY kw. 56/2/ tin Poolisiin shakkamaa ajaja mana murtiitin to'annaa jala oggaa oolchuuf jedhutti eenyummaa shakkamaa sana erga mirkaneeffateen booda ajaja mana murtii itti agarsiisuu fi dubbisuufii akka qabu ni ibsa. Dabalataanis shakkamaa fedhii isaatiin yoo ajaja fudhatee argame qaama shakkamaa qabuun ykn hidhuun barbaachisaa akka hin taane ni ibsa.

[49] Akka miil-jalee 4ffaa, fuula 278
[50] Akka miil-jalee 4ffaa, fuula 278

Tarkaanfii humnaa kan jennu harkaan nama qabuu, harka nama hidhuu, uleen ykn rasaasaan rukutuu fi kanneen fakkaatan kan hammatuu dha.[51] Tarkaanfiin fudhataaan kamiyyuu mirgaa namoomaa shakkamaa kan faallessan ta'uu hin qabu. Of eeggannoo fi itti gaafatamummaa olaanaadhan fudhatamuu qabu. Qajeeltoowwaan tarkaanfii humnaa hoogganan kutaa itti aanuutti kan ilaallu ta'a.

1.3.4. Itti gaafatmummaa Mirkaneessuu/Accountability/

Namni qabiinsa shakkamaa raawwatu kabajamuu mirga shakkamaatiif itti gafatamummaa ni qaba. Tasa shakkamaa to'annaa jala oochuuf jirutti sababa shakkamaan to'annaa jala ooluun barbaachiseef hubachisuu, yakki seeraan alaa kan akka reebicha fi kanneen biro qaama kamiinuu akka irratti hin raawwanne taasisuu qaba.

Shakkamaa to'annaa jala erga oolcheen booda lafarra harkinnaa tokko malee buufata Poolisii qaqqabsiisuuf Poolisiin dirqama akka qabu SDFY kw. 58 ni kaa'a. Erga shakkamaa to'annaa jala ooleen booda mana murtiitti dhiyeessufis dirqama qaba. Shakkamaan mana murtiitti dhiyaate carraa mirga wabii eegamuufii ykn yeroon qorannoo irratti kennamuu qaba.

Biyyoota muraasatti shakkamaan erga to'annaa jala ooleen booda barreeffamni waa'ee mirga shakkamaa fi haala itti kabachisiifachuu danda'u ilaalchisee afaan garagaraatin kan kennamuuf yoo ta'u sadarkaa biyya keenyaattis hojimaatniis akkasii hin mul'atu. Raawwii Poolisii madaaluu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuuf gucni shakkamaa guutamu illee qophaa'ee ni raabsama. Hojimaata akkanaa diriirsuun gama kabajamuu mirga shakkamaatin gumaacha olaanaa qabaata.

Qaphxii Marii -

1. Mana amantaatti, Biiroo ykn mana daldalaa isaatti shakkamaa to'annaa jala oolchuu dhiibbaa hamilee or hawaasummaa inni qabu qixa mirga namoomaa shakkamaatin akkamitti ilaaltu?
2. Gosaa hidhannoo meeshaa waraanaa fi baay'ina Poolisii qabiinsa raawwachuuf deemuu qajeeltoo madaalawaa waliin akkamitti ilaaltu? Qixa mirga namoomaa shakkamaatin akkamitti ilaaltu?

[51] Akka miil-jalee 4ffaa fuula 247

3. Nama dhukkubsatee buufata fayyaa jiru ykn dubartii deessee ciiftu ykn dubartii ulfa to'annaa jala oolchuuf wantoota xiyyeeffannaa keessa galuu qaban irratti qixa qajeeltoowwan armaan oliitin mari'adhaa. Namootni akkanaa seeratti dhiyeessuun dirqama yoo ta'e ajaja qabiinsaa mana murtii gaafachuun dura Poolisiin shakkamaa gara buufataa Poolisiitti dhiyeessuuf carraa maalii gargaaramuu qaba?
4. Shakkamaa to'annaa jala oggaa ooluutti sababa to'annaa jala ooluuf bifa quubsaan hubachiisuun qixa kabajamuu mirga namoomaatiiin fayidaan inni shakkamaa qabu maalidha?
5. Uffata dambii qofa uffachuun waraqaa eenyummaa otuu hin qabaatin shakkamaa tokko to'annaa jala oolchuun danda'amaa? Poolisiin waraqaa eenyummaa qabachuu dhiisuu isaa irraa kan ka'e wal diddaa uumamu haala kamiin hiikumuu akka qabu mari'adhaa.
6. SDFY kw. 51/1/f/ jalatti meeshaa mana ittiin cabsan/housebreaking implement/ kan jedhu maal fa'ii ta'uu danda'a?

1.4. Sakatta'iinsa Raawwachuu fi Qabiinsa Ragaalee

Sakkatta'iinsa raawwachuu fi qabiinsi meeshaalee/seizure/ aangoo Poolisiif kenname keessaa isa tokko yoo ta'u raawwiin isaas seeraan kan hoogganamuu dha. Sakatta'iinsi qaama namaa, mana jireenyaa, Biiroo, laptooppii, Baank akkaawuntii fi sanadaalee gara garaa hammachuu danda'a. Sakatta'iinsi lammiilee irratti dhibbaa hamilee /traumatizing effect/ qaqqabsiisuu waan danda'uuf of eeggannoodhaan bu'uura seeraatin qofa raawwatamuu qaba.

Heerri Mootummaa FDRI kew. 26 jalatti namni kamuu namni kamiyyuu jireenya dhuunfaa isaa jirachuu mirga akka qabu ni kaa'a. Mirgi kunis manni, qabeenyii fi qaamni isaa akka hin sakatta'amne akkasumas qabeenyi isaa akka hin qabamne kan hammatuu dha. Waliigalteen mirga Ciiviilii fi Siyaata Idila Addunyaas kew. 17 jalatti mirga kanaaf eegumsa wal fakkaataaf ta'e beekamtii kennee jira. Seerummaa sakatta'iinsaa fi qabiinsaa mirkaneessuuf qajeeltoowwan armaan gadiin gaggeeffamee akka qaban ni eerama.

1.4.1. Seerawaa /legality/

Sakatta'iinsi raawwatamuu kamiyyuu adeemsii fi galmii isaa seerawaa ta'uu qaba. Poolisiin sakatta'iinsa raawwatu bu'uura seerri kaa'e qofaan raawwachuu qaba. Bu'uura SDFY Itiyoophiyaa kw. 32 tin Poolisiin nama to'atamee sakatta'uu kan qabu yoo shakkamaan yakka

dalageef ykn ittiin shakkameef ragaa ta'uu kan danda'u meeshaa qabatee yoo jiraatee dha. Sakatta'iinsi kunis nama saalaa wal fakkaataa ta'een raawwatamuu qaba.[52] Kanaan alatti Poolisiin mana namaa heeyyama mana murtiin ala sakatta'uu kan danda'u shakkamaa yakka harkaaf harkatti qabamee meeshaa yakka ittin dalage mana keessa yoo kaa'e ta'ee ykn shakkamaa yakka waggaa sadii fi isaa ol nama adabsiisu raawwatee meeshaa yakka raawwateef ragaa ta'uu danda'u kan dhokse yoo ta'e ykn meeshaa akkanaa kana bakka tokko kaa'uu isaa Poolisiitti himamee Poolisiinis shakki qabatamaa keessatti uumee fi heeyyama mana murtii barbaaduun wal qabatee yeroon gubachuu isaatiin meeshaan kun ni bada ykn ni dhokfama jedhee yoo amanee dha.[53]

1.4.2. Barbaachisummaa / Necessity/

Sakatta'iinsii fi qabiinsi kaayyoon barbaachisee hanga galme ga'utti qofa raawwatamuu qaba. Fakkenyaaf : Shakkamaan meeshaa barbaadame sana kaka'uumsa mataa isaatiin Poolisiitti yoo kenne ta'e sakatta'iinsi dhaabachuu qaba. Gama biraatin meeshaan barbaadamu tasa argame sanatti Poolisiin sakatta'iinsa dhaabuu qaba. Iddoo meeshaan sakatta'amu fi yakki dalagame hariiroo kan hin qabaanne yoo ta'ees sakatta'uun hin barbaachisu. Sa'aatii fi dheerinni yeroo sakatta'iinsaa bifa xiyyeeffannaa hawaasa bal'aa harkisuu danda'uu fi hamilee shakkamaa tuquun raawwatamuu hin qabu.

SDFY kw. 33 jalatti heeyyama sakata'iinsaa gaafatamuu fi raawwatamu yoo kaa'u manni murtii sakatta'iinsi raawwatamu galma haqa mirkaneessuu qabaachuu isaa mirkaneeffachuu akka qabu ni kaa'a. Poolisiin sakata'iinsa gaafatus meeshaalee barbaadamuu ibsuu akka qabuu fi meeshalee kanaan alatti sakatta'iinsaas ta'e qabiinsa raawwachuu akka hin qabne kaa'a. Sa'aatiin sakatta'iinsaa raawwatamuu kan qabuus ganama sa'aatii 12:00 hanga galgala 12:00 qofa ta'uu akka qabu kaa'a.

1.4.3. Madaalawaa /proportionality/

[52] Akka miil-jalee 9^{ffaa}, kw. 31
[53] Akka miil-jalee 9^{ffaa}, kw. 32

Biyyootni tokko tokko gosa yakkaa hundaaf sakata'iinsaa fi qabiinsa meeshaa kan heeyyaman otuu hin taane yakka sasalphaaf barbaachisummaa isaa ni xiqqeessu.[54] Seerootni biyya keenya gosa yakkaatiin sakatta'iinsa kan heeyyama otuu hin taane barbaachisummaa sakatta'iinsi haqa mirkaneessuuf qabu giddu galeessa kan godhatanii dha. SDFY yeroo shakkamaan ykn namni biro sakatta'iinsi akka hin raawwatamne dhorketti Poolisiin humna barbaachisaa ta'e qofa gargaaramuu akka qabu ni ibsa.[55] Tarkaanfiin fudhatamu ajaja sakatta'iinsaa hojiirra oolchuu qofaaf ta'uu qaba.

1.4.4. Itti gaafatamummaa /accountability/

Namni sakatta'iinsaa fi qabiinsa meeshaa raawwate hojii isaaf itti gaafatamummaa fudhachuu qaba. Raawwiin isaa bu'uura seeraatin ta'uu mirkaneeffachuu qaba. Shakkamaanis sababa sakatta'iinsaa fi maaltu sakkatta'amuu akka barbaadame beekuuf mirga qaba. Koodiin naamusa Qaama raawwachiiftuu kw. 4 haqaaf barbaachisaa yoo ta'ee malee namuusni icitii shakkamaa eeguu qaama raawwachiiftuu irraa eegamu yeroo sakatta'iinsi fi qabiinsi raawwatuttis kabajamee itti fufuu qaba.[56] Yeroo dirqama kana bahuutti dadhabina ykn of eggannoo dhabuu Poolisii irraan kan ka'e miidhaa qabeenya shakkamaa irra qaqqabuuf Poolisiin beenyaa kaffaluu qaba.[57]

Dhimma 7 ffaa

Dhimma qabatamaa tokko keessatti eeruun waajjira poolisii magalaa Bishooftuutti dhiyaate qabeenyi miidhamaa dhuunfaa hatamee ture mooraa shakkamaa keessatti argameera. Miseensi poolisiis eeruun kun isa gahee meeshaalee kana dura baduun gabaafamee fi barbaadamaa jiru kana ajaja mana murtii eeguun otuu hin barbaachisiin mooraa shakkamaa keessa seenuun erga sassaabeen booda gara buufata poolisiitti gesseera. Yakka qabeenya bu'aa yakkaa ta'e dhoksuun galmeen yoo qulqullaa'utti Abbaan alangaa dhimmichi dhiyaateef ciraan qabeenyaa argame jedhame sun ajaja sakatta'iinsaa malee mana shakkamaatii fuudhamuun isaa ragaa kara seera qabeessa hin taaneen argame waan ta'eef akka ragaatti kan gargaaruu danda'u miti jechuun

[54] Akka miil-jalee 4ffaa , fuula 306
[55] Akka miil-jalee 9ffaa, kw. 33
[56] Akka miil-jalee 4ffaa fuula 306
[57] Victims Declaration, Principle 19.

galmee bu'uura SDFY kwt 42'tiin cufeera. [58] Dhimma kana miidhamaan gara Waajjira Haqaa Godina Shawaa bahaatti oliyyateera.

Dhimma 8 ffaa

Dhimmi kun mana murtii aanaa Adaamaatti kan ilaalame yoo ta'u Waajjirri Poolisii Aanaa Adaamaa iyyata lakk. PAA/321/2011 gaafa 12/03/11 barreessee dhiyeesseen shakkamaan yakka meeshaa waraanaa dhoksuutiin shakkamee waan jiruuf ***meeshaan waraanaa gosa adda addaa*** mana shakkamaa keessa jira jedhamee waan shakkamuuf ajajni sakata'iinsa akka nuuf kennamu jechuun bu'uura SDFY kw. 53 tin mana murtii gaafataniiru.[59]

Haaluma wal fakkaatuun Waajjirri Poolisii Aanaa Adaamaa iyyata lakk. PAA/231/2011 gaafa 24/2/2011 barreesseen shakkamtootni yakka haannaatin shakkamuu ibsuun shakkamtootni Televiishinii lama abbaa Inchii 55 fi 42 mana isaaniitti dhoksanii waan jiraniif ajajni sakatta'iinsaa akka nuuf kennamu jechuun bu'uura SDFY kw. 53 tin mana murtii gaafataniiru.[60]

Qaphxii Marii

1. Dhimma torbaffaa keessatti seerummaa sakatta'iinsa raawwatamee akkamitti ilaaltu?
2. Dhimmaa saddeeettaffaa ilaalchisee gosa meeshaalee sakatta'aamuu maqaa walootiin "meeshaa waraanaa adda addaa ykn Televizhiinii' jechuun gaafatamuu isaa akkamitti ilaaltu? Gosti meeshaa waraanaa ykn Televizhiinii addatti hin ibsame jechuun mormii gama shakkamtootan ka'u akkamitti furmaata argachuu qaba?
3. Poolisiin bakka abbaan qabeenyaa ykn qabiyyee hin jirreetti ykn bakka namni kamuu hin jirreetti sakatta'iinsa mana jireenyaa taassisuu danda'aa? Yoo taassise of eeggannoo akkamii gochuu qaba?
4. Poolisiin bu'uura ajaja sakatta'iinsaatin sakatta'iinsa otuu raawwataa jiru meeshaa seeraan ala ajaja sakatta'iinsaa keessatti hin caqasamne yoo arge tarkaanfii akkamii fudhachuu qaba?

[58] Waajjira Haqaa Aanaa Magaalaa Bishooftuu, lakk. Galmee AA 03011; Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa irraa Wa/H/A/M/Bishoftuuf barreeffame, Lakk. 09397 gaafa 19/4/10

[59] Waajjira Poolisii Aanaa Adaamaa Vs Ababaa Fallaqa, Mana murtii Aanaa Adaamaa, lakk. Galmee 107241

[60] Waajjira Poolisii Aanaa Adaamaa vs Dhugoo Lammaa, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, lakk. Galmee 107081

5. Poolisiin mana namaa sakatta'u icitii nama dhuunfaa eeguuf of eeggannoo akkamii gochuu qaba?

1.5. Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Fudhachuu Keessatti Of-eeggannoo Taassifamuu Qabu

Sanadoota mirga namoomaa Idila Addunyaa keessatti gaaleen 'tarkaanfii humnaa fudhachuu' jedhuuf hiikoon kenname hin jiru. Akka waliigalaatti garuu tarkaanfii humnaa jechuun shakkamaan wanta seerri isa irraa barbaadu akka raawwatuuf ykn ajaja seeraan kenname akka raawwatuuf humnaan dirqisiisuu kan jedhu.[61] Tarkaanfii humnaa fudhachuun tarkaanfii itti gaafatamummaa olaanaa hordofsiisu waan ta'eef namusaa fi amanamummaa dhaan raawwatamuu qaba. Sadarkaa Idila Addunyaatti tarkaanfii humnaa bulchuuf qajeelfamootni bahaanii jiru. Qajeelfamootni kunneenis[62]:

1) Koodiin Naamusa Seera Raawwachiiftuu /Code of Conduct for Law Enforcement Officials (UNCCLEO)
2) Qajeelfama Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu /Basic Principles for the Use of Force and Firearms by Law Enforcement Officials UNBPUFF)/

Tarkaanfiin humnaa fi rasaasaa hanga danda'ameetti fudhatamuu kan hin qabne yoo ta'u haala dirqisiisaa keessatti garuu qajeelfamoota armaan gadiitin hoogganamuu qaba.

1.5.2. Seerummaa/Legality

Poolisootni tarkaanfii humnaa gargaaramuutti ce'uu kan qaban kaayyoo seera qabeesa galmaan gahuu qofaaf ta'uu qaba.[63]Koodiin Naamusa seera raawwachiiftuu kew. 3 jalatti afaan Ingiliiziitin *"force may be used by law enforcement officials only when strictly necessary and to the extent required for the performance of their duty."* Hiikoon isaa "Poolisiin tarkaanfii humnaa fudhachuu kan qabu haala baay'ee barbaachisaa ta'e qofatti hanga dirqama isaa raawwachuuf barbaachisu qofa ta'uu qaba" jedha. Tarkaanfiin humnaa kun kaayyoo barbaachise galmaan gahuuf irra kan darbe ta'uu hin qabu.[64] Qajeelfama Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa

[61] Akka miil-jalee 4[ffaa], fuula 247
[62] Akkuma Olii
[63] Akkuma Olii
[64] Akkuma Olii

Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu /Basic Principles for the Use of Force and Firearms by Law Enforcement Officials (BPUFF)/ kew. 5/a/ jalatti yaaduma wal fakkaataa ta'e kaa'a. Biyyootni tokko tokko qaamolee raawwachiiftuu isaanii tarkaanfii humnaa yeroo barbaachisaa ta'eetti akka fudhatan kan aangeessan qofa otuu hin taane haaldureewwan barbaachisoo ta'aan guutamanii yeroo argametti Poolisiin dirqama tarkaanfii humnaa fudhachuu akka qaban seeraan ni dirqisiisu. [65] Aangoon ykn dirqamni poolisiif kenname kun dirqama biro kannnen akka mirga lubbuun jiraachuu lammiilee, bilisummaa fi nageenya lammiilee kabajuun kan gargar bahu otuu hin taane walsimsiisuun raawwatamuu qaba.

Biyya keenya keessattis sakatta'iinsi oggaa raawwatamu akkasumas shakkamaa to'annaa jala oolchuun wal qabatee wal diddaa uumamuuf poolisiin tarkaanfii madaalawaa fudhatee ajaja seera qabeessa ta'e raawwachuu akka qabu SDFY kw. 33/4/ fi kw. 56/2/ jalatti wal duraa duubaan ni kaa'a. Poolisiin sakatta'iinsa seeraan alaa ykn qabiinsa seeraan alaa raawwachuuf tarkaanfii humnaa gargaaramuu hin danda'u. Yoo gargaaramees itti gaafatamummaa namusaa fi yakkaa jalaa ni oola jedhamee hin yaadamu.

Qaphxii Marii

- Akka seera biyya keenyaatti yeroo barbaachisaa ta'ee argametti tarkaanfii humnaa fudhachuun aangoo moo dirqama Poolisiiti? Tarkaanfiin humnaa barbaachisaa ta'ee otuu jiruu fudhachuu dhiisuun itti gaafatamummaa hordofsiisuu danda'aa?

1.5.2. Barbaachisummaa/Necessity/

Tarkaanfiin humnaa fudhatamuu kan qabu filannoon biraa oggaa dhabameetti ykn tarkaanfiin biro bu'aa fiduudhaa yoo baatee ykn bu'aa fiduu akka hin dandeenye shakkii tokko malee oggaa itti amanameettii dha. Qajeelfama Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu /Basic Principles for the Use of Force and Firearms by Law Enforcement Officials (BPUFF)/ kw. 4 jalatti "…law enforcement officials *shall, as far as possible, apply non-violent means before resorting to the use of force and firearms"*jechuun kaa'a. Hiikoon isaas qaamoleen seera raawwachiiftuu tarkaanfii humnaa fi rasaasaatti ce'uun dura tarkaanfiilee humnaan ala ta'aanitti gargaaramuu qabu jedha. Qajeelfamni kun kw. 5/b/ jalatti Poolisiinni miidhaa ykn balaa shakkamaa irra ga'u xiqqeessuun mirga lubbuun jiraachuu

[65] Akkuma Olii

shakkamaa kabajuu akka qaban ni kaa'a. Tarkaanfiin humnaa filannoo dhumaa seera raawwachiisuuf kan oolu ta'uu qaba.

Qaphxii Marii-

Carraa tarkanfii humna fayyadamuu hir'isuuf mootummaan meeshalee "*non lethal, less-lethal, shields, helmets, bullet-proof vests and bullet-proof means of transportation"* kennuun barbaachisaa dha. Dhuunfaadhaanis Poolisiin sochii qaamaa itti fufiinsa qabu /regular physical exercise/ hojjachuun ciminaa fi ga'uumsa qaamaa qabaachuun ni barbaachisa. Qixa dhiyeessa meeshalee kunneenii fi tattaaffii dhuunfaa poolisiin taassisun miidhaa tarkaanfii humnaa fudhachuun dhufu hir'isuun haala danda'amu irratti haala qabatamaa mana hojii keessan keessatti mul'atu maal fakkaata?

1.5.3. Madaalawaa /Proportionality

Hanga danda'ametti Poolisiin tarkaanfii humnaa fudhachuu fi tarkaanfii rasaasaa fudhachuu irraa of qusachuu qaba. Yoo fudhatees yakka dalagamee fi kaayyoo seera qabeessa akeekame raawwachiisuu qofaaf ta'uu akka qabu qajeelfamni tarkaanfii humnaa fi rasaasaa kw. 4 fi 5 akkasumas Koodiin naamusa seera raawachiiftuu kw. 3 jalatti ni eera.[66] Tarkaanfiin fudhatamuun dura Poolisiin kamiyyuu wal madaalchisuu kan qabu bu'aa tarkaanfii humnaa fudhachuu fi kaayyoo tarkaanfii humnaa fudhachuun galma ga'uu dha. Yeroo galmii argamuuf deemu bu'aa tarkaanfii humnaa fudhachuun gadi ta'eetti Poolisiin tarkaanfii kana fudhachuu irraa of qusachuu qaba. SDFY kew. 33/4/ poolisiin tarkaanfii sababaawaa ta'ee fi ajaja raawwachuuf isa gargaaru qofa fudhachuu akka qabu ni kaa'a. Qabiinsaan wal qabatees seerumti kun kw.56/4/ jalatti tarkaanfii madaalawaa fudhachuu akka qabu ni kaa'a. Tarkaanfiin madaalawaa hin taane bu'aa hin barbaachifne hordofsiisa waan ta'eef of eeggannoo gochuun dirqama dha. Fakkeenyaaf; Shakkamaa qabeenya namaa hate Motoraa ariitii olaanaa konkolaachisaa miliqaa jiruutti Konkolaataa Poolisii fuldura dhaabuun shakkamaan balaa uumamuun lubbuun darbuu ykn baay'ee miidhamuu waan danda'uuf tarkaanfii madaalawaa hin jedhamu.

Qaphxii marii

[66] Akkuma Olii, fuula 248

Seerri deemsa falmii yakkaa kw. 33 fi 56 jalatti poolisiin ajaja seera qabeessa raawwachuuf tarkaanfii madaalawaa fudhachuu akka danda'u ni kaa'a. Tarkaanfiin madaalawaa kunneen maal fa'ii ta'uu danda'u. Rakkoolee qabatamaa naannoo mana hojii keessaniitti mul'atan waliin qabsiisaati mari'adhaa.

1.5.4. Itti Gaafatamummaa /Accountability/

Qaamni seera raawwachiisu gara tarkaanfii humnaa fudhachuutti oggaa ce'uutti filannoo isaa kanaaf itti gaafatamummaa fudhachuu qaba. Itti gaafatamummaa kun poolisii dhuunfaa qofatti daanga'uu kan qabu otuu hin taane hoogganaa Olaanaa ajaja kana kenne, Poolisoota ergama kana irratti hirmaatanii fi mootummaa biyya bulchu illee kan dabalatuu dha. Qajeelfama Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu /Basic Principles for the Use of Force and Firearms by Law Enforcement Officials/ kw. 22 jalatti tarkaanfiin humnaa erga fudhatameen booda hogganaan ykn mootummaan seerummaa tarkaanfii fudhatame sakatta'uu akka qabu ni kaa'a. Qajeelfamni kun kw.8 jalatti jeequmsi siyaasaa ykn gaaga'amni hawaasaa biroon qajeelfama tarkaanfii humnaa fi rasaasaa bulchan irra darbuuf sababa akka hin taane kaa'a.

Bu'aan qajeeltoo kana kabajuu dhiisuu mirga namoomaa shakkamaa sarbuuf ka'uumsa dha. Tarkaanfiin humnaa qajeelfamoota kanneeniin ala fudhatamu hariiroo hawaasaa bal'aa fi qaama seera raawwachiftuu gidduu jiru gara diinummaatti guddisuu illee kan danda'uu dha. Kanaaf of eegganoo cimaa gochuun barbaachisaa dha. Qajeelfamni Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu hariiroo hoogganaa fi poolisii gidduu jiru ilaalchisee qajeeltoo bu'uuraa lama kaa'eera.Isaaniis

1. Poolisii qajeelfama ykn seera kabajuudhaan tarkanfii humnaa fi rasaasaa fudhachuu dide ykn tarkaanfii humnaa fi rasaasaa seeraan ala miseensa biraatin fudhatame Poolisiin qaama olaanutti gabaase mootummaaan Poolisii kana irratti tarkaanfiin naamusaa akka irratti hin fudhatamne mirkaneeffachuu qaba.[67]

[67] Mootummoota Gamtoomanitti Qajeelfama Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu kw. 25

2. Tarkaanfiin humnaa fi rasaasaa qaama olaanaan ajajame seera maleessa ta'uu otuu beekuu fi ajaja kana raawwachuu dhiisuuf sababa gahaa otuu qabuu Poolisiin miidhaa qaamaa ykn ajjechaa raawwate itti gaafatamummaa jalaa bahuuf ajaja kana akka sababaatti dhiyeessuu hin danda'u jedha.[68]

Dhimma 9 ffaa

Dhimmi kun mana murtii Aanaa Magaalaa Adaamaatti kan ilaalame yoo ta'u himatamaan miseensa Poolisii Magaalaa Adaamaati. Gaafa 29/04/2010 ALI tti halkan keessaa sa'aatii 3:00 yoo ta'u Mag/Adaamaa kutaa magaalaa Luugoo ganda Biiqqaa jedhamutti mooraa Bashannanaa Giloorii jedhamutti lolli ka'ee namootni qaruuraa walitti darbachuu eegalaniiru. Himatamaanis Poolisoota biroo sadii fi hidhataa afur qabatee bakka lolaatti argameera. Hojjataan mana bashannanaa namoota jeequmsa uuman jechuun yoo quba miidhamaa fi hiriyoota isaatti qabutti himatamaan qawwee qabatee jiru hidhataatti kennuudhaan Ulee shimalaa hidhataa irraa fudhatee miidhamaa kana miila isaa rukutuun lafee miila bitaa cabseera. Himatamaanis SY kw. 555/c/ jalatti himatameera. Himatamaan dirqama hojii kootii bahuuf kanan raawwadheedha jechuun gama Abukaatoo isaatiin himannaa isarratti dhiyaate mormeera.[69]

Dhimma 10ffaa

Dhimmi kun mana murtii Aanaa Colleetti ilaalame. Himatamaan miseensa poolisii sadarkaa It/Aa/Koomaandaraatti jiruu dha. Himatamaan kun gaafa 08/03/09 ALI galgala sa'aatii 12:30 yoo ta'u yakki hannaa dalagamuu isaa eeruun bilbilaan isa qaqqabeera. Innis bakka yakki dalagame jedhamutti yoo qaqqabu miidhamaa kanatu sangaa hatee jira jedhamee itti himama. Poolisiin ykn himatamaan kunis ulee kazaraa of harkaa qabuun dugdaa, miila bitaa fi mirgaa miidhamaa dhuunfaa irra deeddebisee rukutuun gara Buufata poolisiitti to'annaa jala oolchuun fideera. Abbaan alangaa rukuttaa miidhamaa irratti raawwateef SY kw. 556/2/ jalatti miidhaa qaamaa salphaa qaqqabsiisuun himatamaa himatameera. Ragootni abbaa alangaa qixa himanaa dhiyaaten yoo mirkaneessan himatamaan garuu ofirraa ittisuu hin dandeenye. Himatamaanis dirqama hojii koo bahaa otuun jiru miidhamaadhaan qootiyyoo akkam goote jedhe gaafannaan maal si galche naan jedhee miira keessa na galchee waan tureef rukutuu danda'e jedheera.

[68] Akkuma Olii, kw. 26

[69] Abbaa Alangaa Vs Gar/Saj. Darajjee Shifarraa, Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa, lakk. Galmee 09998

Kanaafis ragaa ittisaa dhiyeesseera. Manni murtii jecha ragaa ittisaa yoo xiinxaluutti kan hatame qotiyyoo obboleettii himatamaa ta'uu fi yakka kana itti yaade kan raawwate otuu hin taane jeequmsa tasaa sammuu isaa mudateen waan ta'eef jechuun SY kw. 557/1/b/ jalatti murtii balleessummaa kenneera. [70]

Qaphxii marii

- Dhimmoota armaan oliin wal qabatee tarkaanfilee humnaa gama Poolisiitin fudhatame qixa qajeeltoo tarkaanfii humnaa fudhachuutin akkamitti ilaaltan?

1.6. Tarkaanfii Rasaasaan Rukutuu

Qajeelfamni Bu'uura Tarkaanfii Humnaa fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu kw. 9 jalatti qaamni seera raawwachiisu ykn Poolisiin tarkaanfii rasaasaan rukutuu fudhachuu kan qabu:

i. Ajjeechaan ykn miidhaan qaamaa cimaa isa Poolisii kana irra ykn nama biraa irra tasa sanatti qaqqabuuf jiru ittisuuf
ii. Yakki cimaa ajjeechaa lubbuu dabalatee raawwatamuuf jedhu hambisuuf
iii. Nama yakka armaan ol caqasaman raawwatee irratti tarkaanfiin akka hin fudhanneef nama ittisaa ture qabuuf ykn akka hin miliqnee gochuuf
iv. Kayyoowwan armaan ol ibsaman galmaan gahuuf tarkaanfii miidhaan isaa xiqqaatu fudhachuun gahaa ta'uu yoo baate

Tarkaanfii Rasaasaa fudhachuuf poolisiin wal duraa dubaan wantoota armaan gadii raawwachuun barbaachisaa dha. [71]

1. Poolisiin tarkaanfii kana fudhatu poolisii ta'uu isaa of beeksisuu qaba. Kunis baajii ykn haala uffannaa irraa kan dubbifamu ta'uu qaba. Bakka kun hin jirreetti afaaniin dubbachuun beeksisuun irraa eegama.
2. Poolisiin tarkaanfii rasaasaa fudhachuuf jiraachuu isaaf of eeggannoo kennuu qaba
3. Namootni ofeeggannoo kana dhagahaan akka itti yaadaniif yeroo muraasa kennuufii

[70] Abbaa Alangaa Vs It/A/Kom. Shifarraa Mangistuu, Mana MUrtii Aanaa Collee, glmee lakk.17238
[71] Akka miil-jalee 30ffaa, fuula 23-24

4. Of eeggannoon kenname fudhatamummaa dhabee yoo jiraatee fi wantootni tarkaanfii kana akka fudhatu dirqisiisan itti fufanii yoo jiraatan tarkaanfii kana fudhachuu danda'a
5. Tarkaanfii rasaasaa erga fudhateen booda gargaarsa wal dhaansa fayyaa akka argatan miidhamtoota gargaaruu
6. Namoota miidhaman ilaalchisee maatii fi fira isaanii yeroon beeksisuu
7. Seerummaa tarkaanfii kanaa akka qoratamuuf hoogganaa isaatti beeksisuu dha.

1.6.1. Tarkaanfii Rasaasaa Gurmuu Namootaa keessatti fudhatamu

Jeequmsi seeraan alaa buufata poolisiitti ykn mana sirreessaa keessatti sirreeffamtootaan ykn shakkamtootaan uumamuu ni danda'a. Yeroo kanatti tarkaanfii rasaasaa fudhachuuf qajeeltoo armaan olii kan hordofe ta'uu qaba. Dabalataan, bu'aan tarkaanfii rasaasaa yeroo kanatti fudhatame miidhaa guddaa hordofsiisuu waan danda'uuf jeequmsa uumame mariidhaan furuuf ykn nagaa buusuuf poolisiin hanga danda'aameetti filannoo tarkaanfii humnaan ykn tarkaanfii rasaasaan ala jiru duguuguun obsa guddaan gargaaramuu qaba.

Shakkamaan ykn sirreeffamaan to'annaa jila jiru rakkoo naamusaa ykn rakkoo fayyaa isa mudateen jeequmsa uumuu danda'a. Tarkaanfiin humnaa kan akka harka ykn miila hidhanii tursiisuu fudhatamuu kan qabu nageenya mana sirreessaa ykn nageenya hidhamtoota ykn shakkamtoota biroo eeguuf ta'uu qaba. Tarkaanfiin kun shakkamaa ykn sirreeffamaa adabuuf otuu hin taane nageenya iddichaa eeguuf fudhatamuu qaba.[72] Tarkaanfiin rasaasaa fudhatamus qajeeltoowwan armaan olii kan bu'uureeffate ta'uu qaba.

1.6.2. Tarkaanfii Rasaasaa Fudhachuun Duraa fi Booda Of eggannoo Godhamuu qabu

Qaamni seera raawwachiisu ykn Poolisiin tarkaanfii rasaasaa fudhachuun dura tarkaanfii kana fudhachuuf dirqamamaa jiraachuu isaa shakkamtoota ykn sirreeffamtootaaf mala gara garaatin ifa gochuu qaba. Kunis samiitti dhukaasuun ykn afaaniin of eeggachiisuun ta'uu danda'a. Qaamni jeequmsa uumaa jiruu of eeggannoo kana sodaachuun hojii seeraan alaa irraa deebi'a ykn ni dhiisa taanaan tarkaanfii rasaasaa fudhachuun hin barbaachisu. Of eggannoo kana fudhachuu yoo baate garuu gara tarkaanfii kan deemamu ta'a.

[72]Akka miil-jalee 4[ffaa], fuula 264

Erga tarkaanfiin rasaasaa fudhatameen booda Poolisii kana irraa kan eegamu nama miidhaan qaamaa irra qaqqabe gara buufata fayyaatti qaqqabsiisuu ykn akka qaqqabu taassisuu dha. Itti aansuun tarkaanfii kana fudhachuu isaa hoogganaa beeksisuu dha. Hoogganaanis seera qabeessuummaa tarkaanfii kanaa mirkaneeffachuu qaba.

Dhimma 11 ffaa

Dhimmi kun Mana Murtii Olaanaa Godina Arsiitti kan ilaalame yoo ta'u Himatamaan sadarkaa Ga/Saajiin irratti argamu gaafa guyyaa 02/10/2008 ALI halkan keessaa tilmaamaan sa'aatii 7:00 yoo ta'u Aanaa collee ganda Waraguu Jaawwii keessatti miidhamaan dhuunfaa X jedhamu balbala mana Addee Almaaz jedhamtu dura dhaabbatee balbala bani jedhee bilaadhaan yoo sodaachisu addee Almaaz iyyitee jirti. Iyya kana birmachuun himatamaanis ykn poolisiin mana addee Almaaz bira qaqqabee miidhamaadhaan maaliif kana goota ke'ee isheetii bahi, billaa qabattees lafa kaayi, adaraa seeraa jechuun gaafateera. Miidhamaanis cuubee lafa kawuu didee yoo jedhutti himatamaanis waaqarratti rasaasa tokko dhukaasee jira. Ammallee miidhamaan billaa qabate lafa kaawuu didee himatamaa waraanuuf yoo deemuutti himatamaan ***daangaa dirqisiisummaa irra darbee*** meeshaa waraanaa kilaashii lakk. ZHD8691 ta'een marsaa duraa miila irra, marsaa lamataa laphee cinaa bitaa rukutuun waan ajjeeseef s/y kw. 541/1/a/ irra darbuun himatameera. .[73]

Qaphxii marii

1. Dhimma armaan ol qixa qajeeltoowwan tarkaanfii humnaa fi rasaasaatin irratti mari'adhaa.
2. Tarkaanfii rasaasaa fudhachuun duraa fi booda of eeggannoo taassifamuun wal qabatee hojimaata qabatamaan jiru irratti mari'adhaa.

[73] A/Alangaa Godina Arsii vs Ga/Saj. Shifarraa Geetuu, Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii, lakk.47470

Boqonnaa Lama

Naamusa Poolisii fi Eegumsa Mirga Namoomaa

Seensa

Yakki akka hin raawwatamne ittisuun dirqamoota poolisii keessaa isa duraa yoo ta'u yakka raawwatame immoo qorachuun shakkamtoota namoota nagayaa irraa addaan baasuun seeraaf akka dhiyaatu taasisuun hojii itti aanu ta'a. Adeemsi yakka qorachuu kun hanga seerri hayyamu caalaa mirga namaa akka hin sarbine of eeggannoon barbaachisu kamiyyuu godhamuu qaba. Hojii kana keessatti fedhii qaama yakkichaan miidhamee (victim), fedhii ummataa fi kan shakkamaatu jira. Poolisoonni yakka qoratan fedhiiwwan (interests) kunniin akka wal madaalan gochuun mirgi miidhamaa, mirgi hawaasa bal'aa fi mirgi shakkamaa akka hin miidhamne (hin sarbamne) of eeggannoo cimaa gochuu qabu. Dhimma kana irratti sanadootni mirga namoomaa addunyaa mirgoonni kunniin akka wal madaalaniif haguuggii seeraa (legal framework) lafa kaa'u.

Poolisoonni seera raawwachiisan yeroo hedduu haalota baay'ee nama dhiphisan ykn balaa hordofsiisuu danda'an (stressful and dangerous) keessattii fi namoota seera darban ykn darbuun shakkaman waliin kan hojjatan ta'uun isaa duudhaa (moral) fi naamusa (ethics) ol'aanaa qabaachuu akka qaban isaan dirqisiisa. Dhimmoota kanniin naamusa ol'aanaan kan raawwatan yoo ta'e qofa poolisoonni akkaataa seerri jedhuun hojjataniiru kan jedhamu. Kana jechuun, yeroo baay'ee haalonni poolisoonni keessatti seera raawwachiisan rakkisaa ta'uun isaa fi namoonni isaan keessummeessan kanneen seera darbanii fi darbuun shakkaman ta'uun isaa seeronni mirga namoomaa kabachiisuuf bahan akka caban kan nama kakaasu waan ta'eef poolisoonni obsaa fi naamusa ol'aanaan raawwachuu qabu.

Boqonnaa kana jalatti waa'een naamusa Poolisii qixa mirga namoomaa shakkamaa, himatamaa fi sirreeffamaa seeraatiin kan ilaalamu yoo ta'u, eegumsaa mirga namoomaa shakkamaa fi himatamaa keessatti barbaachisummaan naamusa poolisii jalqabarratti ni xiinxalama. Itti aansuun hariiroo hojii A/Alangaa fi poolisii jidduu jiraachuu malu maal akka ta'e kan ilaalamu ta'a. Dhumarratti irratti dirqamaa fi sirna itti gaafatamummaa Poolisii qixa miga namoomaa shakkamaa fi himatamaatin kan ilaallu ta'a.

Xumura leenjii kanaa irratti leenjifamtoonni:

- Haala qabiinsa mirga namoomaa shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaa keessatti gahee naamusa dhuunfaa miseensota poolisii irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Naamusni ogummaa maal akka ta'e hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Eegumsa mirga namoomaa shakkamtootaa fi himatamtootaa keessatti rogummaa naamusni ogummaa Poolisii qabu ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Mirga namoomaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti dirqamaa fi itti gaafatamummaan seeraa, itti gaafatamummaan hooggansaa fi itti gaafatamummaan hojimaataa miseensonni poolisii qabaachuu qaban maal akka ta'an irratti beekumsa isaanii ni fooyyeffatu.
- Hariiroo hojii A/Alangaa fi poolisii gidduu jiraachuu qabu ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Mirga namoomaa shakkamtootaa fi himatamtootaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti naamusaa fi itti gaafatamummaan poolisii maal akka ta'e eega hubatanii booda hojirra oolmaa isaatif of qopheessu.

2.1. Naamusa Qorataa Poolisii Fi Mirga Namoomaa Namoota Yakkaan Shakkamanii

2.1.1. Maalummaa Naamusaa

Kallattiidhaan gara naamusa poolisiitti osoo hin seenin naamusni maal akka ta'e gabaabsinee ilaaluun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan jecha naamusa jedhu ogeessotni dhimmicharratti qorannoo gaggeessan hedduun hiika wal fakkaataa yoo kennaniif ni mul'ata. Kanneen keessaa kitaabni barnoota falaasamaa (Text Book of Phylosophy) jedhu yaad-rimee naamusaa akka itti aanutti hiikeera: "*Ethics is the branch of philosophy that studies what constitutes good or bad human conduct, including related activities and values*".[74] Akka hiikkaa kitaaba kanaatti naamusa jechuun damee saayinsii falaasamaa yoo ta'u amala namaa gaarii fi yaraa kan qoratuu dha. Akkasumas gochaawwanii fi duudhaalee kanaan wal qabatan kan hammatuu dha.

Hiikkaawwan ogeessotaa fi kitaabota gara garaatin kennaman walitti cuunfamanii yoo ilaalaman, naamusa jechuun qajeeltoo safuu amalli namaa ittiin hoogganamu, yaada yookiin gochi tokko

[74] Vicent Barty, *Phylosophy a text with reading* (2nd, 1983), fuula.95. (Moojulii Naamusa Ogeessota Qaamolee Haqaa Oromiyaa: seeraa fi Hojimaata jedhu, ILQSO tti Baacaa Taayyee fi Shaambal Hordofaatin qophaa'e keessatti akka ibsametti.

sirrii ta'uu fi dhiisuu yookin gaarii ta'uu fi dhiisuu isaa adda baasuuf sona kallattii kaa'uu fi dirqama namni tokko nama biraatif qabu kan tumuu dha. Kunis naamusni adda durummaan amala namaa wajjiin kan wal qabatu ta'uu isaa agrsiisa. Sababni isaas, naamusa nama tokkoo yeroo jennu, amala namni tokko irra deddeebiin hojjachuun ittiin beekamu yookiin gaarii fi yaraa kan ittiin filatu yookiin gaarii fi yaraa irratti ilaalchaa fi amantaa namni tokko qabu ilaalchisee gochaawwan namicha bakka bu'uu danda'an ta'uu isaa hiikoo olitti ibsame kanarraa hubachuun nama hin rakkisu.[75]

Gama biraatin, naamusa ogeessi seeraa tokko tarkaanfii seerummaa fudhachuu danda'uu fi qabaatu wajjiin wal cinaa qabnee ilaaluun barbaachisaa ta'a. Haaluma kanaan, ogeessi seeraa kamiyyuu naamusaa fi istaandardiiwwan naamusaa qabaachuu jechuun gocha sirrii yeroo sirriitti kallattii sirrii ta'een raawwachuu akka ta'e ni hubatama. Qabxiileen kunniin qorataa poolisiitis kan ilaallatan waan ta'eef qorataan poolisii tokko hojii isaa keessatti tarkaanfilee fudhatu kamiiyyuu keessatti wantoota kanniin hojirra oolchuu danda'uu qaba. Lammiileen biyya kamiituu ogeessota seeraa fi qorattoota poolisii irraa wanti eegan naamusaa fi duudhaalee naamusaa ogeessonni kunniin ittiin hoogganamanii fi ittiin jiraatan akka qabaatanii fi hojirra oolchanii dha.

Qorattoonni poolisii ykn ogeessonni qaamolee haqaa kamiyyuu duudhaalee fi naamusa isaan irraa eegamu qabaachuu fi dhiisuu isaanii adda baafatanii beekuun, akka kajanii fi hojirra oolchan gochuudhaaf naamusni isaanii kun waan irratti hundaa'ee ittiin safaramu qabaachuun barbaachisaa ta'a. Akka dhaabbatni "*Josephson institute of Ethics*", (1992) jedhamu ibsutti, hawaasni jabana qaroominaa kana keessatti argamu immoo naamusa qorataa poolisii ykn ogeessota qaamolee haqaa irraa barbaadamu gonfachuu fi dhiisuu isaanii ittiin safaranii addaan baafachuudhaaf utubaaleen amalaa jaha (*six pillars characteristics*) kabajamuu akka qabanii fi isaan kunis dhama qabeessa akka ta'anitti fudhatu. Kana biras darbee qorataan poolisii adeemsa hojii qorannaa yakkaa keessatti hojirra akka oolchuuf barbaadu. Utubaalen kunis:

1. Amanamuu danda'uu (trustwothiness**)**:- hawaasa tajaajila kenninuuf keessatti poolisiin qorannaa gaggeessu kamiyyuu kallattii naamusa dhuunfaa isaatinis ta'ee kabaja mirga namoomaatiin amanamuu danda'uun isaa kan ittiin wal qabatu ijjannoo gaarii (*integrity*),

[75] .Baacaa Taayyee fi Shaambal Hordofaa, 'Naamusa Ogummaa Ogeessota Qaamolee Haqaa Oromiyaa: Seeraa fi Hojimaata' (ILQSO, Moojulii Leenjii Hojirraatif Qophaa'e, 2010), fuula 6.

dhugummaa (*honesty*), waadaa ofii eeguu (*promise keeping*) fi amanamummaa (*loyalty*) ta'uu;

2. Namaaf kabaja (respect) kan qabu:- duudhaalee fi sonaalee ogummaa hojii isaa irratti hundaa'uun kan tajaajilu, maal naan jedhanii irraa fagaachuudhaan dhugaa qofa irratti kan hundaa'e, garaagarummaa yaadaatti kan amanu, dhiibbaa adda addaa irraa bilisa ta'ee ofitti amantaan kan hojjatu ta'uu;
3. Itti Gaafatamummaa (responsibility):- hojii hojjatuuf itti gaafatamummaa kan fudhatu, gahee fi hojii isaa beekee sirnaan bahachuu kan danda'uu fi tajaajila irraa eegamu gahumsaan bahachuu fi kanuma mirkaneessuu kan danda'u ta'uu;
4. Haqummaa (justice):- hojii isaa haala iftoomina qabuun, haala wal fakkaatuu fi itti fufiinsa qabuun akkasumas loogiin ala haala ta'een kan raawwatuu fi gaafatamummaa isaa kan bahatu ta'uu;
5. Kunuunsa (caring):- ofii isaa bakka namoota biroo buusee ilaaluu kan danda'u, rakkoo namaa salphaatti hubachuu kan danda'uu fi gochoota gara jabeenyaanii fi hammeenyummaan hojjataman irraa kan fagaate ta'uu fi
6. Gaarummaa (civic virtues):- tajaajilli kennamu faayidaa fi dantaa hawaasa bal'aatiif haala bu'aa buusuu danda'uun, seeraa fi seera qofarratti hundaa'udhaan gahee isaa kan bahatu ta'uu qaban kanneen jedhamanii dha.

Kanaafuu, qorataan poolisii tokko amaloonni kun adeemsa hojii qorannaa yakkaa keessatti kan isa irraa barbaadamuu fi kabajuu fi kabajuu dhiisuu mirga namoomaa shakkamaa wajjiin kallattiidhaan qunnamtii qabaachuu bira darbanii hojii hojjatamu keessatti dhiibbaa gaarii ykn hamaa waan qabaniif dursanii hubachuu fi dhaqneeffachuudhaan hojiirra oolchuun isaan irraa eegama jechuu dha.

Akkuma armaan olitti ibsametti qaama seera raawwachiisu (poolisii) dhaaf aangoof gahee hojii seeraan kennameef beekuun qofti gahaa miti. Miidhaa hojiin kun hawaasarraan gahuu danda'uu fi bu'aa isaa sirriitti hubachuu qabu. Kanaafuu, poolisoonni seera raawwachiisan (keessattuu qorattootni yakkaa) naamusaa fi amala gaarii hojichaaf barbaachisu sadarkaa barbaadamuun qabaachuu qabu. Naamusa dhuunfaa ofii qabaachuudhaan akka jaarmayaatti dhaabbileen seera kabachiisan amantaa ummataa akka horatan taasisuun dhimma murteessaa dha. Egaa hiikoo fi barbaachisummaan naamusaa gabaabinaan kan hanga ammaatti kaafne yoo ta'u naamusa

dhuunfaa, naamusa garee fi naamusa ogummaatti addaan baafnee akka armaan gadiitti ilaaluu yaalla.

2.1.2. Naamusa Dhuunfaa

Qajeeltowwan naamusaa olitti ibsaman sadarkaalee adda addaatti hojirra oolu. Sadarkaalee kanniin keessaa naamusni dhuunfaa ogeessichaa isa duraati jechuu dha. Naamusa dhuunfaa jechuun duudhaa, safuu fi ilaalcha (*belief*) dhuunfaa ogeessi tokko qabaachuu qabuu dha. Adeemsa seera raawwachiisuu keessatti gosaa fi haala tarkaanfilee fudhatamanii sadarkaa jalqabaatti kan murteessu ogeessa (poolisii) waan ta'eef naamusni dhuunfaa poolisiin kun qabu seera qabeessummaa fi qulqullina tarkaanfii Sanaa murteessuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Naamusni dhuunfaa kan fooya'u muuxannoo, barnootaa fi leenjii namni sun argatuun ta'uu ni danda'a.[76] Egaa amala poolisii tokkoo fooyyeesuu keessatti wantootni kunniin iddoo guddaa qabu jechuu dha. Dhiibbaan gama hiriyaa isaa irraa itti dhufus jijjiirama amalaa fiduu akka danda'u taasisuu ni danda'a. Kanaafuu, poolisii seera kabachiisu (qorataa yakkaa) tokkoof tarkaanfiin inni fudhatu seera qabeessa ta'uuf dhiisuu isaa beekuuf seera dhimma sanaaf barbaachisu beekuun isaa qofaan gahaa akka hin taane hubatamuu qaba. Mirga namoomaa lammiilee kabachiisuu keessatti naamusni dhuunfaa poolisichaa iddoo ol'aanaa qaba jechuu dha.

Mirga namoomaa shakkamaa fi himatamaa haala guutuu ta'een kabajuu fi kabachiisuuf naamusni dhuunfaa qorataan poolisii tokko qabaachuu qabu hedduu dha. Isaan keessaa, hojii isaa irratti kaka'umsa cimaa qabaachuu, sodaa malee ejjannoo ofii ibsachuu danda'uu (self-assertiveness), yeroo aarii of too'achuu danda'uu, qindoominaan hojjachuu danda'uu (collaborative leadership skill), hawaasa waliin walitti dhufeenya gaarii uumuu danda'uu fi yeroo hunda ejjannoo tokko qofarratti goguu osoo hin taane haalota jijjiiraman dafanii hubachuun hojjachuu (flexibility) danda'uu kanneen jedhan isaan baay'ee murteessoo dha.

Dambiin ittiin bulmaataa miseensota KPO naamusa dhuunfaa ilaalchisee wantootni tume jira. Inni jalqabaa keewwata 54(2-A) jalatti kan ibsame yoo ta'u miseensi poolisii tokko "iddoowwan argamuu hin qabnetti argamuu dhabuu, kabaja mataa isaa fi dhaabbatichaa eeguu" kan jedhuu dha. Kan biraa immoo qulqullina dhuunfaa eeggachuu dhabuu fi uffata seeraa uffatanii iddoo hin

[76] Akka miil-jalee 4ffaa, fuula 139.

taanetti argamuun akka balleessaawwan naamusaa salphaatti adabbii kan hordosiisan ta'uun tumameera.[77]

Qaphxii Marii

- Qorataan poolisii tokko kabajamuu mirga namoomaatiin wal qabatatee akka dhuunfaatti naamusni inni qabaachuu qabu maal fa'a jettanii yaaddu?

2.1.3. Naamusa Garee

Naamusni dhuunfaa sirnaan hojirra oole yoo ta'e naamusni garee akka uumamu taasisa. Poolisoonni hundi waliigalteen akka hojjatanii fi dhimma dhuunfaa caalaa dhimma gareen isaan ilaallatu irratti akka xiyyeeffatan taasisa. Naamusni garee yoo cime poolisoonni hundi garee sana keessa seenanii hojjachuuf waan kaka'aniif naamusa horatu jechaa dha. Naamusni garee fi naamusni dhuunfaa kan wal bakka bu'an osoo hin taane lamaanuu walqixa kan barbaachisanii dha. Kanaafuu, naanusni poolisootaa kan madaalamuun naamusa dhuunfaa isaanii qofaan osoo hin taane naamusa gareetin ta'uu qaba.[78]

Akkaataa dambii ittiin bulmaataa miseensota KPO tiin miseensi poolisii kamiyyuu gochaa tokkummaa miseensotaa diigu irratti hirmaachuu, ta'e jedhee hojiin akka hin hojjatamne jeequu yookin warra jeeqan waliin hariiroo uumuu, iddoo hojiitti lola uumuu yookin wal reebuu fi miseensa waliin hojjatu sobaan himachuu yookin eeruu sobaa dhiyeessuun akka balleessaawwan naamusaa cimootti tumameera.[79] Akkasumas dambiin kun kwt. 67(3) jalatti miseensi poolisii kamiyyuu miseensota isaa gadii tuffachuu fi rifachiisuu akka balleessaa salphaatti teechisera. Egaa dhimmoonni kunniin garee poolisii irratti dhiibbaa hamaa kan geessan waan ta'eef dambiin kun naamusni miseensotaa cimina gareetif murteessaa ta'uu hubachuun dhoorkaa taasise.

Dhimma 12^{ffaa}

Dhimmi kun Godina Arsii mana murtii Aanaa Doddotaatti dhimma yakkaa galmee lakk. 17971 ta'een falmirra turee dhaddacha gaafa 17/03/2011 ooleen murtii argatee dha. Ijoon Himannichaa:

[77] Dambii Ittiin Bulmaataa Miseensoota Poolisii Komishinii Poolisii Oromiyaa Lakk. 191/2009 kwt. 67(7 fi 8).
[78] Akka miil-jalee 4^{ffaa}, fuula 140-141.
[79] Akkuma miil-jalee 77^{ffaa}, kwt. 68(4,5,7 fi12)/

Himatamtootni miseensa poolisii Aanaa Doddotaa ta'anii hojjachaa osoo jiranuu miidhamtuu dhuunfaa miseensuma poolisii waliin hojjatan hojii dambii tiraafikaa kabachiisuu irra jirtu koottuu meeshaa kee fudhadhu jedhanii mana himatamtuu takkaatti eega yaamanii booda "maalif nu hamatta?" Jechuun kaballaa fi dhiitichoon qaama isii iddoo adda addaa rukutanii miidhuun paadii isiin ittiin hojjachaa turtes harkaa waan fuudhaniif yakka miidhaa qaamaatiin himatamaniiru kan jedhuu dha. [80]

Qabxii Marii

- Dhimma armaan olii kana naamusa dhuunfaa fi naamusa garee miseensonni poolisii qabaachuu qaban waliin ilaaluun irratti mari'adhaa!

2.1.4. Naamusa Ogummaa (professional Ethics)

Ogummaa kamiyyuu keessatti naamusni ogummaa (professional ethics) baay'ee barbaachisaa fi ogeessa dhimmichi ilaaluun kabajamuu kan qabuu dha. Haaluma kanaan naamusni ogummaa poolisii akka waliigalaatti fi kan qorattootaa akka addaatti barbaachisaa dha. Kabajamuu mirga namoomaa shakkamtootaatiif naamusni ogummaa kan qorattootaa hedduu murteessaa dha. Dhimma kana ilaalchisee Koodiin Naamusaa Qaamolee Seera Raawwachiisanii (*Code of Conduct for Law Enforcement Officials*) bara 1979 raggaasifameera.[81] Koodiin naamusaa kun naamusa ogummaan poolisummaa barbaadu fi adeemsa seera kabachiisuu keessatti hordofamuu qabu tarreesseera. Sanadni koodii naamusa poolisummaa Awurooppaa Mana Marii Awuroopaatiin (*Council of Europe*) miseensota gamtichaa jiddu-galeessa godhatee qophaa'es[82]akkuma koodii namusaa qaamolee seera raawwachiisanii ilaalchisee Mootummoota Gamtoomaniitiin bahee adeemsa seera kabachiisuu keessatti dhimmoota hordofamuu qaban addeesseera. Dabalataan Chaartariin Mirga Namoomaa fi Mirga Ummataa Afrikaa (*African Charter on Human and People's Rights*) akka sanadoota lamaan kanniinii naamusa qaamota seera raawwachiisaniitif addatti kan qophaa'e ta'uu baatus mirga namoomaa namoota yakkaan shakkamanii tumeera.

[80] A/Alangaa vs Gar/Saj. Immabeet Dajanee fa'a Mana Murtii Aanaa Doddotaa, lakk. Galmee 17971.
[81]Code of Conduct for Law Enforcement Officials, Adopted by General Assembly resolution 34/169 of 17 December 1979, kwt. 6[ffaa].
[82].The European Code of police Ethics, Recommendation (2001) 10, adopted by the Committee of Ministers of the Council of Europe on 19 September 2001, and Explanatory memorandum.

Akka naannoo Oromiyaatti Dambiin Ittiin Bulmaata Miseensota Poolisii KPO lakk. 191/2009 duudhaalee naamusaa poolisoota naannichaa irraa eegaman haammateera. Kutaa xiqqaa (*sub-section*) itti aanu keessatti sanadoota kanneen wabii godhachuun naamusi ogummaa poolisii xiinxalameera.

2.1.4.1. Ejjennoo cimaa qabaachuu (Integrity) fi Amanamummaa (Honesty)

Koodiin naamusa qaamolee seera raawwachiisanii (*Code of conduct for Law Enforcement officials*) akka ibsutti poolisiin gochaa malaammaltummaa gosa kamirraayyuu of eeguu qaba. Irraa of eeguu qofa osoo hin taanee mormuu fi itti qaabsaa'uu akka qabu dirqama itti kenna. Dhoorgaan kun gochaawwan kennaa yookiin waadaa bifa kamiiyyuu fudhachuu, fudhachuuf yaaluu yookiin gaafachuu kan dabalatuu dha.[83] Chaartariin mirga namoomaa fi mirga ummataa Afrikaatis mirgi dhala namaa kabajamuu akka qabu ni ibsa. Keessattuu Kabaja ilmi namaa nama ta'uu isaatin argachuu malu haala kamiinuu mulqamuu akka hin qabne, torcharii fi haala farra namoomaa ta'een ilma namaa qabuun (*inhuman treatment*) dhoorkamaniiru. Namni kamiyyuu akka feeteen qabamuu fi too'annaa jala ooluu (*no one may be arbitrarily arrested or detained*) akka hin qabne cimsee akeekkachiiseera.[84]

Kanaafuu, poolisiin hojii isaa keessatti mirga namoomaa shakkamaa fi himatamatamaa kabajuu fi kabachiisuuf dirqama ol'aanaa akka qabu beekee kanaafis amanamaa ta'ee hojjachuu qaba. Ilaalchaa fi gochaan malaammaltummaa kamiiyyuu ejjannoo kanarraa isa maqsuu hin qaban. Qaamni kamiyyuu miseensa poolisii kamiyyuu faayidaa adda addaatin gowwoomsee seeraan ala nama akka hidhuu fi qaama isaa irra miidhaa akka geessu taasisuu hin qabu. Poolisiinis qaamota akkanaa kana irraa ofqulqulleessee akkaataa seeraatiin hojii isaa raawwachuu qaba. Haala kanaan kan hojjatu yoo ta'e qaamni nageenyaa akka waliigalaatti, qorattootni poolisii immoo akka addaatti ummata biratti amantaa horatu jechuudha.

Akka Dambii Ittiin Bulmaata Miseensota poolisii KPO, lakk. 191/2009 keessatti ibsametti miseensi poolisii kamiyuu dandeettii fi beekumsa qabu osoo hin qusatin hojii isaa raawwachuu qaba. Kana malees, dambichi poolisiin tokko tajaajila kennuuf kennaa fudhachuu yookiin

[83] Akkuma Olii, kwt. 7
[84] African Charter on Human and peopl's rights, Adopted in Nairobi June 27, 1981 Entered into Force October 21, 1986, kwt. 5 fi 6.

gaafachuu akka hin qabne, hidhannoo fi uffata seeraa dabarsanii kennuu dhabuu, sa'aatii hojii kabajuun kan biraatif fakkeenya ta'uu, faayidaa hin malle argachuuf yookiin nama biraatif argamsiisuuf Aangootti seeraan ala fayyadamuu, yakka ittisuu fi ofii keessatti hirmaachuu dhabuu fi kkf. faallaa kanaa raawachuun akka hanqina naamusaatti taa'eera.[85]

Qaphxii Marii

1. Uffata seeraa uffatanii iddoo hojiitti argamuun kabajamuu mirga namoomaa shakkamaa ykn himatamaatiif rogummaa akkamii qabaachuu danda'a?
2. Yeroo kabajuu, fayidaa hin malle eeggachuu ykn gaafachuu ilaalchisee qabatamaan rakkooleen jiranii fi hojimaatni mana hojii keessanii maal akka fakkaatu irratti mari'adhaa!

2.1.4.2. Mirgoota namoomaa kabajuu (respect and courtesy)

Koodiin naamusaa qaamolee seera raawwachiisanii (*Code of conduct for Law Enforcement officials*) poolisiin kamiyyuu mirgoota namoomaa fi kabaja dhala namaatiif malu seerota addunyaa fi seerota biyya keessaatiin beekkamtii argatan namoota hundaaf kabajuu fi kabachiisuu akka qabu teechiseera.[86] Dabalataanis akka koodiin naamusaa kun ibsutti poolisiin kamiyyuu gochoota farra namoomaa fi adabbiiwwaan kanaan wal fakkaatan kamiyyuu namarratti raawwachuu hin qabu, akka raawwatamus jajjabeessuu hin qabu, yoo raawwatamus cal'isee ilaaluu hin qabu. Gama biraatin gochaawwan kanniin fudhatama akka argatan taasisuuf ajaja qaama ol'aanaa ykn yaaddoo nageenyaa biyyattii irra gahuu malu ykn haala waraanaa (*state of war*) ykn tasgabbiin siyaasaa dhabamuu (*internal political instability*) ykn haalota muddamaa kamiyyuu (*any other public emergency*) akka sababaatti kaasuu hin danda'u.[87]

Akka koodiin naamusa poolisii Awurooppaa teechisuttis poolisiin kamiyyuu gochoota tumiinsa suukaneessaa (*torture*) ykn qabiinsa faallaa mirga dhala namaa ta'e ykn kabaja namaa hir'isu (*inhuman or degrading treatment*) yookin adabbii suukaneessaa ta'e haala kamiyyuu keessatti raawwachuu, akka raawwatamu kaakaasuu fi yoo raawwatamu dhiisuu hin qabu.[88]

[85] Walumaa galatti Dambii Ittiin Bulmaata Miseensota KPO Lakk. 191/2009, kwt. 54 ilaaluun ni danda'a.
[86] Akkuma Miil-jalee 81ffaa, kwt. 2.
[87] Akkuma olii, Kwt 5.
[88] Akka miil-jalee 82ffaa kwt. 36.

Dambiin Ittiin bulmaataa miseensota poolisii KPO immoo poolisiin kamiyyuu heera mootummaa biyyaa fi naannichaa, waliigalteewwan mirgoota namoomaa Addunyaa Itiyoophiyaan fudhattee mallatessitee fi seerota biroo kabajuu fi kabachiisuu akka qabu ni dirqisiisa.[89] Asirratti heerri Mootummaa FDRI mirgoota namoomaatiif iddoo ol'aanaa kan kennu waan ta'ee fi waliigalteewwan addunyaa Itoophiyaan fudhattee mirkaneessite akka qaama seera keenyaatti kan fudhatamu waan ta'eef [90] poolisiin hojii qorannoo yakkaas haa ta'uu hojii biroo keessatti morgoota namoomaa heera keenyaa fi seerota addunyaatin beekkamtii argatan kabajuuf dirqama qaba. Dabalataanis Dambii Ittiin Bulmaataa miseensota poolisii KPO keessatti gochoota mirga namoomaa sarbanii fi heera mootummaa waliin faallaa ta'an raawwachuun akka balleessaa naamusaa cimaatti tumameera.[91]

Dimma 13^{ffaa}

Dhimmi kun himtamtoota miseensota poolisii fi milishaa gandaa ta'an torba irratti Galmee Lakk. 49343 ta'e irratti mana murtii ol'aanaa godina Arsiitti dhiyaatee falmiin gaggeeffamaa eega ture booda gaafa 10/04/2010 murtii kan argatee dha. Ijoon himannichaa:

Himatamtootni Seera yakkaa keew.32(1A) fi 539(1A) irra darbuun gaafa 03/12/2009 halkan keessaa tilmaaman sa'aatii 5:00 irraa eegalee Godina Arsii Magaalaa Asallaa ganda walkeessaa(10) keessatti himatamaa 1^{ffaa}n miseensa poolisii, himatamaa 2^{ffaa}n itti gaafatamaa bilchiinsaaf nageenya gandichaa fi himatamtootni 3^{ffaa} – 6^{ffaa} jiran milishoota gandaa ta'uudhaan abbaa dabaree halkan sanaa ta'uun hojii eegumsa nageenyaa Magaalattii irratti bobba'anii socho'aa osoo jiran kan du'e namni Ermiyaas Taaddasaa Damissee jedhamu, Yunivarsitii Dirre Dhawaatti Muummee barnootaa '*Textile Engineering*'tti barataa waggaa 4^{ffaa} kan ture hiriyaa isaa bira buluuf Magaalaa Itayyaa irraa gara Magaalaa Asallaa dhufee daandii qabatee deemaa osoo jiru dursa himatamaan 5^{ffaa}n "eessa deemta? Galmee nu biraa qabdaa? Ati hattuu mitii?" jedhee yoo gaafatu du'aanis "ani barataa dha, isin biraa galmee hin qabu, gara manaa galaan jira" yoo jedhuun ulee gommaatin yeroo lama tafa isaa irra rukutee, himatamaa 1^{ffaa}n waraqaa eenyummaa irraa fuudhee sadafii qawweetin yeroo lama gateettii fi laphee isaa irra eega rukutee booda gara waajjira bulchiinsa gandaa galchee himatamtoota 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} waliin qaama isaa iddoo

[89] Akka miil-jalee 77^{ffaa}, kwt. 54(1b).
[90] Akka miil-jalee 2^{ffaa}, kwt. 9(4)
[91] Akka miil-jalee 77^{ffaa}, kwt.68(24)

adda addaa eega dhidhiitanii booda qabattoo isaa irraa baasanii harka lamaan duubatti hidhuudhaan teessisanii ulee gommaa fi ulee mukaatin yoo tuman du'aanis "maaloo nahin tuminaa, ani nama biyya ormaati, 'bewendi lij amlaak', dadhabina onnee qaba, nan ajjeesinaa, wayyoo haadha koo na ajjeesan, maaloo haadha hin qabdanii, ani haadha tiyyaaf tokkichaa nan ajjeesinaa" jedhee osoo waywaatu dabareen itti wal jijjiiranii hanga halkan keessaa sa'aatii 10:30 tumaa turanii dadhabuu isaa yoo hubatan alatti baasanii lubbuun keessaa bahuuf kaanaan wal qarqaaranii harkaaf miila isaa qabatanii laga walkeessaa jedhamutti gatanii eega biraa deeman booda gaafa 4/12/2009 ganama keessaa sa'aatii 12:00tti reeffi waan argameef yakka ajjeechaa lubbuu namaa haala suukaneessaa fi gara jabinaan raawwataniin himatamaniiru kan jedhuu dha.[92]

Qabxii Marii

1. Dhimma armaan olii kana dirqama poolisiin mirga namoomaa kabajuu fi kabachiisuuf qabu waliin xiinxalaa irratti mar'adhaa!
2. Dhimma kana keessatti sa'aatin du'aan deemaa ture akka sababaatti ka'uu ni danda'aa?

2.1.4.3. Walqixxummaa (Equality and diversity)

Akka sanadni dhaabbanni "*Association for the Prevention of Torture*" jedhu qopheesse ibsutti poolisiin akka jaarmayaattis haata'u akka dhuunfaatti qajeeltowwan bu'uraa (*Guiding Principles*) sadiin hoogganamuu qaba. Kunis ilma namaa haala guutuu ta'een kabajuu (*absolute respect for the human being*), walqixxummaa namootaa irratti ejjannoo cimaa qabaachuu (*integrity*) fi al-loogummaa (*impartiality*) dha.[93] Akka sanadni kun jedhutti chaartariin poolisummaa Afrikaa wantoota bu'uraa sadan kana hammachuu qaba. Haaluma kanaan poolisiin kamiyyuu ennaa dhirqama isaa bahu ilaalcha dhuunfaa isaa, gosummaa, amantii fi kkf cinaatti dhiisuun qajeeltoo kaayyoo hojiitif qofa hojjachuu fi namni hundi seera duratti wal qixa ta'uu isaa xiyyeeffannaa keessa galchuun (*always guided by principles of objectivity and the equality of all in the eyes of the law*) raawwachuu qaba.

[92] A/Alangaa vs Gar/Saj. Xaahir Ganamoo, mana Murtii Olaanaa Godina Arsii, lakk. Galmee 49343
[93] Association for the prevention of torture (APT), 'Professional codes of ethics for the police, a means to prevent torture: Elements for an African police charter' (Human Rights Institute of Lyon (IDHL),2000),fuula 39

Akkaataa Dambii Ittiin Bulmaataa Miseensota KPO tiinis miseensi poolisii kamiyyuu Sabaaf sablammootaa fi ummattoota gidduutti, gosaan, koornayaan, amantaan, qooqaan, bifaan, ilaalcha siyaasaatiin, qabeenyaan, dhalootaan yookiin sababa biroo kaminiyyuu osoo addaan hin baasin loogii tokko malee mirga seeraan kennameef kabajuu fi kabachiisuu akka qabu ni dirqisiisa.[94] Dabalataanis miseensi poolisii dhimmi faayidaa mataa isaa, yookiin fira isaatin walitti bu'uu fi sababa ittigaafatamummaa hojii isaatiin dhimmi walitti bu'iinsa uumu yoo isa qunname ittigaafatamaa isaatiif barreeffamaan beeksisuun bu'uura qajeelfama ittigaafatamaa isaatiin kennamuun raawwachuu akka qabu dambichi ni ibsa.[95]

2.1.4.4. Iccitii Eeguu (Confidentiality)

Koodiin naamusaa qaamolee seera kabachiisanii (*Code of Conduct for Law Enforcement Officials*) akka jedhutti poolisiin dhimmoota amala iccitummaa qaban, dirqama hojii isaa bahuuf ykn haqa mirkaneessuuf kan barbaachisan yoo ta'e malee, ifa gochuu hin qabu ykn iccitummaan isaanii eegamuu qaba jechuun kaa'eera.[96]Sanadni "*International Police Standards: Guidebook on Democratic policing*" jedhu akka ibsutti poolisiin adeemsa qorannoo yakkaa keessatti kaayyoo seera qabeessaa fi akka seeraatti barbaachisaa yoo ta'e qofa haala of eeggannoo qabuun mirga dhuunfaa namaa gidduu lixuu ni danda'a. Odeeffannoo fi sanadootni haala kanaan argaman hundi iccitummaan isaanii sirriitti eegamee sirnaan qabamuu qabu.[97] Haata'u malee odeeffannoowwan bifa gabaasaatiin ummataaf ifa ta'uu qaban qulqullinaan ummata bira gahuu qabu. Fakkeenyaaf, istaatiksii yakkaa, dhimmoota nageenya ummataa irratti hubannoo uuman, gabaasa galmee mirga namoomaa poolisii (*reports on human rights records of the police*), dhimmoota malaammaltummaa fi kkf. Odeeffannoon bifa kanaa ummata bira gahuun ummanni bu'aa hojii poolisii akka madaaluu fi seeraaf imaammata biyyaatiin wal simuu isaa akka ilaaluuf ni gargaara.[98]

Dambii ittiin bulmaata miseensota KPO irratti akka ibsametti miseensi poolisii kamiyyuu iccitii odeeffannoo nageenya biyyaa, naannoo, ummataa fi nama dhuunfaa ilaallatan eeguuf dirqama

[94] Akka miil-jalee 77, kwt. 54(1-A)
[95] Akkuma Olii kwt.54(1-e)
[96] Akka miil-jalee 81[ffaa], Kwt (4).
[97] Geneva Center for the Democratic Control of Armed Forces (DCAF), 'International Police Standards: Guidebook on Democratic Policing' (2009), Kwt. 48.
[98] Akkuma Miil-jalee olii, kwt.98

qaba.[99] Dabalataanis miseensi poolisii kamiyyuu qaama aangoo qabuun yoo ajajame malee yookiin haala amala hojichaatiin dhimmicha akka beeku yoo taasifameen alatti miseensi poolisii kamiyyuu haala hojii sochii poolisii, bobba'iinsa, hidhannoo fi odeeffannoowwan walfakkaatan qaama dhimmi hin ilaallanneef dabarsee kennuu hin qabu.[100]

Qaphxii marii

- Mirgi namoomaa shakkamaa, himatamaa ykn sirreeffamaa seeraa naamusa iccitii eeguu dhabuuf saaxilamu kam fa'aa dha? Iccitii shakkamaa eeguuf of –eeggannoon Poolisiin taassisuu qabu maal fa'aa dha?

2.1.4.5. Gochoota Seeraan alaa fi Al-naamusaa Miiltoolee Isaatin Raawwataman Mormuu fi Gabaasuu

Koodiin Naamusaa Qaamolee seera raawwachiisaniif Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin bahe (*Code of Conduct for Law Enforcement Officials*) akka addeessutti poolisiin kamiyyuu ofiisaatii seera kabajuuf dirqama kan qabu yoo ta'u seerri cabuu yookiin cabuuf kan adeemamu ta'uu isaa yoo hubate qaama hooggansa isaa oliitti yookiin akkuma barbaachisummaa issaatti abbaa taayitaa dhimmi ilaaluuf gabaasuu qaba.[101] Kunis poolisiin tokko poolisii biraa sadarkaa kamirrayyuu jiru irratti gochaa seeraan alaa fi al-naamusaa yoo taajjabe gaafachuu fi mormuu akka qabu yookiin hoogganaa isaa hubachiisuu akka qabu kan agarsiisu dha. Barreeffamni Istaandardii Mirgoota Namoomaa Hojimaata Poolisiif (*Human Rights Standards and Practice for the Police*) jedhu akka ibsutti poolisoonni seera raawwachiisan sarbamiinsi mirga namoomaa jiraachuu isaa kan amanan yoo ta'e ykn mirgi namoomaa sarabamuuf kan deemamaa jiru ta'uu yoo hubatan dhimmicha qaama dhimmi laaluf gabaasuu qabu.[102]

Dambiin Ittiin Bulmaataa Miseensota KPO gama isaatin sarbamiinsi mirga namoomaa yoo jiraate miseensi poolisii tokko gabaasuu akka qabu ifaan hin ibsu. Garuu miseensi poolisii tokko hir'inni naamusaa raawwatamuu isaa osoo beekuu qaama dhimmi ilaaluuf beeksisuu dhabuun naamusaan kan gaafachiisu ta'uu teechiseera.[103] Dabalataanis miseensi poolisii kamiyyuu

[99] Akka miil-jalee 81[ffaa] ,kwt. 54(2-c)
[100] Akkuma Olii kwt 54(2-d)
[101] Code of Conduct for Law Enforcement Officials, kwt. 8.
[102] United Nations, 'Human Rights Standards and Practice for the Police: Expanded Pocket Book on Human Rights for the Police' (Professional Training Series No. 5/Add.3, 2004), fuula 60.
[103] Akka miil-jalee 77, kwt. 67(6).

yammuu seerri cabu osoo arguu irra darbuun dirqama ogummaa isaa bahuu dhabuun akka balleessaa naamusaa isa cimaatti tumameera.[104] Egaa dambichi sarbamiinsa mirga namoomaa jechuu haa baatu malee poolisiin tokko cabiinsa seeraa fi badiiwwan naamusaa osoo arguu irra darbuun naamusaan kan isa gaafachiisu ta'uu tumeera. Sarbamiinsi mirga namoomaas seera cabsuu waan ta'eef miseensi poolisii tokko mirgi namaa haala hin taaneen miidhamaa jiraachuu isaa yoo hubate haala isaaf danda'ameen ittisuu ykn qaama barbaachisuuf gabaasuu dirqama qaba.

Dhimma 14 ffaa

Dhimmi kun mana murtii ol'aanaa Godina Addaa Adaamaatti galmee lakk. 27862 ta'een falmirra eega ture booda dhaddacha gaafa 26/04/2010 oleen murtii kan argatee dha. Qabiyyeen himannichaa gabaabinaan: Himatamaan miseensa poolisii mana sirreessaa ta'ee yeroo hojjachaa turetti gaafa 01/03/2010 guyyaa keessaa sa'aatii 6:00 yoo ta'u Magaalaa Adaamaa ganda Daabee solloqqee jedhamutti kan du'e Abdii Muhammad jedhamu mana sirreessaatii miliqee poolisoota birootin qabamee deebi'aa osoo jiruu himatamaan itti dhufee, akkuma bira gaheen fuula isaa irra kabalee, miilaan laphee dhiitee lafatti kuffisee yoo miidhamaan lafaa ka'u itti deebisee lukaan dhiitee kuffisee afamuuzii fi sadafii qawweetin itti deddeebisee rukutee namoonni iddoo sana turan irraa qabanii miidhamaan ol ka'ee deemaa osoo jiruu duubaan itti dhukaasee battalumatti ajjeeseera kan jedhuu dha.

Qabxii Marii

1. Poolisiin yakka ittisuu akka qabuu fi ofii isaatifis yakka keessatti hirmaachuu akka hin qabne armaan olitti kaafnee jirra. Dhimma asii olitti ibsame kana keessatti du'aan miliquuf osoo deemu poolisoonni qaban, tarkaanfin humnaa inni fudhachuuf yaales hin jiru. Kun hundi ta'ee osoo jiruu haala kanaan ajjeesuun maalirraa kan ka'e jettanii yaaddu, naamusa himatamaa kanaa akkamitti madaaltu?
2. Dhimma armaan olii keessatti poolisoonni dura isa du'e qabatanii deemaa turan osoo ilaalan, himatamaan haala suukaneessaa ta'een miidhamaa yoo tumuu fi rasaasan dhahee ajjeesu maal godhuu qaban jettanii yaaddu? Poolisoonni kunniin gahee mirga namoomaa kabajuu fi tiksuuf qaban bahataniiru jettanii yaadduu**?**

[104] Akkuma Olii kwt. 68(21).

2. Muuxannoo qabdaniin miseensa waliin hojjattan seera darbuu isaa yookiin seera darbuu kan hedu ta'uu isaa yoo argitan gabaasuu irratti haalli jiru maal fakkaata?

2.2. Hariiroo Abbaa Alangaa fi Poolisii jidduu jiraachuu malu

Akka guutuu biyyaattis ta'ee akka naannoo keenyaatti dhimma qorannaa fi himannaa yakkaa ilaalchisee walitti dhufeenyi Abbaa Alangaa fi poolisii gidduu jiru seera adeemsa falmii yakkaatiin qajeelfamaa ture. Akka seera kanaatti Eeruun dhimma yakkaa poolisitti kan dhiyaatu yoo ta'u poolisiin eeruu fuudhee qorannaa isaa itti fufa. Eeruun gama Abbaa Alangaatti kan dhiyaatu yoo ta'e Abbaa alangaa eeruu kana gara poolisiitti dabarsuun akka qoratamu taasisa.[105] Poolisiin eeruu eega fuudhee booda dhimmi eeruun irratti dhiyaate dhugaa ta'uuf dhiisuu isaa ragaa adda addaatin adda baasuuf qorannaa taasisa. Qorannaa eega xumureen booda galmee qorannaa Abbaa alangaatif dabarsa jechuu dha.[106]Abbaa alangaatis galmee dhiyaatef irratti murtii gara garaa kenna malee dhimma qorannoo yakkaa keessatti kallattiin hin hirmaatu.[107] Kun haala kanaan osoo jiruu bara 1999 irraa eegalee Mootummaan Naannoo Oromiyaaa jijjiirama bu'uraa adeemsa hojii (JBAH) qoratee hojirra oolchuu eegale. Adeemsa JBAH kanaanis poolisiif Abbaa Alangaa eeruu fuudhuu irraa eegalee hanga dhumaatti akka waliin qoratan taasifame. Kanarraa ka'uun Labsiin Qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessu, aangoo fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe, aangoo fi gahee hojii Biiroo Haqaa yoo tarreessu dhimmoota yakkaa aangoo menneen murtii naannichaa ta'an poolisii wajjiin ni qorata jedha.[108] Haaluma wal fakkaatuun labsichi Aangoo fi gahee hojii Komishinii poolisii Oromiyaa yoo tarreessu dhimmota yakkaa aangoo manneen murtii naannichaa ta'an Abbaa Alangaa waliin ni qorata jechuun teessise.[109]

Haala kanaan osoo hojjatamaa jiruu Labsiin Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa hudeessuuf bahe lakk. 214/2011, dhiheenya kana labsame, haala kana jijjiruun walitti dhufeenyi Abbaa Alangaa fi poolisii bifa haarawaan akka ta'u taasise. Akkaataa Labsii haarawa kanaatin Abbaa Alangaa poolisii waliin kan qoratu dhimmota hunda osoo hin taane yakkoota ciccimoo kanneen akka yakka malaammaltummaa, yakkoota dantaa mootummaa

[105] Akka miil-jalee 9ffaa, kwt. 16.
[106] Akkuma miil-jalee Olii kwt. 22-37.
[107] Akkuma Miil-jalee Olii kwt.38 fi kan itti aanan.
[108] Labsii Qaamolee Raawwachifftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Gahee hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 199/2008 kwt. 24(21).
[109] Akkuma olii kwt. 44(14)

fi ummataa ta'an, yakkoota taaksii irratti raawwataman fi akkuma barbaachisummaa isaatti yakkoota biroos poolisii waliin ni qorata.[110]Egaa labsichi dhimmoota waliin qoratanii fi poolisiin kophaa qorachuu danda'u haala ifa ta'een waan addaan hin baasiniif dhimmi kun dambii bahuun ifa godhamee dhimmootni irratti waliin qoratanii fi waliin hin qoranne addaan bahee ibsamuu qaba.

Akkuma beekamu haala JBAH tiin Abbaa Alangaa fi poolisiin waliin qoratu haa jedhamu malee walitti dhufeenyi isaanii haala ifa ta'een taa'uu dhabuu irraa kan ka'e walii ajajamuu diduun gidduu isaaniitti yeroo rakkoon uumamu ni mul'ata. Labsiin haaraan kun rakkoo kana hiikuuf jecha dhimma qorannoo yakkaa fi himannaa ol'aantummaan Abbaa Alangaa akka hoogganu ni aangessa. Kunis kan hubatamu dhimmoota kana dura poolisiif Abbaa Alangaa gidduutti gaafii kaasaa turanii fi hojiin haqaa akka harkifatu taasisaa turan tokko tokko irratti Abbaa Alangaa qajeelfama akka kennuu fi raawwii isaas akka hordofu aangessuu isaati. Fakkeenyaaf, Abbaa Alangaa ciraa ilaalchisee qabiinsa isaa fi haala abbaa dhimmaatif ittiin deebi'u irratti qajeelfama ni kenna,[111] ragaa seeraa fi himatamaan akka dhiyaatu qaama dhimmi ilaaluuf [poolisiif] ajaja ni kenna, bu'ura ajaja kennameen raawwatamuu yoo baate tarkaanfii seeraa ni fudhata akka fudhatamus ni taasisa,[112] namootni yakka sasalphaan shakkaman ykn yakka rawwaachuun isaanii shakkisiisaa ta'e poolisiin bu'ura seeraatiin akka gadi lakkisu qajeelfama kennuun tarkaanfii seeraa ni fudhata.[113] Dabalataanis miseensi poolisii qajeelfama ykn ajaja seera qabeessa ta'e Abbaa Alangaatin kennameef mormuun ajajamuu dide kamiyyuu hidhaa ykn qarshiin adabamuu akka danda'u ifaan tumameera.[114] Egaa dambii fi qajeelfamoonni labsii kana raawwachiisan qulqullinaan bahanii kan hojiitti galamu taanaan dhimmoota poolisii fi Abbaa Alangaa gidduutti wal eeguun akka uumamu taasisan maqsuun ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u gochuu keessatti gaheen labsichaa ol'aanaa dha. Gama biraatiin hojimaata duraa keessaa bahuu keessatti rincicni jiraachuu waan maluuf labsii kanaa fi dambiif qajeelfamoota isa raawwachiisuuf bahan irratti hubannoo uumuun rakkoo kana ni hambisa jedhamee tilmaamama.

Dhimmoota Labsii kanaan xiyyeeffannaa argatan keessaa inni biraa kabajamuu mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uraa lammiileeti. Akka seensa labsichaa irratti ibsametti kaayyoo labsichaa

[110] Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa waliigalaa Oromiyaa Lakk. 214/2011, kwt. 7(9).
[111] Akkuma Olii, kwt. 7(22)
[112] Akkum olii kwt. (24)
[113] Akkuma olii kwt. 7(32)
[114] Akkuma olii keew. 25(1-c)

keessaa inni tokko mirgaa fi bilisummaawwan lammiilee heeraa fi seeraan eegaman kabajamuu isaanii mirkaneessuu dha. Aangoo fi Hojii Mana Hojii Abbaa Alangaatif kennaman keessaas dhimmi kun isa ijoo dha. Fakkeenyaaf, mirgootaa fi bilisummaawwan lammiilee heeraa fi seeraan eegaman kabajamuu isaanii mirkaneessuu,[115] karoora raawwii mirga namoomaa qopheessuufi raawwii isaa hordofuu,[116] fi mirgi sirreeffamtoota seeraa fi too'atamtoota seeraa kabajamuu isaa hordofuu fi gochi seeraan alaa yoo raawwatame tarkaanfii seeraa fudhachuu fi akka fudhatamu taasisuu kan jedhan mana hojii Abbaa Alangaatif kennamaniiru.[117]Dhimma kana hordofuu fi tarkaanfii barbaachisaa fudhachuun mana hojii Abbaa Alangaatif gahee hojii qofa osoo hin taane akka dirqamaatti kan kennameefi dha.

Dhimma 15ffaa

Dhimmi kun yakka mana murtii Ol'aanaa Godina Arsiitti galmee lakk. 44920 ta'e irratti dhaddacha gaafa 07/07/2007 ooleen murtii argatee dha. Ijoon Himannichaa:

Himannaa 1ffaan himatamtoota 1ffaa fi 2ffaa qofarratti kan dhiyaate yoo ta'u s/yakkaa FDRI bara 1996 bahe kwt 32(1 B) 27(1) fi 540 irra darbuun yakka yaalii ajjeechaa lubbuu namaa rawwataniiru jechuun kan dhiyaatee dha. Haaluma kanaan himatamtootni gaafa 05/05/2007 halkan keessaa sa'aatii 4:00 yoo ta'u hoteela keessatti wal dhabbii miidhamaa dhuunfaa nama Abbaa Alangaa ta'ee isaan waliin hojjachaa ture waliin qaban sababa godhachuun ajjeesuuf itti yaadanii himatamaan 1ffaan miidhamaa uleen harka, mataa fi ija takka rukutee yoo balleessu, himatamaa 2ffaan guyyaa sana dura sababa hojiitin mindaan ji'a tokkoo akka hin kafalamneef miidhamaan dhuunfaa mana murtii Aanaa Jajuu irratti yaada kenneen mindaan isaa akka qabamu manni murtii akka ajaju waan taasiseef gaafa 22/04/2007 adeemsa qorannaa yakkaa waajjira poolisii Aanaa Jajuutti himatamaa 1ffaa waliin dhufuun "siitu mindaa kiyya qabsiisaa, siifan godha" jedhee itti dhaadatee bahuun gaafa 05/05/2007 (gaafa yakkichi raawwatame) immoo akkuma hoteelicha ol seeneen "…tokko nyaatee tokko hin taa'u wal gaggalaafata taati jechuun" kan dubbatee fi yeroo yakki raawwatamutti Abbaa Adeemsa hojii ittisa yakkaa Aanichaa ta'ee osoo jiruu dhaabbatee ilaaluun bu'aa yakkichaa hanga dhumaatti hordofee miidhamaa dhuunfaa

[115] Akkuma olii kwt. 7(7)
[116] Akkuma olii kwt. 7(30)
[117] Akkuma olii kwt. 7(31)

bakka kufetti gatee himatamtoota 1ffaa fi 3ffaa waliin wal qabatanii dheessuun miidhaa waan irraan gahaniif yakka yaalii ajjeechaa lubbuu namaa raawwataniin himatamaniiru kan jedhuu dha.

Himannaa 2ffaan himatamaa 3ffaa qofarratti kan dhiyaate yoo ta'u, himatamaan s/yakkaa kwt 420(2) irra darbuun hojjataa poolisii hawaasaa (ummataa) ta'ee osoo jiruu yakki raawwatamuu isaa osoo arguu dhirqama hojii poolisummaa ofii bahuu dhabuu isaatin haala himannaa 1ffaa keessatti ibsameen yakki yoo raawwatamu cal'isee ilaaluun carraa waan uumee fi erga yakkichi raawwatame boodas dirqama ofii osoo hin bahin himatamtoota 1ffaa fi 2ffaa waliin waan dheessaniif yakka dirqama hojii poolisummaa bahuu dhabuutin himatameera kan jedhuu dha.

Manni murtii ol'aanaa godina Arsiitis bitaaf mirga falmisiisaa eega turee booda dhaddachaa gaafa 07/07/2007 ooleen himtamtoota 1ffaa fi 2ffaa yakka miidhaa qaamaa cimaan s/yakkaa kwt 32(1 B) fi 555(B) jalatti balleessaa taasisuun mataa mataan hidhaa cimaa waggaa 3 (sadi) fi ji'a 3 (sadi) tiin akka adabaman, himatamaa 3ffaa immoo kwt ittiin himatame jalatti balleessaa taasisuun hidhaa salphaa ji'a 6 (jahaa) fi qarshii 1000.00 (kuma tokkoo) tiin akka adabamu itti murteesse.

Qabxii Marii

- Dhimma armaan olii kana irraa akka hubatamutti ka'umsi yakkichaa wal dhabbii hojirratti uumamame yoo ta'u, keessattuu sababa hojiitin mana murtiitin himatamaa tokko irraa mindaan akka qabamu miidhamaan yaada kennuu isaati. Kanarraa ka'uudhaan walitti dhufeenyi Abbaa alangaa fi poolisii akkam akka turee fi gara fuula duraatti maal ta'uu akka qabu kaasaatii irratti mari'adhaa!
- Miseensotni Poolisii kunneen mirga namoomaa lammiilee biroo kabajuu fi kabachiisuuf olaantummaa hamilee isaan qaban irratti mari'adhaa!

Dhimma 16ffaa

Dhimmi kun Waajjira Haqaa Aanaa Gubbaa Qorichaatti kan raawwatamee dha. Itti gaafatamaan Waajjira haqaa Aanaa Gubbaa Qorichaa xalayaa lakk. WHAGUQO/771/2001/ gaafa 26/08/2001 ALI Waajjira Poolisii Aanaa Gubbaa Qorichaatiif barreesseen qorataan Poolisii mana hojichaa yeroo adda addaa abbaa dhimmaa keessummeessuu irratti rakkoo uumuun, abbootii dhimmaa fi shakkamtoota Waajjira Poolisii dhufan tumuun, gocha raawwatuuf yakkaan akka hin gaafamne

ragaa fi miidhamtoota sodaachisee dhiyaatanii akka hin ragne taasisuun, iddoo hojiitti jeequmsa uumuun, beekumtii Abbaa Alangaatin alatti shakkamaa to'annaa jala oolchuu fi gadi lakkisuun walumaa galatti ilaalcha gareen hojjachuu kan hin qabnee fi yeroo gara garaa tarkaanfiin irratti fudhatamullee kan of hin sirreessine waan ta'eef rakkoo kana irraa kan ka'e abbootiin alangaa qorataa kana waliin galmee hin qorannu waan jedhaniif galmee qorataa kana bira jiru irraa fudhatamee qorataa biroof akka kennamuu fi eeruun haaraan akka hin raabsamneef cimsinee isiin hubachiisaa, kana raawwachuu ooluun abbaa dhimmaa deddeebi'uuf kan itti hin gaafatamne ta'uu isin beeksifna.[118]

Xalayaan kun Qajeelcha Poolisii Godina Harargee Lixaa kan dhaqqabe yoo ta'u isaanis xalayaa lakk. 1549/PHL/02 gaafa 30/09/2002 Waajjira haqaa Aanaa Gubbaa Qorichaatiif barreessaniin qorataan Poolisii yoo rakkoo qabaate waajjirri isaa akka seera ittiin bulmaata waajjirichaatti qoratamee tarkaanfii naamusaa fudhachuu otuu qabuu fi haala waliigaltee chaartarii hooggantoota waajjira lamaaniin osoo ilaalamuu qabu tarkaanfii seeraa fudhachuu akka dandeessanii fi iddoo sana irraa akka kaaftan jechuun ajajuu akka hin dandeenyee fi aangoo keessanii ala ta'u isaa ibsaa haalli akkanaa kun seera ittiin bulmaataa waajjiraa cabsuu waan tahuuf adeemsa akkanaa akka sirreeffattan isiin hubachiifna jedhaniiru.[119]

Qaphxii marii

- Dhimma armaan olii keessatti naamusa Poolisii kanaa akkamitti ilaaltan? Xalayaa Waajjira Haqaa Aanaa Gubbaa Qorichaa fi deebii Qajeelcha Poolisii Godina Harargee Lixaa akkamitti ilaaltan?

2.2. Sirna Itti Gaafatamummaa Poolisii Mirkaneessuu

Dirqama biyyattiin mirga namoomaa kabajuuf sadarkaa idil-addunyaatti qabdu, hojiilee seeraan alaa fi al naamusummaa Poolisii to'achuuf, raawwii dambii fi qajeelfama mana hojii kabachiisuuf, raawwii dhuunfaa poolisii ykn qorataaa poolisii madaaluu sirni bulchiinsaa fi ta'annaa diriirsuun barbaachisaa dha.[120] Sirni bulchiinsaa fi to'anna kana tokko tokkoon akka armaan gadiitti haa ilaallu.

[118] Waajjira Haqaa Aanaa Gubbaa Qorichaa, xalayaa lakk. WHAGUQO/771/2001 gaafa 26/09/2001 barraa'e.
[119] Qajeelcha Poolisii Godina Harargee Lixaa, xalayaa lakk. 1549/PH/02 gaafa 30/09/2002 barraa'e.
[120] Akka miil-jalee 4ffaa, Fuula 337

2.2.1. Dirqama Sadarkaa Idil-addunyaa/international Obligation/

Sadarkaa idil-addunyaatti eegumsa mirga namoomaa ilaalchisee biyyi kamiyyuu itti gaafatamummaa dachaa qabdi. Inni jalqabaa seerota mirga namoomaaf eegumsa taasisan baasuu yoo ta'u inni lamaffaa tarkaanfilee fi hojimaata sarbamuu mirga namoomaa hordofsiisan irraa of qusachuu dha.[121]

Heerri Mootummaa FDRI kwt. 13 jalatti mirgoota namoomaa ilaalchisee hiikkoon tumaalee heera mootummaatiif kennamu; seerota mirgoota namoomaa idil-addunyaa Itiyoophiyaan raggaasifte, waliigalteewwan mirgoota namoomaa idil-addunyaa fi qajeeltowwan sanadoota idil-addunyaatin bifa wal simuun ta'uu akka qabu ni kaa'a. Dabalataanis Heerri kun kwt. 9(4) jalatti waliigalteewwan mirga namoomaa Itiyoophiyaan raggaasifte qaama seeraa biyyattii akka ta'an tumeera. Kunis kan akeeku qaamni mootummaas ta'e namni dhuunfaa eegumsa mirga namoomaa ilaalchisee heera mootummaa qofatti kan daanga'u otuu hin taane sanadoota sadarkaa idil-addnuyaatti kunuunsaa fi eegumsa mirga namoomaatiif taasisan kan giddu galeessa godhate ta'uu qaba.

Waliigalteewwan idil-addunyaa mirga namoomaa kabachiisan kanneen Itiyoophiyaan mirkaneessitee mallatteesite keessaa issaan ijoon: Waliigaltee Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa (International Covenant on Civil and political Rights (ICCPR)), Waliigaltee Mirgoota Diinagdee, hawaasummaa fi Aadaa Idil-addunyaa (International Covenant on Economic, Social, and cultural Rights (ICESCR)), Waliigaltee qabiinsa fi adabbii farra namoomaa ta'e ittisuuf bahe (*Convention against Torture and Other Cruel, Inhuman or Degrading Treatment or Punishment* (CAT)), Waaliigaltee loogii dubartoota irratti raawwatamu hambisuuf bahe (*Convention on the Elimination of All Forms of Discrimination Against Women* (CEDAW)), Waliigaltee Mirga Qaama Miidhamtootaa kabachiisuuf bahe (*Convention on the Rights of Persons with Disabilities* (CRPD)) fi Waliigaltee Mirga Daa'immanii Kabachiisuuf bahee (*Convention on the Rights of the Child* (CRC)) Waliigalteewwan kunneen garaagarummaa tokko malee qaama mootummaa hundaan kabajamuu qabu. Poolsii fi qorataan Poolisii dirqama hojii isaanii yoo bahaan mirgoota waliigaltee Kanaan beekamtii argatan kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qaba.

[121] Akkuma Olii

Heerri FDRI kwt. 28(1) jalatti akka ibsutti namoota ykn waliigalteewwan addunyaa Itiyoophiyaan raggaasiftee fi seerota Itiyoophiyaa kan birootin ykn sanyii dhala namaa irratti raawwataman (*Crimes against humanity*) jedhamanii adda bahan, keessattuu sanyii namaa balleessuu, murtii malee tarkaanfii adabbii du'aa fudhachuu, dirqisiisanii nama dhoksuu, ykn gochoota farra namoomaa raawwatan irratti himannaan dhiyaatu darbiinsa yerootiin hin ittifamu. Yakkoonni kunniin murteewwan qaama seera baasuutiinis ta'e qaama kamiiniyyuu baraarsaan ykn dhiifamaan hin darbamu.

Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee bahe Labsii Lakk.46/1994 keewwata 28 jalatti haaluma heera federaalaatiin jechuma walfakkaatuun ibseera. Kanaafuu, yakkoonni namooma irratti raawwataman xiyyeeffannoon kennameefii ittifamuu qabu, raawwatamee yoo argame ammoo namoota yakkicha raawwatan irratti bu'ura seeraatiin tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuun dirqama ta'a jechuu dha.

Qaphxii Marii

1. Manneen sirreessaa fi buufataalee poolisii hedduu keessatti, keessattuu kanneen sadarkaa federaalaatti argaman keessatti yakkoonni mirga namoomaa irratti raawwatamaa turan yeroo dhihoo as ifa bahanii dubbatamaa jiru, tarkaanfiin tokko tokkos fudhatamuu eegaleera. Heerri mootummaa FDRI fi Seeronni mirga namoomaa idil-addunyaa yakka kana jabeessanii osoo dhoorkanii fi balaaleffatan yakkoonni kunniin maalirraa kan ka'e rawwatamuu danda'an jettanii yaaddu? Namni tokko tokko yakka kana kan raawwatu akka waan sirnichaaf quuqamee fakkeessee gochichi seeraan fudhatama akka argatuuf akka sababaatti kaasa, heera biyyattii faallessaa sirna mootummaa bulchaa jiruuf quuqamuun ni danda'amaa? Sirna Baraaruun akka sababaatti ka'uu ni danda'aa?
2. Yakkotaa namoomaa /*crime against humanity*/ raawwachuun Poolisiin ykn Qorataa Poolisii biyya hambaatti bade ykn miliqe ilaalchisee olaantummaa seeraa haala kamiin mirkaneessuun danda'ama? Haalli qabatamaa Addunyaa fi Biyya keenyaa maal fakkaata?

2.2.2. Itti Gaafatamummaa Seeraa (Legal Acountability)

Itti gaafatamummaan seeraa sadarkaa saditti ilaalamuu danda'a. Kan jalqabaa sadarkaa dhuunfaa, inni itti aanu sadarkaa hooggansaa yoo ta'u inni sadaffaa sadarkaa biyyaattii ti.[122] Itti gaafatamummaa dhuunfaa ilaalchisee poolisoonni dirqama seera kabachiisuu yoo bahatan (yakka ittisuu fi qorachuu keessatti) seerota dhimmichi ilaalu kamiyyuu kabajuuf dirqama qabu. Hojii isaanii keessatti seera cabsuun kan shakkaman yoo ta'e mana murtiitti dhiyaatanii badii raawwataniif itti gaafatamoo ta'u jechuu dha. Itti gaafatamummaan kun itti gaafatamummaa yakkaa ykn itti gaafatamummaa civilii ta'uu ni danda'a. Gochaan raawwatame seeraan kan hin gaafachiifne yoo ta'e itti gaafatamummaa naamusaa kan hordofsiisu ta'uu ni danda'a. Itti gaafatamummaan naamusaa tarkaanfii bulchiinsaatiin mirkanaa'a. Itti gaafatamummaan seeraa balleessaawwan yakkaa akkaataa seera yakkaatin kan ilaalaman ta'a.

Itti gaafatamummaa hooggansaa jechuun hooggansi Poolisii seera qabeessummaa hojiiwwan miseensota Poolisii isa jala jiraanii mirkaneeffachuuf dirqama qaba.[123]Hojiiwwan dhuunfaadhaanis ta'e gareen hojjataman bu'uura seeraatiin kan raawwataman ta'uu isaanii akkasumas mirga namoomaa lammiilee akka waliigalaatti ykn mirga shakkamaas ta'e himatamaa akkasumas sireeffamaa seeraa akka addaatti bifa hin sarbineen kan raawwataman ta'uu isaanii qulqulleeffachuu qaba.

Haala itti gaafatamummaan poolisii ittiin mirkanaa'u ilaalchisee biyyoonni tokko tokko qorannoo yakkaa fi qorannoo naamusaatis (bulchiinsaa) waluma faana adeemsisu. Biyyoonni tokko tokko immoo hanga qorannoon yakkaa qoratamee xumuramutti qorannoo naamusaa ni tursiisu. Adeemsa biyyoota duraatin qorannoon naamusaa balleessaa yakkaatti kan akeeku yoo ta'e qorannoo naamusaa achumatti dhaabuun bu'aa qorannoo yakkaa eegu. Adeemsa lamaanuu keessatti dhimmichi (balleessaan) qoratamee adda bahe gocha yakkaa kan of keessaa qabu yoo ta'e seera yakkaatin m/murtiitti murtii argachuu qaba jechuu dha.[124] Adeemsi dhimmichi ittiin murtii argatu adeemsuma seera adeemsa falmii yakkaa (SDFY) ta'a. Akka dambiin naamusaa

[122]Akkuma Olii, fuula 338
[123] Akkuma Olii
[124] Amnesty International (1012),*Understanding policing*: *A Resource for Human Rights activists* 202.

poolisii Awurooppaa ibsutti poolisiin kamiyyuu sadarkaa hundattuu tarkaanfii fudhatuuf ykn fudhatuu ooleef ykn ajaja qaama isaa gadiitif kenneef itti gaafatamaa ta'a.[125]

Dambiin ittiin bulmaataa miseensota KPO haala dhimmi naamusaa ittiin ilaalamu ilaalchisee adeemsa isaa hamma tokko ifa kan godhe yoo ta'u tarkaanfiin seeraa yoom fi haala kamiin fudhatamuu akka qabu tartiibaan hin keenne, balleessaa akkamiitu seeraan nama gaafachiisa kan jedhus ifa hin goone. Haata'u malee adabbiin naamusaa (tarkaanfiin bulchiinsaa) murtii m/murtii osoo hin eegin murtaa'uu akka danda'u teechiseera.[126]Kanarraa hubachuun kan danda'amu, tarkaanfiin naamusaa fi kan seeraa wal faana adeemuu kan danda'u ta'uu isaati.

Itti gaafatmummaan sadarkaa biyyaatti jiru ilaalchisee mootummaan biyya bulchu Poolisoota seera cabsanii argaman seeratti dhiyeessuun itti gaafatamummaa mirkaneessuu qaba. Kunis kallattii dhaan aangawoota biyyattii kan ilaallatuu dha. Akkataa caaseeffama mootummaa biyya keenyaatti qaamni hojii raawwachiiftuu sadarkaa biyyaatti muummicha ministeraan kan hoogganamu yoo ta'u muummichi ministeeraa guutuu biyyattii irratti mirgi namoomaa shakkamtootaa, himatamtootaa fi sirreeffamatoota seeraa Poolisiidhan kan hin sarbamne ta'uu hordofuu qaba. Kunis iftoomina hojii fi itti gaafatmummaa mirkaneessuun kan raawwatamu ta'a.

Qaphxii Marii

1. Miseensi poolisii Sarbamiinsa mirga namoomaa raawwate seeraaf akka dhiyaatu gochuu irratti muuxannoon hooggantoota poolisii bira jiru maal fakkaata?
2. Hoggansi seerummaa fi naamusummaa raawwii hojii Poolisii ykn Qorataa Poolisii isa jalatti argaman mirkaneessuuf kaka'uumsi qabatamaadhaan naannoo hojii keessanii jiru maal fakkaata?
3. Miseensa sarbamiinsa mirga namoomaatiin seeratti dhiyaate irratti ragaa bahuu irratti haalli miseensa bira jiru maal fakkaata?

Dhimma 17^{ffaa}

Dhimmi kun falmii bulchiinsa mana sirreessaa godina Baalee fi miseensa poolisii mana sirreessichaa kan ta'e gidduutti hanga koree naamusaa Komishinii Manneen Sirreessaa

[125] The European Code of Police Ethics, Miil-jalee 23^{ffaa}, kwt. 16
[126] Dambii Ittiin Bulmaataa Miseensota. KPO kwt. 74(7)

Oromiyaatti ol-iyyannoon ilaalamee gaafa 3/7/2007 murtii argateedha.[127] Himannaan himatamaa irratti dhihaates himatamaan poolisii mana sirreessichaa ta'ee dabaree eegumsaa irra osoo jiruu danbii lakk.168/2006 keewwata 16 fi 17 irra darbuun gaafa 22/5/2007 aangoo isaatti seeraan ala fayyadamee sirreeffamaa seeraa mallattoo tokko malee mooraa mana sirreessaa keessaa dhoksee baasuudhaan sirreeffamaan kun dhugee akka machaa'u gochuudhaan miseensaa fi sirreeffamaa seeraa irra miidhaan akka ga'u waan godheef akkasumas guyyuma kana dhugaatii farsoo mooraa m/sirreessaa keessa galchuudhaan sirreeffamtootni akka dhugan waan taasiseef badii naamusaa raawwateera kan jedhuu dha.

Himatamaanis himannaa irratti dhihaate raawwachuu isaa guutumaan guutuutti amaneera. Koreen naamusaa godinaas, himatamaan miseensa bara dheeraaf tajaajile ta'ee osoo jiruu, sirreeffamaa kana dallaa duubaan dhoksee alatti kan erge ta'uu, sirreeffamaa seeraa tumuu, wantoota gara mana sirreessaa akka hin seenne dhoorkaman farsoo seensisuun miseensaa fi sirreeffamaa irra miidhaan akka ga'u taasiseera. Kun immoo miseensa waggaa dheeraaf tajaajile irraa kan eegamu miti jechuun danbii olitti tuqame keewwata 75(16, 17 fi 20) jalatti balleessaa taasisuun himatamaan hojiirraa dhorkamee yakka raawwateef seeraan akka gaafatamu yaada murtii koree manaajimentii godinaaf dhiheesseera.

Koreen manaajimentii godinaas, miseensi kun yeroo adda addaatti badii naamusaa raawwachaa waan tureef ijaarsii fi gorsi kennamaafii kan ture ta'us irraa barachuu dhiisee sirreeffamaa dhoksee ala baasee dhugee akka machaa'u gochuun reebuun miidhaa qaamaa irraan geessisuun akkasumas dhugaatii farsoo galchuun sirreeffamaan dhugee akka machaa'u waan taasiseef jechuun adabbii koreen naamusaa godinaa kenne cimsuun murteesseera.

Dhimmi kun ol-iyyannoon koree naamusaa komishiniif kan dhihaate yoo ta'u, korichis badii naamusaa himatamaan raawwate badii cimaa keewwata 75(17) jalatti kufuu fi hanga hojiirraa geggeeffamuutti kan nama adabsiisuu dha. Haa ta'u malee himatamaan kun tajaajila dheeraa waaggaa 30 waan qabuuf akkasumas abbaa maatii waan ta'eef adabbii koreen manaajimentii godinaa kenne fooyyessuun himatamaan miindaa %30 tiin akka adabamu, yakka miidhaa

[127]. Dhimma himannaa naamusaa Mana Sirreessaa Gidina Baalee fi himtamaa Makuriyaa Baqqalaa giduutti gaggeeffamaa turee gaafa 30/07/2007 murtii argate (Mojulii mata duree "Naamusa Ogummaa Ogeessota Qaamolee Haqaa Oromiyaa: Seeraa fi Hojimaata" jedhuun Obbo Baacaa Taayyee fi Obbo Shaambal Hordofaatin ILQSO tti bara 2010 qophaa'e irraa kan fudhatamee dha.

qaamaa sirreeffamaa irratti raawwateef immoo seeratti haa dhihaatu jechuun murteessuun yaada murtii koree manaajimentii komishiniif dhiheesseera.

Qaphxii Marii

- Poolisiin tokko sirreeffamaan akka ala hin baane eeguuf dirqama osoo qabuu haala dhimma armaan olii irraa hubatamuun ala baasuun isaa duudhaalee naamusaa poolisii mana sirreessaa waliin akkamitti ilaalama?

2.2.3. Itti gaafatmummaa Keessoo /Internal Accountability/

Miseensi poolisii tokko ajaja qaama isaa olii irraa kennameef fudhatee hojiirra oolchuu dirqama qaba. Haata'u malee ajaja seeran ala ta'uun isaa beekamu fudhachuuf hin dirqamu. Akka koodiin naamusaa qaamolee seera raawwachiisanii (*Code of Conduct for Law Enforcement Officials*) ibsutti ajajni qaama ol'aanuun kennamu sarbamiinsa mirga namoomaatiif akka sababaatti ka'uu hin danda'u.[128] Kana jechuun ajajni seeraan alaa qaama ol'aanuun kenname mirga namoomaa kan sarbu yoo ta'e raawwatamuu hin qabu, raawwatamee argamnaan ajaja qaama olii akka sababaatti kaasuun gaafatamummaa jalaa nama hin baasu. Gama biraatiin koodiin naamusaa poolisummaa Awurooppaa akka ibsutti poolisiin kamiyyuu ajaja seera-qabeessa ta'e qaama olii irraa kennameef raawwchuuf dirqama qaba. Haata'u malee ajajichi ifatti seeran ala yoo ta'e raawwachuu dhiisuun qaama ilaallatuuf gabaasuu akka qabu ibsa.[129]Dabalataanis poolisii ajaja qaama ol'aanuu seeraan ala waan ta'eef fudhachuu dide eegumsi seeraa (*immunity*) kennamuufii akka qabu barreeffamni "Istaandardii Mirgoota Namoomaa fi Hojimaata Poolisootaaf (*Human Rights Standards and Practice for the Police*)" jedhu ni ibsa. Kunis dhimma kanaan yakkaa fi naamusaan himatamuu irraa haguuggii seeraa akka argatuufi.[130] Gama biraatin ajajoonni ykn hooggantoonni ol'aanoon badiiwwan sarbamiinsa mirga namoomaa poolisoonni isaan jala jiran raawwatan kan beekan yoo ta'e ykn beekuu kan qaban yoo ta'e itti gaafatamoo ta'u.[131]

Dambiin ittiin bulmaataa miseensota KPO akka ibsutti miseensi poolisii kamiyyuu ajaja *seera qabeessa* ta'e qaama ol'aanaa fi ittigaafatamaa isaa irraa kennamu kamiyyuu raawwachuu

[128] Akka miil-jalee 81[ffaa], kwt. 5
[129] Akka miil-jalee 82[ffaa], kwt. 39
[130] United Nations, 'Human Rights Standards and Practice for the Police: Expanded Pocket Book on Human Rights for the Police' (Professional Training Series No. 5/Add.3, 2004), fuula 56-60.
[131] Akkuma miiljalee olii.

qaba.[132] Akkasumas hoogganaa sadarkaa sadarkaan jiru kabajuu akka qabu ni dirqisiisa.[133]Miseensi poolisii ajajni seeran alaa qaama ol'aanuun kennameef maal gochuu akka qabu dambichi ifaan hin keenne. Garuu yaada armaan olii irraa kan hubatamu miseensi poolisii kamiyyuu ajajni isaaf kenname seeran ala ta'uusaa osoo beekuu raawwachuu akka hin qabnee dha. Haata'u malee, ajajni seeraan alaa yoo isaaf kenname raawwachuu dhiisuun ala maal gochuu akka qabu wanti jedhame hin jiru.

Qaphxii marii

1. Miseensi poolisii ajajni seeran alaa qaama ol'aanuun kennameef maal gochuu qaba? Muuxannoon jiru maal akka fakkaatu kaasaa irratti mari'adhaa?
2. Ajaja hogganaa fudhachuu fi wal kabajuu ilaalchisee hojimaatni mana hojii keessanii maal fakkaata?

2.2.4. Itti Gaafatamummaa Raawwii Hojii /performance accountability/

Sadarkaan qulqullinaa fi bu'a qabeessummaa raawwii hojii Poolisii too'atamuu qaba.[134] To'annaan kun hangam dirqama ykn ajaja itti kenname yeroo gabaabaa keessatti akka raawwate, hangam qisaasa'a qabeenyaa akka hambise kan dabalatuu dha. Kunis raawwii hojii Poolisii galmeessuu, safaruu fi madaaluun kan raawwatamuu dha.[135] Galma ga'iinsa kanaaf leenjiin hubannoo fi dandeettii cimsuu yeroo dhaa yerootti kennamuufiin ni mala. Qabiyyeen leenjii kanas eegumsa mirga namoomaa fi mala qorannaa kan of keessatti hammate ta'uu qaba.

Dadhabinni raawwii Poolisii dhuunfaa irratti mul'atu sarbamuu mirga namoomaa guddaa kan hordofsiisu ta'uu danda'a. Kanarra darbees amantaa uummanni jaarmiyaa Poolisii irratti qabu illee kan hir'isaa deemu waan ta'eef Poolisiin kamiyyuu dirqama isaa itti gaafatamummaa olaanaa dhaan raawwachuu qaba.

Rakkoolee qabatamaan mul'atan keessaa rincicni gama Poolisiin mul'atu isa tokkoo dha. Kunis bifa garagaraan mul'achuu kan danda'u yoo ta'u kanneen keessaa sababa ga'aa malee yeroo beellamaa m/murtii gaafachuu, yeroo barbaachisetti ragoota ittisaa himatamaaf dhiyeessuu

[132] Akka miil-jalee 77[ffaa], kwt. 54(2-g).
[133] Akkuma Miil-jalee Olii kwt. 54(2-h).
[134] Akka Miil-jalee 4[ffaa] ,fuula 342
[135] Akkuma Olii

dhabuu, bu'uura ajaja mana murtiitin sakatta'iinsaa fi qabiinsa raawwachuu dhabuun akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Rakkooleen kunneen qabatamaan maal akka fakkaatan dhimmoota qabatamaan deeggaramuun boqonnaa tokkoffaa keessatti ilaalamaniiru. Muuxannoo jiru irraa akka hubatamutti rakkoolee kanneen hambisuuf tattaaffiin hooggansa bira jiru akkasumas kutannoon dhuunfaa Poolisii bira jiru gadi aanaa dha.

Qaphxii Marii

- Mana hojii keessanittti sirni raawwiin hojii Poolisii ittiin madaalamu maal fakkaata? Poolisii dhuunfaa raawwii hojii qulqullina olaanaa qabuu fi bu'a qabeessa ta'e qabuuf carraan guddinaa, badhaasaa ykn beekamtii argachuu Poolisiin sun qabu maal fakkaata? Rinciica Poolisii dhuunfaa irratti mul'atuuf tarkaanfiin qabatamaadhaan fudhatamu hoo maal fakkaata?

Boqonnaa Sadii

Mirga Sirreeffamtoota Seeraa Fi Itti Gaafatamummaa Manneen Sirreessaa Seensa

Kutannoo mirga namoomaa kabajuu fi kabachiisuuf mootummaan biyya tokkoo qabu iddoon itti madaalamu keessaa inni tokko kunuunsaa fi kabaja sirreeffamtoota seeraaf taasiisuudhaani. Dhugaa kanaas jecha armaan gadii Pirezidaantiin Afrikaa kibbaa kan duraanii, Nelson Mandelan dubbatan irraa ni hubatama:

> *Namni tokko dhugaatti maalummaa biyya tokkoo hanga mana sirreessaa galuutti beekuu hin danda'u. Biyyi tokko kan ilaalamuu qabdu kunuunsa kutaalee hawaasaa sadarkaa olaanaa irra jiraniif taassiftuun otuu hin taane, kunuunsa kutaalee hawaasaa sadarkaa gadi aanaa irratti argamaniif taasiftuuni.* (*It is said that no one truly knows a nation until one has been inside the jails. A nation should not be judged by how it treats its highest citizens, but its lowest ones)*[136]

Bilisummaan qaamaa ilma namaa mirgoota jiran keessaa baay'ee barbaachisaa fi murteessaa dha. Bilisummaan kun namoota yakka raawwatanii itti murta'ee fi himataman irraa yeroo murtaa'eef ni daangeffama. Kunis kan raawwatamu murtii m/murtiitin kennamuun yoo ta'u manni murtii namoota yakka raawwatan jedhamee murtiin adabbii hidhaa itti murtaa'u adabbicha haala seeraatiin akka raawwachiisan gara bulchiinsa mana sirreessaatti erga. Itti gaafatamummaan mana sirreessaas namoota seeraan adabbiin hidhaa itti murtaa'e kanniin yeroo adabbii isaanii akka xumuraniif raawwii adabbii hidhaa hogganuun raawwachiisuu dha.

Manni sirreessaas sirreeffamaa simatee yeroo adabbicha raawwachiisuutti bilisummaa sirreeffamaa hanga adabbii raawwachiisuuf barbaachisaa ta'ee ol daangessuu hin qabu. Kana jechuun, namni adabbiin hidhaa itti murtaa'ee mana sirreessaa akka turu ajajame bilisummaan isaa irraa haa daangeffamu malee mirgi namoomaa isaaf kabajamuu qaba jechuu dha. Jalqabatti kan daangeeffame bilisummaa qaamaa yoo ta'u raawwiin isaa bifa mirgaa fi kabaja namoomaa sirreeffamtootaa miidhuun raawwatamuu hin qabu.

[136]Andrew Coyle, 'A Human Rights approach to Prison Management' (Handbook for Prison Staff, 2nd ed, International centre for Prison Studies, 2009), keessaatti akka ibsametti.

Sirreeffamtoota mana sirreessaatti simataman keessaa kanneen kunuunsa addaa barbaadanis ni jiru. Kanneen keessaa dubartootni ulfaa, dubartootni daa'imman qabatanii jiranii fi qaama miidhamtootni isaan sarara duraa irratti eeramanii dha. Namootni kun tajaajilaa fi kunuunsa idileen sirreeffamtootaaf kennamu irratti haala adda ta'een eegumsi taasifamuufii qaba. Eegumsaa fi kunuunsa sirreeffamtoota kanaaf godhamu ilaalchisee itti gaafatamummaan manni sirreessaa qabu kan sirreeffamtoota biroo irraa garagara. Eegumsi sirreeffamtoota kanaaf taasifamu kun kabajamuu mirga namoomaa irraa kan maddee dha.

Boqonnaa kana jalatti mirgi namoomaa sirreeffamtoota seeraa maal akka ta'ee fi haala kamiin kabajamuu akka qabu ni xiinxalama. Dirqamnii fi itti gaafatamummaan bulchiinsa mana sirreessaa, akkasumas dirqamnii fi itti gaafatamummaa dhuunfaa miseensota poolisii mana sirreessaa maal akka hammatu ni ilaalamu. Mirgi dubartoota ulfaa, mirgi dubartoota daa'imman qabatanii hidhamanii fi mirgi miidhamtoota qaamaa maal akka ta'ee fi manneen sirreessaa keessatti haala kamiin kabajamuu akka qabu bal'inaan kan ilaallu ta'a. Dhimmoota kanniin ilaalchisee seerota Idil-addunyaa, kan biyyoolessaa fi seerota akka naannoo keenyaatti jiran muuxannoo jiru faana kaafnee kan ilaallu ta'a. Dhimmootni qabatamoo ta'aanis xiyyeeffannaan kennameefii kan ilaalaman ta'a.

***Dhuma leenjichaa irratti Leenjifamtoonn*:**

- Eegumsaa fi kabaja mirga namoomaa sirreeffamtootaaf kennamuu qabu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Mirgoota sirreeffamtootaa kabachiisuun wal qabatee itti gaafatamummaa dhuunfaa miseensa Poolisii fi itti gaafatamummaa dhaabbataa mana sirreessaa irratti hubannoo isaanii ni cimsatu.
- Mirga namoomaa dubartoota ulfaa, dubartoota daa'iimman qabatanii mana sirreessaa jiranii fi mirga qaama miidhamtootaa ilaalchisee hubannoo isaanii ni gabbifatu.
- Walitti dhufeenyaa fi sirna to'annaa bulchiinsa mana sirreessaa fi sirreeffamtoota gidduu jiraachuu malu irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu.

3.1. Mirga Sirreeffamtoota Seeraa Akka Waliigalaatti

Dhimmi mirga namoomaa dhimma aangoo mootummaa biyya tokkoo qofa ilaallatu osoo hin taane, dhimma hawaasa addunyaa hunda ilaallatuudha. Kanarraa kan ka'e sadarkaa idil-addunyaatti istaandardoota mirga namoomaa baasuu, haala raawwii isaanii mijeessuu fi hojirra oolmaan isaanii hawaasa addunyaatin hordofamaa tureera.[137]Haaluma kanaan, sanadootni mirga namoomaa idil-addunyaa mirga namoomaa sirreeffamtootaaf xiyyeeffannaa kennanii teechisaniiru.

Sanadoota kanneen keessaa Waliigalteen Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa idil-addunyaa (ICCPR) isa tokkoo dha. Akka waliigaltee kanaatti namni bilisummaa isaa dhabe ykn sirreeffamaan hunduu haala kabaja namoomaa ilma namaatif maluun qabamuu qaba. Qajeeltowwan bu'uraa qabiinsa mirga sirreeffamtootaa (*Basic Principles for the Treatment of Prisoners*) akka ibsetti sirreeffamtootni hunduu akka ilma namaatti kabaja namoomaa argatanii jiraachuu qabu.[138] Chartariin Mirga Namoomaa fi Mirga Ummataa Afrikaatis akka ibsutti namni kamiyyuu kabaja ilma namaatif malu argachuuf mirga qaba.[139] Haaluma kanaan, sirreeffamtoonni seeraatis akkuma nama kamiittuu mirgi namoomaa isaanif kabajamuuf mirga akka qaban keewwata kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Heerri Mootummaa FDRI tis namoonni too'annaa seeraa jala jiranii fi murtiidhaan hidhaman haala kabaja namoomaa isaanii eegeen qabamuuf mirga akka qaban tumeera. Akkasumas, haadha warraa ykn abbaa warraa isaanii, firoota dhihoo, hiriyoota, gorsitoota amantaa, ogeeyyota wal'aansaa fi gorsitoota seeraa isaanii waliin wal qunnamuu fi akka isaan daawwataniif carraa argachuu akka qaban heerri kun addeesseera.[140]

Sirreeffamtootni seeraa yakka raawwataniin waan itti murtaa'eef bilisummaa isaanii haa dhaban malee namooma isaanii hin dhabne. Kanarraa kan ka'e, mirgi namoomaa nama tokkoon malu

[137] Akka miil-jalee 1[ffaa], fuula 5.
[138]Basic Principles for the Treatment of Prisoners, Adopted and proclaimed by General Assembly resolution 45/111 of 14 December 1990, principle 1.
[139]Akka miil-jalee 84[ffaa], kwt. 5.
[140] Akka miil-jalee 2[ffaa], kwt. 21.

isaaniif kabajamuu qaba jechuu dha.[141] Mirgii fi kunuunsi sirreeffamtootaaf malu baay'ee yoo ta'ees isaan ijoo ta'an kutaa xiqqaa itti aanu kana keessatti kaafnee ilaaluu yaalla.

3.1.1. Mirga Gochaa farra namoomaa irraa walaba ta'uu

Mirga namoomaa sirreeffamtootaa keessaa inni hangafaa mirga nageenya qaamaa fi sammuu ti. Kunis dararaan farra namoomaa ta'e (*torture*) irra gahuu hin qabu. Bulchiinsi mana sirreessaa adabbii manni murtii itti murteesseen ala adabbii biraa sirreeffamaa irratti raawwachuu hin qabu. Fakkeenyaaf, tumiinsi fi gochoonni farra namoomaa ta'an kan biroo dhoorkamaa ta'uu isaa manni sirreessaa beekuu qaba. Ibsi Waliigalaa Mirga Namoomaa (*Universal Declaration of Human Human Rights*- UDHR) akka ibsutti nama kamiyyuu dararaa hamaa (*torture*) fi gochooti farra namoomaa irratti raawwatamuu hin qabu.[142]

Biyyi kamiyyuu daangaa biyya isii keessatti gochoonni dararaa hamaa nama irraan gahan (*torture*) raawwaatamuu akka hin qabne tarkaanfiwwan seeraa, bulchiinsaa, mana murtii fi tarkaanfii barbaachisaa ta'an kan biroo fudhachuu qabdi. Akkasumas, haalli addaa (*exceptional circumstances*) kamiyyuu gochoota kanniinif akka sababaatti ka'uu hin danda'an. Keessattuu, ajajni qaama ol'aanaa gochaa dararaa hamaa (*torture*) tif akka sababaatti fudhatamee gaafatamummaa jalaa nama hin baasu.[143]Akkasumas, amalli sirreeffamaatis gochoota farra namoomaatiif sababa ta'uu hin danda'u.

Tarkaanfiin biraa hunduu raawwatamanii bu'aa barbaadamu kan hin argamsiifne yoo ta'e, humna fayyadamuun akka filannoo isa dhumaatti hojirra ooluu ni danda'a. Kunis, haala dambiin hayyamuun fi haala sirreeffamaa amala badaa irraa deebisuuf barbaachisaa ta'e qofatti daangeffamuu qaba. Sirreeffamaa uleen dhahuun aadaa akka hin taane poolisiin mana sirreessaa yeroo hunda ulee poolisii qabatee socho'uu hin qabu. Sochii sirreeffamaa hir'isuuf kaateenaa, sibiilaa ykn meeshaa biroo kamiiniyyuu fayyadamuu ilaalchisee danbiin dhimma kana hoogganu jiraachuu qaba. Poolisiin mana sirreessaa meeshaalee kanniin akka salphaatti akka hin arganne

[141] Akkuma miil-jalee 136[ffaa], fuula 33.
[142] Universal Declaration of Human Rights, kwt. 5.
[143]Convention against Torture and Other Cruel, Inhuman or Degrading Treatment or Punishment.Adopted and opened for signature, ratification and accession by GeneralAssembly resolution 39/46 of 10 December 1984, entry into force 26 June 1987, kwt.2.

iddoo dhoksaa kaa'amuu qabu, itti fayyadamuun barbaachisaa yoo ta'e hooggantoota ol'aanoo mana sirreessaatiin hayyamamuu qaba.[144]

Gochaan farra namoomaa tarkaanfii qaama sirreeffamaa irratti fudhatamu qofatti kan daangeffamuu miti. Gochoota ykn haalota sammuu sirreeffamtootaa jeequu danda'an irraayis walaba ta'uun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf, iddoon jireenyaa mijataa ta'uu, fayyummaan isaanii eegamuu, nyaata gahaa fi bishaan dhugaatii argachuu fi kkf guutamuu qabu. Haalonni kunniin yoo hin guutamin dararaa qorqalbii (*psychological torture*) sirreeffamaa irraan gahuu danda'u jechuu dha.

Wixineen Dambii Ittiin Bulmaataa Sirreeffamtoota Seeraa Oromiyaa bara 1997 qophaa'e, sirreeffamaa kamiyyuu kaateenaan yookin meeshaalee sochii hir'isuu danda'an kamiinuu hidhuun adabuun dhoorkaa ta'uu isaa tumeera. Haata'u malee, sirreeffamaan akka hin miliqne ykn mataa isaa fi nama biroo irratti miidhaa akka hin geessineef ittisuun barbaachisaa ta'ee yoo argame harka isaa ykn miila isaa kaateenaa ykn sibiilaan ykn meeshaa birootin haala dararaa hin geessineen hidhuun akka danda'amu ibseera. Tarkaanfiin kun, sirreeffamaa irratti fudhatamuudhaaf ulaagaalee guutamuu qaban danbichi kaa'eera. Kunis:

- Meeshaaleen ittiin hidhan kunniin kan dararaa hin geessine ta'uu qabu,
- Itti gaafatamaan dhimmi ilaalu ajaju malee tarkaanfiin kaateenaan hidhuu fudhatamuu hin qabu, ta'us haalli ariifachiisaa fi yaaddessaan yeroo mudatu itti gaafatamaan eegumsaa sirreeffamaan kaateenaan hidhamee akka eegamu ajajuu ni danda'a. Haata'umalee, itti gaafatamaa ol'aanaan mana sirreessaa osoo hin eeyyamin haala kanaan sa'aatii 48 caalaa turuu hin qabu.
- Itti gaafatamaan mana sirreessaa osoo hin ajajin haala armaan olitti ibsameen itti gaafatamaan eegumsaa ajajuun kan hidhame yoo ta'e haalli kun ogeessa yaalaa sirreeffamichaatif beeksifamuu fi galmee irrattis akka galmaa'u godhamuu qaba.
- Fayyaa sirreeffamichaa irratti miidhaa kan hin geessine ta'uu isaa ogeessa yaalaatiin mirkanaa'uu qaba.

Kaateenaadhaan yookin meeshaa birootin sirreeffamaa hidhuun kan danda'amu sirreeffamicha adabuuf osoo hin taane haala biraatin miliquu irraa ittisuun kan hin danda'amne yoo ta'ee fi

[144] Akka miil-jalee 136[ffaa], fuula 33.

sirreeffamichi ofii isaa fi nama biraa irraanis akka balaa hin geessine ittisuu qofaaf akka ta'e hubatamuu qaba.[145]

Gochaawwan farra namoomaa kan qaama irratti raawwatamu qofa osoo hin taane haala jireenyaa akka waliigalaatti qorqalbii isaanii irratti dhiibbaa geessisuu danda'u hunda hammata. Fakkeenyaaf, kutaan ciisichaa isaanii ulaagaa kaa'ame kan guutu ta'uu qaba. Gama kanaan Wixineen Dambii Itiin Bulmaata Sirreeffamtootaa Oromiyaa sirreeffamtoonni haala adabbii isaanitiin, fayyaa, saalaanfi umrii isaanitiin qoqqoodamanii kutaa gara garaa keessa jiraachuu akka qaban ibsa malee kutaan ciisicha isaanii maal maal qabaachuu akka qabu hin tarreessine.[146]

Dambiin Qabiinsa Sirreeffamtootaa Federaalaa Lakk. 138/2007 gama isaatin adeemsi haaromsa sirreeffamtootaa qajeeltoo bu'uraa hordofuu qabu keessaa tokko adabbiin sirreeffamtoota irratti murtaa'e kan hin daangessine yoo ta'e kabajni namoomaa isaanif mirkanaa'uu akka qabu teechiseera.[147] Dabalataanis, kutaawwan ciisichaa sirreeffamtootaa maal maal qabaachuu akka qabu tarreesseera. Kunis, kutaan ciisichaa sirreeffamtootaa fooddaa ifaa gahaa kitaaba dubbisuuf dandeessisu galchuu danda'u qabaachuu, halkanis ifaa gahaa kitaaba dubbisuuf mijaayaa ta'e qabaachuu akka qabu ni dirqisiisa.[148]

Qaphxii Marii

1. Gochaawwan farra namoomaa hambisuun itti gaafatamummaa biyya tokkoo qofa otuu hin taane kan hawaasa addunyaa guutuuti jechuun maal jechuu dha?
2. Gochaa farra namoomaa sirreeffamaa irratti sirreeffamaa biraatin raawwatamu ilaalchisee itti gaafatamummaan mana sirreessaa maal ta'uu danda'a?
3. Gochoota farra namoomaa m/sirreessaa keessatti qaama tikaa nageenyaatiin sirreeffamaa irratti raawwatamuuf itti gaafatamummaan mana sirreessaa maal ta'uu qaba?
4. Sirreeffamaan mana sirreessaa keessaa ajaja qaama olaanaatiin haalli ittiin bahuu danda'u jiraataa?

[145] Wixinee Dambii Ittiin Bulmata Sirreeffamtoota Seeraa Komishinii M/Sirreessaa Oromiyaa bara 1997, kw. 55.
[146] Akkuma Olii, kwt.10- 17.
[147] Dambii Haala qabiinsa Sirreeffamtoota Federaalaa Mana Marii Ministrootaa Lakk. 138/1998 (Treatment of Federal Prisoners Council Ministers Regulations No. 138/2007), kwt.3.
[148] Akkuma Olii, kwt. 6.

3.1.2. Mirga Tajaajila Fayyaa Argachuu

Sirreeffamaan kamiyyuu akkuma namoota kaanii fayyummaa qaamaa fi qalbii gaarii qabaachuuf mirga qaba. Waliigalteen Mirgoota Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa Addunyaa *(ICESCR*) akka jedhutti biyyoonni miseensa waliigaltichaa ta'an hunduu namni kamiyyuu mirga fayyummaa qaamaaf qalbii qabaachuu akka qabu beekkamtii kennanii jiru.[149] Mirgi bu'uraa kun nama hundaa kan ilaallatu yoo ta'u sirreeffamtoota ilaalchisee mootummaan bilisummaa namoota kanneenii eega irraa kaasee fayyaa isaanii eeguuf dirqama qaba.[150]

Manni sirreessaa tajaajila wal'aansaa kennuu qofa osoo hin taane qulqullinaa fi haala jireenyaa sirreeffamtootaa fi miseensota poolisiitif mijataa taasisuu qaba. Sirreeffamtootni hidhaa fixatanii bahanis dhibee qabatanii bahuu waan danda'aniif dhumarratti hawaasnis dhibee kanaan faalamuu mala. Kanaafuu, qulqullinaa fi fayyummaa mana sirreessaa eeguun fayyummaa sirreeffamtootaa bira darbee fayyaa hawaasaa eeguu waliin wal madaala jechuu dha.[151]

Sanadni "*Basic Principles for the Treatment of Prisoners*" jedhu akka kaa'etti sirreeffamtootni hunduu garaagarummaa tokko malee tajaajila fayyaa biyya keessatti argamu kamiyyuu argachuu qabu.[152] Dabalataanis sanadni "*Standard Mimimum Rules for the Treatment of Prisoners*" jedhu akka teechisetti tajaajilli sirreeffamtootaaf kennamu kamiyyuu ulaagaa fayyaaf barbaachisu guutuu qaba, keessattuu iddoon ciisichaa haala qilleensa naannoo waliin ilaalamee mijaa'uu akka qabu, ifaa gahaa fi bal'inni isaas mijataa ta'uu akka qabu ibseera.[153] Sanadni kun dabalataanis mana sirreessaa hundaa keessatti yoo xiqqaate qondaalli fayyaa (*medical officer*) tokko fi ogeessi yaala sammuu (*psychiatry*) jiraachuu akka qabu ni dirqisiisa. Tajaajlli fayyaa kennamu qorannoo fayyaa taasifamuu fi sirreeffamtoota rakkoo sammuu qaban kunuunsuuf tajaajila yaala sammuu kan hammate ta'uu qaba. Akkasumas sirreeffamtootni yaala addaa (*specialist treatment*) barbaadan gara dhaabbilee yaala addaa kennaniitti ykn hospitaala ummataatti dabarfamuu qabu. Tajaajilli Hospitaalaa mana sirreessaa keessatti kan kennamu yoo ta'e ogeeyyin, dawaa fi

[149] International Covenant on Economic social and Cultural Rights (ICESCR), kwt.12.
[150] Akka miil-jalee 136[ffaa], fuula 33.
[151] Akkuma Olii
[152] Akkuma Miil-jalee 138, principle 9.
[153] Standard Minimum Rules for the Treatment of Prisoners, Adopted by the First United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders, held at Geneva in 1955, and approved by the Economic and Social Council by its resolutions 663 C (XXIV) of 31 July 1957 and 2076 (LXII) of 13 May 1977, Rule 10.

meeshaaleen barbaachisan hundi guutamuu qabu.[154] Qondaalli fayyaa fayyummaa qaamaa fi sammuu sirreeffamtootaa hordofuu qaba, akkasumas sirreeffamtoota dhukkubsatan guyyaa guyyaan ilaaluu qaba.[155]

Sirreeffamaan tokko yoo gara mana sirreessaa dhufu fayyummaa isaa qulqulleeffachuu. Manni sirreessaa haala isaaf danda'ameen sirreeffamaa haarawa yoo simatu fayyummaa isaa qorachuu qaba. Kunis kan garagaaru, osoo gara m/sirreessaa hin dhufin dura haala fayyaa sirreefffamichaa beekuuf, yeroo too'annaa poolisii jala turetti miidhaan irra gahe yoo jiraate baruuf, akkasumas ogeeyyiin fayyaa m/sirreessaa haala fayyaa sammuu sirreeffamichaa akka hubatanii fi garagaarsa barbaachisaa akka tasisaniif isaan gargaara. [156] Walumaagalatti, wal'aansi gara garaa taasifamu hunduu haaromsa sirreeffamtootaatiif kan bu'aa buusu ta'uu qaba jechuu dha.[157]

Wixineen Dambii Ittiin Bulmaata Sirreeffamtoota Seeraa Oromiyaa akka ibsutti manni sirreessaa sirreeffamaa haaraa yeroo simatu fayyummaan isaa shakkisiisaa ta'ee yoo argame qorannoon fayyaa akka godhamuuf gaafachuu ni danda'a.[158] Wixineen dambii kun sirreeffamaan kamiyyuu wiirtuu yaalaa mana sirreessaa irraa kaasee hanga Hospitaalota Mootummaa isaan gurguddootti tajaajila yaalaa bilisaan argachuuf mirga akka qabu teechiseera.[159]Dambiin kun haala sirreeffamaan yaala ittiin argatu gabaabinaan kan ibsuun ala haala wiirtuun fayyaa mana sirreessaa keessatti ittiin dhaabbatu, haala ogeessaa fi dawaan ittiin guutamu irratti gadi fageenyaan wanti kaa'u hin jiru. Dambiin Haala Qabiinsa Sirreeffamtootaa Federaalaa garuu haala wiirtuun yaalaa itti hundeeffamu, ogeessa yaalaa fi haala dawaan ittiin guutamuu fi akka waliigalaatti sirna tajaajila fayyaa sirreeffamtootaa ifaan tarreesseera.[160]

Dhimma 18^{ffaa}

Bara 1997 ALA sirreeffamtoonni 4 kan dhibee HIV qaban isaanii fi namoonni dhibee kana qaban kan biroos yaala barbaachisaa haala dhibee isaanii waliin deemu, yaala AZT jedhamu dabalatee, yaala biroos argachaa kan hin jirre ta'uu ibsuun mana murtii ol'aanaa Afrikaa

[154]Akkuma Olii, Rule 22.
[155]Akkuma Olii, Rule 25.
[156]AKka Miil-jalee 136^{ffaa}, fuula 49-50.
[157] AKka miil-jalee 153^{ffaa}, Rule 62.
[158]Akka Miil-jalee 145^{ffaa}, kwt. 9(1).
[159]Akkuma Olii, kwt. 20(2).
[160].Akkuma miil-jalee 147^{ffaa}, kwt. 11.

Kibbaatti iyyannoo dhiyeeffatanii jiru. Tajaajila yaalaa kanas tolaan argachuu akka qabanis mana murtiitti jabeessanii falmaniiru. Manni sirreessaa gama isaatin sirreeffamtoota kanaaf yaala ol'aanaa akkanaa dhiyeessuuf maallaqa kan hin qabne ta'uu ibsee falmee jira. Dhumarratti manni murtii tajaajilli yaalaa gaafatame baasii mootummaatin sirreeffamtoota kanaaf dhiyaachuufii akka qabu murteessee jira.[161]

Qaphxii Marii

1. Dhimma armaan olii kana haala qabatamaa Manneen sirreesaa naannoo keenyaa waliin wal qabsiisaati irratti mari'adhaa!
2. Akka qajeeltootti manni sirreessaa tajaajila yaalaa kamiyyuu dhaabbilee fayyaa mootummaa kamiyyuu keessatti kennaman sirreeffamtootaaf tolaan dhiyeessuuf dirqama qaba. Haala qabatamaa naannoo keenya keessa jiruu fi qajeeltoo kana wal bira qabaa irratti mari'adhaa!
3. Sirreeffamtootaaf uffata dhiyeessuu irratti muuxannoon mana hojii keessanii jiru maal fakkaata? Barbaachisummaa isaa hoo akkamitti ilaaltan?

3.1.3. Mirga Maatiin wal Qunnamuu yookin Daawwatamuu

Waliigalteen Mirgoota Sivilii fi Siyaasaa Idil-addunyaa (ICCPR) akka ibsutti maatiin bu'ura hawaasummaa waan ta'eef mootummaa fi hawaasnis eegumsa gochuufii qaba.[162]Akkasumas sanadni "*Standard Minimum Rules for the Treatment of presoners*"jedhu gama isaatin sirreeffamtoonni maatii fi hiriyoota isaanii waliin akka wal qunnaman haalli mijaa'eefi sagantaan wal arguu akka qaban hayyamamuufii akka qabu ibseera.[163]Dabalataanis, wal qunnamtii kanaaf xiyyeeffannaan kennamuufi qaba, faayidaa sirreeffamtootaa fi qaama isaan daawwatuufis jedhamee haalli mijatuu akka qabu ibseera.[164]

Namoonni m/sirreessaa keessa jiran ajaja m/murtii gosa adda addaatin kan seenanii dha. Kunis, murtii adabbii, beellama yeroo fi beellama idileeti. Ajaja kamiinuu kan seenan yoo ta'e mirga

[161] (The Cape High Court (South African) (1997) *Van Biljon and others v Minister of Correctional Services and others 1997* (4) SA 441 (C), 1997 (6) BCLR 789 (C). Cape Town: SACR,) -Andrew Coyle, 'A Human Rights approach to Prison Management' (Handbook for Prison Staff, 2nded, International centre for Prison Studies, 2009), keessatti akka ibsamettii.

[162]. Akka miil-jalee 149ffaa kwt 23.

[163] . Akka miil-jalee 153ffaa, Rule 37.

[164]Akka miil-jalee 153ffaa, Rule 79.

maatiin wal qunnamuu ni qabu jechuu dha. Keessattuu, too'atamaan hin dhagahamin (*untried*) akkuma too'atameen (*immediately*) too'atamuu isaa maatii isaatti himachuufi maatii isaatin akka wal argu mijaahuufii qaba. Haalli kun faayidaa bulchiinsa haqaa fi nageenya dhaabbatichaatif (m/sirreessaatiif) kan sodaachisu yoo ta'e haala dhiphaan daangeffamuu akka danda'us sanadni armaan olitti tuqame kun ni ibsa.[165]

Heerri Mootummaa FDRI kwt. 21(2) jalatti namni too'annaa seeraa jala jiruu fi kan murtiidhaan hidhame kamiyyuu haadha warraa ykn abbaa waarraa, fira dhihoo fi hiriyoota isaatin wal qunnamuu fi daawwatamuu akka danda'u haalli mijaa'uufii akka qabu tumeera.

Mirgi maatiin wal qunnamuu kun biyyoota garagaraa keessatti haala adda addaatin raawwatama. Fakkeenyaaf, biyyoota Awurooppaa bahaa fi Giddu-galeessa Eshiyaa keessatti manuma sirreessaa keessatti manneen xixiqqoo hojjachuun sirreeffamtootni maatii isaanii waliin hanga sa'aatii 72 tti keessa akka turan taasifama. Manneen kunniin wantoota bu'uraa kan akka kichinii (kushiinaa), kutaawwan ciisichaa, mana fincaanii, iddoo dhiqannaa, fi kkf guutamee yeroo tokkotti haga maatii jahaa akka keessummeessu taasifamee qophaa'a. Maatiin ulaagaa barbaadamu guutu waggatti hanga yeroo afurii haala kanaan akka fayyadamu carraa ni argata jechuu dha. Kaanaadaa fi manneen sirreessaa Ameerikaa tokko tokko keessattis haalli kun ni raawwatama.[166]

Wixineen Dambii Ittiin Bulmaata Sirreeffamtootaa Oromiyaa akka ibsutti sirreeffamaan kamiyyuu haadha warraa ykn abbaa warraa, firoottanii fi maatii isaa waliin wal qunnamuuf mirga qaba. Haalli wal qunnamtii ifaan tarreeffamuullee yoo baate sirreeffamaan kamiyyuu yoo xiqqaate torbanitti guyyaa lama firoota isaa waliin qaamaan walitti dhiyaatanii wal dubbisuu akka danda'an dambichi teechiseera.[167]Dambiin ittiin bulmaata sirreeffamtoota federaalaas haaluma kanaan mirga kana eegeera.[168]

Qabxii Marii

[165] Akka miil-jalee 153[ffaa], Rule 92.
[166] AKka miil-jalee 136[ffaa], fuula 101.
[167] Akka miil-jalee 153[ffaa], kwt.20 fi 23(4).
[168]Akka miil-jalee 147[ffaa] ,kwt.13.

1. ICCPR kwt. 23 jalatti mootummaa fi hawaasnis maatiif eegumsa barbaachisaa godhuufii akka qaban ni dirqisiisa. Heerri Mootummaa FDRI tis kwt. 34(3) jalatti maatiin bu'ura hawaasaa waan ta'eef mootummaa fi hawaasaan eegumsi godhamuufi akka qabu tumeera. Haata'u malee qabatamaa jiru yoo ilaallu, biyya keenya keessatti haalli too'atamaan ykn sirreeffamaan maatii isaa waliin ittiin wal qunnamuun baay'ee dhiphaa dha. Kan wal argus yoo ta'e ijaan wal arguu yoo ta'e malee akka dhiirsaaf niitiitti waliin haasa'uu hin danda'u. Tumaa Keewwatoota kanaafii haala qabatamaa manneen too'annaa fi m/sirreessaa keenya keessa jiru wal bira qabaa mari'adhaa!
2. Mirgi maatiin wal qunnamuu kun mirga miseensa maatii ala jiruu waliin haala kamiin ilaalama? Maatiin ijoollee argachuu barbaadu sirreeffamaa yeroo dheeraa hidhamu waliin yoo ilaalamu mirga maatii itti fufsiisuu waliin akkamitti ilaalama? Haala qabatamaa biyya (naannoo) keenyaa kaasaa bal'inaan mari'adhaa!
3. Wal qunnamtiin sirreeffamaan seeraa maatii isaa waliin taasisu haala kamiin ta'uu qaba? Bakka poolisiin jirutti moo hin jirretti? Bilbilaan akka wal hin qunnamne dhoorkuun ni danda'amaa? Kan dhoorkamu yoo ta'e bu'ura seeraa qabaa?

3.1.4. Mirga Abukaatoo Seeraatiin Wal Qunnamuu fi Waliin Mari'achuu

Sanadni "*Body of Priciples for the Protection of all Persons Under any Form of Detention or Imprisonment*" jedhu kan Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin qophaa'e akka teechisetti namni too'annaa seeraa jala oole ykn sirreeffamaan kamiyyuu abukaatoo ofii waliin wal qunnamuu fi waliin mari'achuuf mirga qaba.[169] Dabalataanis "*Standard Minimum Rules for the Protection of Prisoners*" akka ibsutti too'atamaan hin dhagahamin himannaa irratti dhiyaate ofirraa ittisuu akka danda'u abukaatoo isaa waliin wal arguu fi waliin mari'achuu akka danda'u haala mijataa argachuuf mirga qaba. Yeroo marii kana gaggeessu akka poolisiin argutti kan mari'atu ta'us poolisiin iccitii marii isaanii dhagahuu hin qabu.[170]

Sanadni *"UN Basic Principles on the Role of lawers*" jedhus kanuma mirkaneessa. Akka sanada kanaatti namni too'annaa seeraa jala oole hunduu osoo hin turin ogeessa seeraa waliin wal qunnamuuf mirga kan qabuu fi mirgi kunis haala kamiiyyuu keessatti yeroo too'annaa jala oolerraa kaasee sa'aatii 48 (afurtamii saddeet) yeroo hin caalle keessatti ta'uu akka qabu

[169]. Akka miil-jalee 138[ffaa] principle 18.
[170] Akka miil-jalee 153[ffaa], Rule 93.

teechiseera.[171]Heerri Mootummaa FDRI kwt.21(2) jalatti namni too'annaa seeraa jala jiruu fi kan murtiidhaan hidhame kamiyyuu gorsaa seeraa (abukaatoo) ofii waliin wal qunnamuu fi kanaafis haalli mijaa'uufii akka qabu tumeera. Akka keewwata kanaatti mirgi kun sirreeffamaa gosa kamiyyuu, jechuunis beellama yeroo fi beellama idileetin kan jiran akkasumas sirreeffamaa murtii dhumaa argates kan dabalatuu dha. Haalli itti raawwatamus kallattii kanaan ta'uu qaba jechuu dha.

Wixineen dambii ittiin bulmaata sorreeffamtoota seeraa Oromiyaa akka tumetti sirreeffamaan kamiyyuu abukaatoo isaa wajjiin wal argee mari'achuuf mirga qaba. Yeroo mari'atan miseensi eegumsaa dhimma isaanii akka hin dhageenyetti irraa fagaatee eeguu qaba.[172]Dambiin Haala Qabiinsa sirreeffamtoota seeraa federaalaas haaluma wal fakkaatuun tumeera.[173]

3.1.5. Mirga Nyaata Gahaa fi Bishaan dhugaatii Argachuu

Sirreeffamtoonni hunduu nyaata fayyaa isaaniif mijataa ta'e argachuuf mirga qabu. Nyaataa fi bishaan dhugaatii sa'aatii murtaa'aa ta'etti (*at regular interval*) argachuu qabu. Waliigalteen Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa Idila-Addunyaa (ICESCR) akka teechisetti nyaata gahaa ta'e argachuun qaama sadarkaa jireenyaa (*adequate standarad of living*) ta'uu isaa tumeera. Akkasumas biyyoonni miseensa waliigaltichaa ta'an mirga bu'uraa namni beeleffamuu irraa bilisa ta'uuf qabuf (*Fundamental Right of Everyone to be free from hunger*) beekkamtii kennuun mirga kana dhugoomsuuf tarkaanfiwwan barbaachisaa akka fudhatan ibseera.[174]Akkasumas "*Standard Minimum Rules for the Treatment of Prisoners*" akka ibsutti sirreeffamtootni hunduu yeroo murtaa'ee fi baratametti nyaata dagaagina, jabinaa fi fayyummaa qaamaatiif isaan barbaachisu haala qulqullina qabuun qophaa'e argachuuf mirga qabu. Bishaan dhugaatiis sirreeffamaa kamiifuu yeroo inni barbaadetti dhiyaachuufii akka qabu sanadni kun ni addeessa.[175]Bulchiinsi mana sirreessaa nyaataaf bishaan dhugaatii haala jedhame kanaan dhiyeessuuf dirqama qaba.

---

[171] United Nations Basic Principles on the Rle of Lawyers, *Adopted by the Eighth United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders, Havana, Cuba, 27 August to 7 September 1990, principle 7.*

[172]Akka miil-jalee 145[ffaa], kwt. 24.

[173] Dambii Haala Qabiinsa Sirreeffamtoota Federaalaa Mana Marii Ministrootaa Lakk. 138/1998 (Treatment of Federal Prisoners Council of Ministers Regulation No. 138/2007), kwt. 5.

[174] Akka miil-jalee 149[ffaa] kwt. 11.

[175] Akka miil-jalee 153[ffaa], Rule 20.

Ilaalchi seeraa yeroo ammaa jiru (*Modern Legal Openion*), nyaataaf dhugaatii sirreeffamtoota irraa hir'isuun akka adabbii qaama namaa irratti raawwatamuu (*corporal punishment*) tti akka ilaalamu kan ibsuu dha.[176]Egaa qabiinsi sirreeffamtootaa haala mirga namoomaa eegeen raawwatame kan jedhamu, bulchiinsi mana sirreessaa sirreeffamtoota hundaaf nyaataaf bishaan dhugaatii gahaa yoo dhiyeessee dha. Bulchiinsi m/sirreessaa kana raawwachuudhan sirreeffamtootni beelaan miidhamuu dhabuu fi dhibeewwan hanqina nyaataatiin dhufaniin akka hin qabamne mirkaneeffachuu qaba.

Akka wixineen dambii ittiin bulmaata sirreeffamtoota seeraa oromiyaa addeessutti sirreeffamaan kamiyyuu haala baajata mootummaan ramadeen akka wal simu taasuun guyyatti yeroo sadi, ciree, laaqanaa fi irbaata qulqullinni isaa eegame argachuuf mirga qaba.[177]Dambiin haala qabiinsa sirreeffamtoota seeraa federaalaa sirreeffamaa kamiyyuu nyaanni madaalawaa fi fayyaadhaaf mijataa ta'e fi bishaan dhugaatii qulqulluun dhiyaachuufi akka qabu teechiseera.[178]

Qabxii Marii

1. Yeroo ammaatti akka naannoo Oromiyaatti baajanni nyaataa guyyaatti sirreeffamaa tokkoof dhiyaatu gahaa dha jettanii yaadduu? Qulqullinni isaa hoo akkamitti ilaalama? Gahaa yoo hin taane qajeeltoo nyaata gahaa qulqullina isaa eeggate,fayyaa sirreeffamtootaaf mijataa ta'ee fi bishaan dhugaatii yeroo barbaachisaa ta'etti bulchiinsi mana sirreessaa dhiyeessuuf dirqama qaba jedhu waliin akkamitti ilaaltu?
2. Sirreeffamaa nyaata addaa (*special diets*) isa barbaachisuu fi barbaachisummaan isaa ogeessa yaalaatiin mirkanaa'e dhiyeessuu dhabuun rakkoo fayyaa ykn du'aatii sirreeffamaa kana irra gahuuf itti gaafatamummaan mana sirreessaa maal ta'a?

3.2. Dirqamaa fi Itti Gaafatamummaa Dhuunfaa Miseensota Poolisii Mana Sirreessaa

Manneen sirreessaa keessatti gareewwan barbaachisoo lamatu jira. Gareen tokko garee sirreeffamootaa yoo ta'u gareen lammaffaa immo garee hojjattoota sivilii fi miseensota poolisiiti. Bulchiinsi mana sirreessaa sirnaan hoogganamera kan jedhamu walitti dhufeenyi qaamota kanneenii walitti dhufeenya gaarii yoo ta'ee dha. Garee kanniin keessaa gaheen

[176] Akka miil-jalee 1[ffaa], fuula 54.
[177]Akka miil-jalee 153[ffaa], kwt. 20(2).
[178]. Akka miil-jalee 147[ffaa] kwt. 10.

miseensota poolisii baay'ee murteessaa dha. Akka waliigalaatti gaheen miseensota poolisii manneen sirreessaa:[179]

- Sirreeffamtoota amala gaariin, haala namooma isaanii kabajuun fi haqummaan qabuu;
- Sirreeffamtoota hundaaf nageenya isaanii mirkaneessuu;
- Sirreeffamtootni amala hamaa qaban miliquu dhabuu isaanii mirkaneeffachuu;
- Mana sirreessaa keessatti Tasgabbii fi too'annoon jiraachuu mirkaneessuu fi
- Sirreeffamtoonni gaafa mana sirreessaa keessaa bahan amala gaarii horatanii hawaasatti makamuu akka isaan dandeessisu turtii mana sirreessaa keessa turan akka gaariitti (qajeellumaan) hubatanii akka itti fayyadaman haala mijeessuu dha.

Hojiiwwan kanneen haala ogummaa sanaaf mijatuun raawwachuun gahumsaa fi amanamummaa dhuunfaa cimaa barbaada. Kanaafuu, miseensonni poolisii sirriitti calalamuudhaan dandeettii (*personal quality*) fi barumsa hojichaaf barbaachisu qabaachuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaa dha. Kana booda leenjii hojichaaf barbaachisu haala gahumsa qabuun fudhachuu fi gahumsa isaanii akka dabalatan adeemsa hojii keessattis haalli leenjii ittiin argatan yeroo yeroon mijaa'uufii qaba.[180]

Gaheen miseensota poolisii mana sirreessaa eegumsa haala mirga sirreeffamtootaa kabajeen taasifamu qofaa miti. Sirreeffamtootni badii isaanii irraa barumsa gaarii argachuu isaanii fi jijjiirama amalaa fiduu isaanii hojii eegumsaa waliin wal faana adeemsisuun hordofuu qabu. Akkasumas jijjiiramoota m/sirreessaatiin alatti hawaasa keessatti uumaman dammaqinaan hordofuu fi sirreeffamtoota irratti dhiibbaa faallaa akka hin uumne taasisuu qabu.

Dambii Ittiin Bulmaata Miseensota Poolisii Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Oromiyaa fooya'ee bahe Lakk. 168/2006 keessatti akka ibsametti Miseensi poolisii kamiyyuu Heera Mootummaaf amanamaa ta'uun mirgootaa fi walabummaa lammiiwwanii Heericha irratti tumaman kabajuu fi kabachisuu dirqama qaba. Dabalataanis dambiin kun miseensi poolisii hojii eegumsaa of eeggannoon raawwachuu akka qabu ni akeekkachiisa.[181]Akkasuma wixinee Dambii Ittiin Bulmaata Sirreeffamtoota Seeraa Oromiyaa bara 1997 qophaa'e irratti

[179]. Akka miil-jalee 136[ffaa] fuula 15 .
[180]. Akka miil-jalee 136[ffaa] fuula 15.
[181]Dambii Ittiin Bulmaata Miseensota Poolisii Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 47/1997 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf bahe Lakk. 168/2006, kwt. 3o fo 40.

akka ibsametti walitti dhufeenyi sirreeffamaa fi poolisii eegumsaa jidduu jiru hojii sirreessuu fi sirreeffamuu qofarratti hundaa'uu akka qabu teechiseera.[182]

Akkuma gararraatti kaafne m/sirreessaa keessa hojjattoota sivilii fi poolisootaatu jira. Istaafin kun lamaanuu hojii haaromsa sirreeffamtootaa keessaatti gahee guddaa qabu. Hojiin sirreeffamtoota haaromsuu hojii wal-xaxaa waan ta'eef ogeessotnii fi hojjattootni hojiiwwan haaromsa sirreeffamtootaa keessatti hirmaatan, namoota haala gahumsa qabuun maalummaa hojii haaromsaa hubachuun hojiirra oolchan ta'uu qabu. Haaluma kanaan, hojjetootni leenjii ogummaa kennan, barumsa qalamaa barsiisan, gorsa xiinsammuu fi seeraa kennan akkasumas hooggantootni manneen sirreessaa ogummaa fi dandeettii sirreeffamtoota seeraa haaromsuu danda'u qabaachu qabu; yeroo gara yeroottis dandeettii isaanii kana fooyyeffachuun galma gahuu hojii haaromsa sirreeffamtootaaf hedduu barbaachisaa dha.[183]

Dhimma 19 ffaa

Dhimmi kun dhimma yakkaa mana murtii ol'aanaa Godina Harargee Lixaa galmee lakk. 44103 ta'een falmirra eega turee booda dhaddacha gaafa 27/10/2009 ooleen murtii argatee dha.[184]

Qabiyyeen himannichaa: Himatamtoonni nama 13, hundinuu Godina Harargee Lixaatti miseensota poolisii m/sirreessaa Aanaa Habroo (Galamsoo) yoo ta'an gaafa 22/02/2009 halkan keessaa sa'aatii 3:40 yoo ta'u manuma sirreessaa keessatti miseensuma poolisii waliin hojjatan ajjeessaniiru jechuudhaan s/yakkaa kwt. 32(1 A), 37(1) fi 539(1A) irra darbuun himatamaniiru kan jedhuu dha. Yakka kanaaf ka'uumsi "du'aa kanatu odeeffannoo komishinii manneen Sirreessaa Oromiyaatif dadabarsa" jechuun hijaa (gadoo) qabachuu dha. Manni murtii himatamtoota keessaa namoota afur bilisaan gaggeessee kan hafan murtii balleessummaa fi adabbii itti laate.

Qabxii marii

[182] Akka miil-jalee 145ffaa, kwt. 68.
[183] Haabtaamuu Bultii (2006), 'Hojii Haaromsa Sirreeffamtoota Manneen Sirreessaa Oromiyaa', Qorannoo Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo seeraa Oromiyaatti taasifame, kan hin maxxanfamin, fuula 35.
[184] A/Alangaa vs Katamaa Abaataa fa'a namoota 13, Mana Murtii Olaanaa Harargee Lixa, galmee lakk. 44103.

- Miseensi poolisii nageenya sirreeffamaa, nageenya miseensaa fi nageenya mana sirreessaa haa kabachiisu jedhamee amaanaan itti kenname haala kanaan yoo walirratti tarkaanfii fudhatu maddi isaa maal ta'uu danda'a jettanii yaaddu? Hanqina hooggansaa, waan hojjatanirratti leenjii gahaa dhabuu, naamusni dhuunfaa isaanii hanqina qabaachuu fi kkf keesaa maal ta'uu danda'a jettanii yaaddu?

Dhimma 20ffaa

Dhimmi kun falmii bulchiinsa mana sirreessaa godina Harargee Lixaa fi miseensa poolisii mana sirreessichaa kan ta'e gidduutti hanga koree naamusaa Komishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaatti oliyyannoon ilaalamee gaafa 3/3/2008 murtii argateedha.[185] Himannaan himatamaa irratti dhihaates, himatamaan gaafa 27/5/2007 guyyaa hojii mootummaa hin taane sanbata guddaa sirreeffamaa seeraa Abdulhaakim Abdullaahii jedhamu eeyyama waajjiraatiin alatti aangoo isaatiin galmee haala guyyaa irratti mallatteessisee akka ala bahu taasiseera kan jedhuu dha.

Himatamaanis deebii kenneen, sirreeffamaan seeraa kun hojii ijaarsaas ta'e misooma adda addaa irratti hirmaachaa waan tureef iddoo misoomaatti yoo gadi bahe bu'aa guddaa buusuu ni danda'a jedhanii hoggansi sadarkaan jiru afaaniin waan na ajajaniif haaluma kanaan hojjataa iddoo misoomaa kan ta'e Inispeekter Nagaash Haayiluu kan mallatteessee baase malee ani aangoo kana gochuu waanan hin qabneef himanni kun nan ilaallatu jechuun mormateera.

Koreen naamusaa godinaas ragaa bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda himatamaan gocha ittiin himatame raawwachuu isaa ragaan waan mirkaneessaniif dambii lakk.168/2006 keewwata 75(27) jalatti balleessaa taasisuun sadarkaa gonfoo ykn mindaa irraa gadi buusuun iddoo irraa akka ka'u yaada murtii koree manaajimentii godinaaf dhiheesseera. Koreen manaajimentii godinaas dhimmicha erga ilaalee booda sirreeffamaan seeraa kun abbaa qabeenyaa magaalaa Ciroo ta'uu isaa fi guyyaa tokkollee bakka hojii misoomaatti argamee kan hin beekne fi hojii misoomaa hojjechuu nama hin dandeenye ta'uu isaa osoo beekuu baatii torbaaf bakka fedhe akka ooluu fi bulu tarkaanfii sirreeffamaa osoo hin fudhatin waan turaniif jechuun keewwata 75(27)

[185]. Dhimma himannaa naamusaa Mana Sirreessaa Gidina Harargee Lixaa fi himtamaa Kadir Abdusamad giduutti gaggeeffamaa turee gaafa 03/03/2008 murtii argate (Mojulii mata duree "Naamusa Ogummaa Ogeessota Qaamolee Haqaa Oromiyaa: Seeraa fi Hojimaata" jedhuun Obbo Baacaa Taayyee fi Obbo Shaambal Hordofaatin ILQSO tti bara 2010 qophaa'e irraa kan fudhatamee dha.

koreen naamusaa godinaa murtii balleessummaa jalatti kenne gara keewwata 75(7 fi 20) tti jijjiiruun yaada murtii koree naamusaa fooyyessuun miindaa ji'a tokkoon akka adabamuu fi iddoo hojii itti ramadame(qindeessaa garee eegumsaa) irraa akka ka'u murteesseera.

Murtiin kun oliyyannoon koree naamusaa komishiniif kan dhihaate yoo ta'u, koreen kunis murtii jalaa qorachuun, himatamaan danbii lakk.168/2006 keewwata 75(7) irra darbuun aangootti seeraan ala fayyadamuun sirreeffamaa seeraa hojii misoomaa hojjechuu hin dandeenye baasee, sirreeffamaan kunis bakka hojii misoomaatti akka hin argamne ragaan mirkanaa'ee jira. Kun immoo himatamaan kun sirreeffamaa kana haala faayidaan walqabateen kan baase ta'uu isaa waan agarsiisuuf badii naamusaa cimaa jalatti kan kufuudha jechuun murtoo koree manaajimentii godinaa cimsuun yaada murtii koree manaajimentii komishiniif dhiheesseera.

Qaphxii Marii

1. Gocha himatamaan raawwate dirqamaa fi itti gaafatamummaa poolisii mana sirreessaa armaan olitti kaafne waliin ilaaluun irratti mari'adhaa!
2. Sirreeffamaa amanamaa jechuudhaan sirreeffamtoonni seeraa tokko tokko akkaataan ittiin qabamanii fi mirgi addaa isaaniif kennamuun qajeeltoo namni hundi seera duratti walqixa (*equality before the law*) jedhu waliin akkamitti ilaalama? Adeemsa kanaan wal qabatee rakkooleen mudatanii fi muuxannoon jiru ka'ee irratti haa mari'atamu!

3.3. Sirreeffamtoota Eegumsaa Fi Kunuunsaa Addaa Barbaadan

Akkuma armaan olitti kaasaa turre namni yakka raawwachuun adabamee mana sirreessaa jiru mirgi namoomaa isaa bifa akabajameen adabbii isaa xumuruu qaba. Eegumsii fi kunuunsi barbaachisaa ta'e hundi loogii tokko malee namoota hundaaf kennamuu kan qabu yoo ta'u dubartootni ulfaa, dubartootni daa'ima qatanii jiranii fi miidhamtootni qaamaa eegumsaa fi kunuunsi addaa isaaniif taassifamuu qaba. Kutaa kana jalatti sirreeffamtoota kanaaf kunuunsaa fi eegumsa barbaachisu akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

3.3.1. Mirga Dubartoota Ulfaa

Dambii Qabiinsa Sirreeffamtootaa Manni Maree Ministeerotaa Federaalaa lakk. 138/1998 kwt. 11(7) fi 12(4) jalatti dubartootni ulfaa gama mana sirreessaatin tajaajilli eegumsa fayyaa taassifamuufii akka qabu kan kaa'u yoo ta'u ajaja mana yaalaa irratti hundaa'uunis nyaatni

dabalataa gama mana sirreessaatin kennamuufii akka qabu kaa'eera. Yeroo da'uumsa isaanitti mana yaalaatti geeffamuu fi tajaajila ykn wal dhaansa barbaachisaa argachuuf mirga qabu. Daa'ima mana sirreessaa keessatti dhalate ilaalchisee ragaa dhalootaa irratti mana sirreessaa keessatti dhalachuun isaa ibsamuu hin qabu.[186]

Qaphxii Marii

- Dhimmi mata duree kana jalatti ka'u inni biraa daa'imni otuu haati mana sirreessaa jirtuu dhalatte hanga umrii meeqaa haadha faana turti kan jedhuudha. Haadholiin daa'imman umriin isaanii ji'a kudha saddeetii gadi ta'an qabatanii mana sirreessaa seenuu akka danda'an seeraan illee haguuggiin kan kennameef yoo ta'ees mana sirreessaatti kan dhalatan immoo umrii hanga meeqaatti haadha waliin turuu akka qaban hin ibsamne. Kanaf hanga yoomii turuu danda'a? Kanaan alattis Wixineen dambii sirreeffamtoota Seeraa Mootummmaa Naannoo Oromiyaa daa'imman haadha waliin mana sirreessaa akka turaniif kan ajaju mana murtii akka ta'e ni kaa'a. Daa'imman mana sirreessaa keessatti dhalatan hoo manni murtii beekuu qaba jechuu dhaa?

3.3.2. Mirga Dubartoota Daa'ima Qabatanii Hidhamanii

Dambiin Qabiinsa Sirreeffamtootaa Mana Maree Ministeerootaa Federaalaa lakk. 138/1998 kwt. 12(1) akka ibsutti sirreeffamtuun daa'ima ji'a kudha saddeet hin caalle waliin gara mana sirreessaa yoo dhuftu dantaa daa'ima saniitif barbaachisaa ta'ee yoo argame daa'imni haadha waliin mana sirreessaa akka turtu ta'a. Yeroo turtii kanaatti daa'ima kanaaf nyaata, tajaajila fayyaa fi talaalliin addaa addaa taasifamuufii qaba. Haa ta'u malee, mana sirreessaa turuun fayyaa daa'ima kanaatif gaarii ta'ee argamuu yoo baate daa'imni fira dhiyootti (*close relative*) akka kennamu ni taasifama. Firri dhiyoo yeroo dhabameetti guddistuu ykn guddisaan biraa akka daa'ima kana fudhatuuf manni sirreessaa deeggarsa taasisuu akka qabu dambichi ni ibsa.

Wixineen Dambii Ittiin Bulmaataa Sirreeffamtoota seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan Federaalaa irraa bifa adda ta'een qophaa'e. Wixineen kun kew. 69 jalatti daa'imni umriin isaa ji'a kudha saddeet hin caalle haadha waliin mana sirreessaa kan galu ajaja m/murtiitin ta'uu akka qabu in kaa'a. Dabalataanis daa'ima umriin isaa/isii ji'a kudha saddetii ol ta'es ajaja m/murtiitin manni sirreessaa ofitti fudhachuu akka danda'u ni kaasa. Dabalataanis, wixineen dambii kanaa

[186] Akka miil-jalee 147[ffaa] Kwt. 11(7)

keewwatuma wal fakkaataa jalatti akka ibsutti haati daa'imaa daa'ima ishee firaaf ykn guddistuuf kennuu yoo feete da'imichi beekkamtii m/murtiitin mana sirrreessaatii akka bahu ni tasifama. Manni sirreessichaas haala ni mijeessa.

Qaphxii Marii

1. Dubartootni daa'ima ji'a kudha saddet hin guunne qabatanii m/sirreessaa akka galan kan heeyyamu daa'ima ofii dhalan qofa moo daa'ima nama biroo isaan biratti guddataa jiru kan dabalatuu dha?
2. Daa'ima haadha waliin mana sirreessaa jirtu ilaalchisee yeroo firri dhiyoo dhabametti guddistuu akka argattuuf manni sirreessaa haala ni mijeessa jedha. Dirqama kana ilaalchisee manni sirreessaa maal fa'aa gochuu danda'aa?

3.3.3. Mirga Miidhamtoota Qaamaa /Disable's Rights/

Miidhamtootni qaamaa namoota hir'ina arguu, dhaga'uu, sochii harkaa fi miilaa taasisuu dhabuu, dhibee sammuu fi kan fakkaatan qaban kan dabalatuu dha.[187] Dambiin Haala Qabiinsa Sirreeffamtoota Federaalaa, namoota midhamtoota qaamaa ta'an ilaalchisee kunuunsa addaa isaan barbaachisu kaa'ee hin jiru. Namoota sammuu dhukkubsatan qofaaf kutaan addaa kennamuufii akka qabu ni kaa'a.[188] Eegumsi kun namoota biroofis yaadamee kan taassifamu malee dhukkubsataa qofaaf miti. Haata'u malee namoota miidhamtoota qaamaa ta'an ilaalchisee eegumsa addaa kaa'uu dhiisuun isaa kunuunsi addaa isaanif hin barbaachisu jechuu miti. Namootni dubbachuu hin dandeenye ogeeyyii isaaniin waliigaluu danda'aaniin gargaaramanii tarkaanfii gama mana sirreessaatiin irratti fudhatamu mormuu ykn falmuu danda'uu qabu.[189]

Gama biraatin sirreeffamtoonni kunniin sababa miidhamtoota qaamaa ta'aaniif qofa tajaajila mana sirreessaa irraa kennamuuf ilaalchisee loogiin isaanirratti tasifamuu hin qabu. Tajaajila sirreeffamtootaaf kennamu guutumatti namoota birootin wal qixa argachuu fi gargaaramuuf mirga qabu.

---

[187] Aclu National Prison Project, Legal Rights Of Disabled Prisoners ,Fuula 2, http://www.aclu.org/images/asset_upload_file735_25737.pdf gaafa 02/04/11 ilaalameera.
[188] Akka miil-jalee 147ffaa Kew.6
[189] Akka miil-jalee 187ffaa , fuula 4

Qabxii Marii

- Kunuunsi fi eegumsi qaama miidhamtootaaf barbaachisu jettanii yaaddan maal fa'ii dha? Kunuunsi fi eegumsi kunneen mirga namoomaa waliin akkamitti ilaalamu?

Kitaabolee

- Aclu, National Prison Project, Legal Rights Of Disabled Prisoners
- Amnesty International (1012), *Understanding Policing*: *A Resource For Human Rights Activists* 202.
- Andrew Coyle, A Human Rights Approach To Prison Management' (Handbook For Prison Staff, 2nd Ed, International Centre For Prison Studies, 2009)
- Anneke Osse, Understanding Policing :A Resource For Human Rights Activists, Drukkerij Bariet, 2012,
- Association For The Prevention Of Torture (Apt), 'Professional Codes Of Ethics For The Police, A Means To Prevent Torture: Elements For An African Police Charter' (Human Rights Institute Of Lyon (Idhl),2000),
- Baacaa Taayyee Fi Shaambal Hordofaa, 'Naamusa Ogummaa Ogeessota Qaamolee Haqaa Oromiyaa: Seeraa Fi Hojimaata' (Ilqso, Moojulii Leenjii Hojirraatif Qophaa'e, 2010),
- Fred E. Inbau, Etal, Criminal Interrogation And Confessions, 4th Ed, Aspen Publisher, 2004
- Human Rights Standards And Practice For The Police, Newyork And Geneva, 2004,
- International Committee Of The Red Cross (Icrc), '*To Serve And To Protect: Human Rights And Humanitarian Law For Police And Security Forces'* (2014),
- Police Misconduct: Accountability Of Internal Investigations,Terry Lamboo, International Journal Of Public Sector Management, Vol. 23 No. 7, 2010
- Rod Gehl And Darryl Plecas, Introduction To Criminal Investigation Process,Practice And Thinking, University Of Freezer Vaalley,2018
- Vicent Barty, *Phylosophy A Text With Reading* (2nd, 1983),

Seerota, Waliigaltee fi Qajeelfamoota

- African Charter Of Human And People Right
- Basic Principles For The Treatment Of Prisoners, Adopted And Proclaimed By General Assembly Resolution 45/111 Of 14 December 1990,
- Code Of Conduct For Law Enforcement Officials, Adopted By General Assembly Resolution 34/169 Of 17 December 1979

- Convention Against Torture And Other Cruel, Inhuman Or Degrading Treatment Or Punishment (CAT),
- Convention On The Elimination Of All Forms Of Discrimination Against Women
- Convention On The Rights Of Persons With Disabilities (CRPD),
- Convention On The Rights Of The Child (CRC)
- Dambii Haala Qabiinsa Sirreeffamtoota Federaalaa Mana Marii Ministrootaa Lakk. 138/1998
- Dambii Ittiin Bulmaataa Miseensoota Poolisii Komishinii Poolisii Oromiyaa (KPO) Lakk. 191/2009
- Geneva Center For The Democratic Control Of Armed Forces (DCAF),
- Heera Federaalawa Dimokraatawa Rippablika Itiyoophiyaa (FDRI)
- Human Right Commission, General Comments No. 13,.
- International Convention On The Elimination Of All Forms Of Racial Discrimination (CERD)
- International Covenant On Civil And Political Rights (ICCPR),
- International Covenant On Economic, Social And Cultural Rights (ICESCR),
- International Police Standards: Guidebook On Democratic Policing' (2009),
- Labsii Qaamolee Raawwachifftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo Fi Gahee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe Labsii Lakk. 199/2008 Keew. 24(21).
- Mootummoota Gamtoomanitti Qajeelfama Bu'uura Tarkaanfii Humnaa Fi Rasaasaa Qaama Seeera Raawwachiiftuu Fudhamu Hoogganu
- Office Of The United Nations High Commissioner For Human Rights, Professional Training Series No. 5/Add.3
- Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa
- Standard Minimum Rules For The Treatment Of Prisoners,
- The European Code Of Police Ethics, Recommendation (2001) 10,
- United Nations Basic Principles On The Role Of Lawyers,
- United Nations, 'Human Rights And Prison' (Manual On Human Rights Trainig For Prison Officials, Professional Training Series No. 11, 2005)

- United Nations, 'Human Rights Standards And Practice For The Police: Expanded Pocket Book On Human Rights For The Police' (Professional Training Series No. 5/Add.3, 2004),

- Universal Declaration Of Human Rights,.

Galmeelee

- A/A Vs Abdii Amaan, Mana Murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa, lakk. Galmee 11994

- A/A vs Ga/Saj. Shifarraa Geetuu, Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii, lakk.47470

- A/A Vs Gar/Saj. Darajjee Shifarraa, M/MA/Magaalaa Adaamaa, lakk. Galmee 09998
- A/A vs Gar/Saj. Immabeet Dajanee, Mana Murtii Aanaa Doddotaa, lakk. Galmee 17971
- A/A vs Gar/Saj. Sayidaa Gandisee/n3/, Mana Murtii Olaanaa Go/Arsii, lakk. Galmee 44920
- A/A vs Gar/Saj. Xaahir Ganamoo, mana Murtii Olaanaa Godina Arsii, lakk. Galmee 49343

- A/A Vs It/A/Kom. Shifarraa Mangistuu, Mana MUrtii Aanaa Collee, glmee lakk.17238
- A/Alangaa vs Katamaa Abaata/13/, Mana Murtii Olaanaa Harargee Lixa, galmee lakk. 44103
- AA vs Abdoo Hasan fa'a (N-2), MMA Jimmaa, Lakk. Galmee 36975, 30/04/10.
- AA Vs Alamaayyoo Arfaasaa, MM Aanaa Mag/Bishooftuu, lakk. Galmee 02065, 01/06/10
- Mana Sirreessaa Godina Baalee Vs Makuriyaa Baqaala
- Mana Sirreessaa Godina Harargee Lixaa Vs Kadir Abdulsamad

- Poolisii federaalaa Buufa Baha Adaamaa vs Antaneh Getaachoo/n2/, Mana Murtii Olaanaa Go/Addaa/Adaamaa, 25981

- Poolisii federaalaa Buufa Baha Adaamaa vs Gaaddisaa Magarsaa, Mana Murtii Olaanaa Go/Addaa/Adaamaa, 26055

- Qajeelcha Poolisii Godina Harargee Bahaa, xalayaa lakk. 1549/PH/02 gaafa 30/09/2002

- W/P/Kutaa Mag/Daabee Vs Abdii Amaan, Mana murtii Aanaa Magaalaa Adaamaa, lakk. Galmee 11956

- Wa/Haqaa Aanaa Gubbaa Qorichaa, xalayaa lakk. WHAGUQO/771/2001

- Wa/Poolisii aanaa Adaamaa vs Tashooma Malkaa, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, 107204
- Waajjira Haqaa Aanaa Magaalaa Bishooftuu, lakk. Galmee AA 03011;

- Waajjira Poolisii Aanaa Adaamaa Vs Ababaa Fallaqa, Mana murtii Aanaa Adaamaa, lakk. Galmee 107241

- Waajjira Poolisii Aanaa Adaamaa vs Dhugoo Lammaa, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, lakk. Galmee 107081
- Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa irraa Wa/H/A/M/Bishoftuuf barreeffame, Lakk. 09397